# XIINXALA ERGAA DIRAAMAA *KIYYOO*

## GAARUMMAA LAMMEESSAATIIN

**WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUU ITTIIN GUUTTACHUUF QOPHAA'EE YUUNIVARSIITII JIMMAA KOOLLEJJII SAAYINSII HAWAASAA FI HUMAANITII DAMEE BARNOOTA AFAAN OROMOOFI OGBARRUUF DHIHAATE**

**CAAMSAA, 2017**

**JIMMAA, OROMIYAA**

**WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUU ITTIIN GUUTTACHUUF QOPHAA'EE YUUNIVARSIITII JIMMAA KOOLLEJJII SAAYINSII HAWAASAA FI HUMAANITII DAMEE BARNOOTA AFAAN OROMOOFI OGBARRUUF DHIHAATE**

# XIINXALA ERGAA DIRAAMAA *KIYYOO*

**QORATAAN: GAARUMMAA LAMMEESSAA**

**GORSITUUN: IRISTEE AKKAWAAQ (Gar. Pirof.)**

**GORSAAN AANTEE: MARGAA ABABBAA (MA)**

**CAAMSAA, 2017**

## JIMMAA, OROMIYAA

**Yuunivarsiitii Jimmaa Dhaabbata Qorannoo DigiriiLammaffaa/**

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruu Barsiisuu ittiin guuttachuuf Gaarummaa Lammeessaa mata-duree “Xiinxala Ergaa Diraamaa Kiyyoo” jedhu sadarkaa ulaagaa Yuunivarsiitiin kaa’e guuteera.

Qorataa: Gaarummaa Lammeessaa Mallattoo _________Guyyaa_____________

**Koree Qormaataa**

Qoraa Keessaa: Taayyee Guddataa (PhD) Mallattoo_______Guyyaa______________

Qoraa alaa: Taaddasee Jaalataa (PhD) Mallattoo________Guyyaa______________

**Gorsitoota**

Gorsituu: Iristee Akkawaaq Mallattoo_________Guyyaa_______________

Gorsaa Aantee: Margaa Abbabaa Mallattoo_________Guyyaa ______________

___________________________________________________________

Itti Gaafatamaa Muummee yookiin Walitti Qabaa Sagantaa Digirii Lammaffaa

# IBSA

Ani qorataan maqaafi mallattoon kiyya armaan gaditti eerame, qorannoon kun hojii kiyya ta'uufi kanaan duras Yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf kan hin dhiyaanne ta'uusaa, akkasumas, wabiileen qorannoo kanaaf dubbise haala seera qabeessa ta'een fudhadhee wabii keessatti kaa'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa: Gaarummaa Lammeessaa

Mallattoo ____________________

Guyyaa______________________

# GALATA

Hundumaa dursee hojii qorannoo kana na jalqabsiisee na xumursiise Waaqa guddaa hundaa ol ta'e galanni haa ta'uuf jedha. Itti annsuudhaan, gorsituu koo Eristee Akkawaaq hamiileefi kaka'umsa daangaa hin qabneen dadhabbii fi nuffii tokko malee yeroo qaban irraa aarsaa gochuun gorsaafi hubannoo cimaa naaf kennuun hojii koof jabina naaf ta'aniru. Kanaaf galata guddan qabaaf. Hamiileefi dandeettiin ittiin hojjedhu na gonfachiisuun hanga hojiin qorannoo eegalamee xumuramutti deggarsa gama hundaafi qabiyyee hojii koo qajeelchuun kan na faana ta'aniif galanni koo daangaa hin qabu. Akkasumas, hojii qorannoo kana keessatti milkaa'ina hojii koof gorsaafi deggarsa ogummaa naaf kennuun kan na jajjabessan gorsaaf gargaaraa koo barsiisaa Margaa Abbabaatiif galatanni koo guddaadha. Dabalataanis, barreessaa diraamaa kiyyoo obbo Yiggarramuu Taammanaa gama aartii Oromoon gahee lammummaa isaanii waan ba'ataniif, akkasumas, anafis mata duree kana irratti akkan qorannoo gaggeessuu bu'uura kan naaf ta'an hedduun galateeffadha. Isaanumatti dabalee hojii diraamichaa galmaan gahuu keessatti Kallattii hundaan kan hirmaataniif miidhagina aartii Oromoo keessatti shoora kan bahataniif galatoomaan jedha. Gama biraatiin kanneen deggarsa yaadaafi hamiilee naaf kennuun jabaadhu naan jechaa turan obbolaan koo, abbaafi harmeekoo hiriyoota koo yaadaan na cina dhaabbatan dabalatee galanni koo onnee irra madde isaaniif haa ta'u!

# Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**

GALATA ........ 6
AXEREERAA ........ III
BOQONNAA TOKKO: SEENSA ........ 1
1.1. Seenduubee Qorannichaa ........ 1
1.2. Ka'umsa Qorannichaa ........ 6
1.3. Kaayyoo Qorannichaa ........ 8
1.3.1. Kaayyoo Gooroo Qorannichaa ........ 8
1.3.2. Kaayyoo Gooree Qorannichaa ........ 8
1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa ........ 8
1.5. Daangaa Qorannichaa ........ 9
1.6. Hanqina Qorannichaa ........ 9
1.7. Qindoomina Qorannichaa ........ 10
BOQONNAA LAMA: SAKATTA BARRUU WALFAKKII ........ 11
2.1. Ogbarruu ........ 11
2.1.1 Faayidaa Ogbarruu ........ 12
2.2 Hariiroo hawaasaafi Ogbarruu ........ 12
2.3. Diraamaa ........ 13
2.3.1 Faayidaa Diraamaa ........ 15
2.4 Hariiroo Hawaasaafi Diraamaa ........ 17
2.5 Karaalee diraamaan ittiin dhihaatu ........ 18
2.5.1 Diraamaa televizyinii ........ 18
2.5.2. Diraamaa waltajjii ........ 20
2.5.3 Diraamaa Raadiyoo ........ 21
2.6 Gosoota diraamaa ........ 21
2.6.1. Diraamaa Tiraajeedii ........ 22
2.6.2. Diraamaa Koomedii ........ 22
2.7 Sakatta'a Diraamaa Kan Biyya Keenyaafi addatti kan Oromoo ........ 25
2.8 Caacculee diraamaa ........ 27
2.8.1 Ergaa ........ 27
2.9 Tekinikoota Diraamaa ........ 30

2.10 Akkaataa Ergaan Ittiin Qaacceeffamu ..................................................................... 31
2.11. Yaaxxina Qorannichaa ............................................................................................... 31
2.12 Sakatta’a Qorannoowwan Walfakkii ......................................................................... 33
BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNOO ............................................................. 35
3.1 Saxaxa Qorannichaa ...................................................................................................... 35
3.2. Madda Odeeffaannoo .................................................................................................. 35
3.3. Iddaattoo fi Iddaatteessuu ............................................................................................ 36
3.4. Meeshaa Funaansa Ragaa ............................................................................................ 36
3.5. Mala Xiinxala Ragaalee ............................................................................................... 36
BOQONNAA AFUR: XIINXALA RAGAALEE ............................................................ 37
4. Odeeffannoo Waliigala diraamaa Kiyyoo ..................................................................... 37
4.1. Xiinxala Ergaa ijoofi xixxiqqoo diraamaa Kiyyoo keessa jiran ................................ 38
4.1.1 Xiinxala ergaa ijoo diraamaa kiyyoo ...................................................................... 38
4.1.2 Ergaawwan xixiqqoo diraamaa Kiyyoo gabbisan ................................................. 48
4.2. Tekinika barreessaan Ergaa Diraamaa Kiyyoo Itti kalaqe ......................................... 67
4.2.1. Akkaataa raawwiiifi yoomessa bifa ifaa ta'een kalaquu ....................................... 67
4.2.2. Waliin dubbiifi ofiin dubbiitti gargaaramuu ........................................................ 68
4.2.3. Mil’uu (Flashbackfi foreshadowing) agarsiisaa deema. ....................................... 70
4.2.4. Waldiddaa ............................................................................................................... 71
4.3. Ergaawwan Diraamaa Kiyyoo Hammam Akka Haala Jireenya Hawaasa Calaqqisiise ................................................................................................................................ 73
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, GOOLABAAFI YABOO ........................................... 76
5.1. Cuunfaa ......................................................................................................................... 76
5.2. Argannoo ....................................................................................................................... 77
5.3. Yaboo ............................................................................................................................ 77
Wabiilee ............................................................................................................................... 79
Dabalee ................................................................................................................................ 83

# AXEREERAA

*Qorannoon kun kan gaggeeffame diraamaa Afaan Oromoo Kiyyoo irrattidha. Kaayyoon dimshaashaa qorannoo kanaa, ergaa diraamaa Afaan Oromoo Kiyyoo kutaa 61 qabu keessa jiran kan xiinxaledha. Sababni mata dureen kun filatameefis, qaawwaa gama xiinxala ergaa diraamaatiin jiru fooyyessuufidha. Qorannoon kunis yaaxina hawaasummaa bu'uureffachuun wantootni hawaasa Oromoo keessatti argaman akkasumas ibsan maal fa'a akka ta'an ragaa barruu iskiriiptii diraamaa Kiyyoo keessaa fudhatamaniin xiinxalamaniiru. Sababni yaaxinni hawaasummaa filatameefis, dhimmoota hawaasa keessa jiran gadifageenyaan ibsuuf waan mijateef. Gosti qorannoo kanaas gosa qorannoo qulqulleeffataatti dhimma bahameera. Maddi ragaa qorannoon kun ittiin geggeeffames madda ragaa sadarkaa tokkoffaati. Sababnisaa odeeffannoon qorannoo kanaaf barbaadame, iskiriiptii diraamaa 'Kiyyoo' keessaa dubbisuudhaan ibsa itti kennuuf waan ta'eef. Qorataanis diraamaa filate Kaayyoo qorannoo isaa irratti hundaa'uun mala iddatteessuu miti-carraa keessaa tooftaa iddatteessuu kaayyeffataatiin diraamicha keessaa maddoota ragaa isaaf barbaachisan filachuun xiinxaleera. Xiinxala ragaalee jalattis ergaa ijoo gama gumaa/gadoo bahachuutiin xiinxaleera. Argannoon isaas gumaa/gadoo bahachuuf jecha miidhaa biraa keessa seenuun waan jiruuf, karaa nagaatti deebisuun araara buusuun barbaachisaa ta'uu xiinxaleera. Ergaawwan xixiqqoo jalatti ammoo seenaa, dinagdee, iccitii, waliin jireenya hawaasummaa, jaalalaa, inaaffaa, falaasama aadaafi duudhaa jedhaman xiinxalamaniiru. Akkasumas barreessaan diraamichaa teekinikoota akkamiitti gargaaramuun ergaa diraamichaa akka kalaqeefi haala jiruuf jireenya hawaasaa Oromoo hammam akka calaqqise kan jedhu irratti xiinxalli geggeeffameera. Xumurarratti yaada goolabaa argannoon qorannoo kanaa, diraamaan Kiyyoo daawwattoota diraamichaaf yookaan hawaasichaaf dhaamsa hedduu kennera. Ergaawwan kunneenis haaloon yookaan gumaan miidhaa dabalaa deemuu malee faayidaa akka hinqabne, achuma keessatti gama hawaasa Oromootiin gumaan kun akkamiin akka hiikamu uummata bal'aa biraan gahuu isaati. Dabalataan Ergaawwan xixiqqoon jaargocha diraamichaa gara fuulduraatti deemsisan kanneen akkahawaasummaa, dinagdee, jaalala, falaasama uummata Oromoo, inaaffaa, kan kana fakkaatan fa'a xiinxalamaniiru. Kana malees eenyummaan karaa garaagaraan ibsamuu xiinxalameera.*

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

Boqonnaan kun qorannoo mata duree *xiinxala ergaa diraamaa Kiyyoo* jedhu irratti kan xiyyeeffate yoo ta'u, mata duree garagaraa jalatti qoqqooduun kanneen akka odeeffannoo seenduubee, ka'umsaa, kaayyoo qorannichaa kaayyoo gooroof gooreen, barbaachisummaafi daangaa, hanqina qorannichaafi qindoomina qorannichaa jedhaman ibsuu irratti kan xiyyeeffatedha.

## 1.1. Seenduubee Qorannichaa

Ogbarruun oguma akkasumas hojii kalaqaati. Akaakuu adda addaa of keessaa qaba. Akaakuu ogbarruu keessaa diraamaan isa tokko. Ogbarruun sammuu dhala namaatiin kan uumamuuf kalaqamu; jechoota filatamootti kan fayyadamu, kan ibsamu yookiin kan himamu, midhagina kan qabu, jiruufi jireenyi kan ittin ibsamufi miiraa namaatifillee baay'ee dhiyoo kan ta'eedha. Ogbarruun namoota dandeettii barreessuuf kalaquu qabaniif dhugaa hawaasaarraa ibsuu danda'aniin kalaqamee kan barreeffamudha. Yaada kana ilaalchisee Onyeka (2008, f.2) akka armaan gaditti ibsa:

> Literature springs from our inborn love of telling a story, of arranging words in pleasing patterns, of expressing in words some special aspect of our human experience. There are many different branches such as drama, poetry, the novel, and the short story; all these are works of the imagination arising from man's capacity for invention. The primary aim of literature is to give pleasure, to entertain those who voluntarily attend to it.

Yaadni armaan olii akka nu hubachiisutti, Ogbarruun jaalaluma dhalootaan seenaa himuu qabnu, jechoota haala nama gammachiisuun qindeessuun, muuxannoo jireenya keenyaa keessaa jechootaan ibsuu irraa madda. Ogbarruun dameewwan kanneen akka diraamaa, walaloo, asoosama dheeraaf gabaabaa; kun hundi hojiiwwan yaada dandeettii kalaqaa namaa irraa maddanidha. Kaayyoon ogbarruu inni jalqabaa gammachuu kennuudha.

Jechi diraamaa jedhu jaqaba kan dhufe, jecha Giriikotaa ‘dran’ jedhuufi hiika raawwachuu ykn hojjechuu jedhu, kan ingiliffaan ‘to act’/’to perform’ jedhurraa dhufe. Yaada kanammoo Alamituun (2012, f. 94) akka ibsitetti, ‘’Haala moggaasa diraamaa Afaan Oromoo keessatti yoo ilaalle jechi do’ii jedhuufi diraamaa jedhu waljala fuudhuun itti tajaajilamaa jirra’’ jetti’. Kanaaf diraamaa afaan Oromoon do’ii jechuun akka gargaaramnudha. Kana jechuun jecha diraamaa jedhu do’iin bakka kan buufame ta’uutu hubatama. Haata’u malee garuu qorataan jecha kana diraamaa jechuun kan itti gargaaramu yookaan dhimma itti bahu ta’a. sababnisaas, diraamichumti mataan isaa miidiyaalee hawaasaa (OBN) irrattis ‘diraamaa’ jedhamee waan darbeef, hawaasnis isumaan waan beekuuf itti gargaarameera. Kana malees barreessaan diraamaa Kiyyoos jecha diraamaa jedhutti waan fayyadameef, akka waliigalaatti ifa taasisuuf dhimma itti baheera. Ittuma fufuun diraamaa ilaalchisee barruun diraamaa waltajjiirratti yookaan karaa foddaa televizyiniifi miidiyaalee hawaasaatti gargaaramuun agarsiifamuuf kan barreeffamudha. Kunis taatotaan waltajjiirratti dhihaatee jamaan daawwatamuu dhimma ilaallatuudha. Yaada kanatti dabaluun Iwuchukwu (2008, f. 14) dhuftee diraamaa akka itti aanutti ibseera.

> It is said to have originated from the Dionysian festival in Greece. All ceremonies and funny actions are not drama even though they may contain some dramatic elements. An action becomes drama if and when there is an element of impersonation, re-enactment, or re-representation of an action. Drama mirrors society, so playwrights are influenced by their socio-cultural backgrounds.

Yaada isaarraa akka hubannutti diraamaan jalqaba ayyaana Diyoonisiyaan Giriik keessatti kabajamu irraa akka madde himama. Sirnoonnifi gochoonni qoosaa hundi diraamaa ta’uu akka hindandeenye ibsa. Gochi tokko diraamaa kan ta’uu danda’u yeroo elementoota yookaan caacculee isaa waliin qindaa’ee irra deebiin gocha tokko agarsiisu/mul’isudha. Diraamaan daawwitii (ofilaallee) hawaasaati, kanaaf barreessitoonni barruu diraamaa seenaa hawaas-aadaa isaaniitiin dhiibbaa akka taasisan hima. Kana malees waa’ee hawaas-aadaa qofa osoo hintaane, eenyummaa, duudhaa, siyaasa, dinagdeefi kan kana fakkaatan achi keessatti ilaaluu dandeenya. Miseensonni jamaa diraamaa tokkoo hundi akkaataa dhaabbii, haala fuulaa, akkaataa dubbiifi sochii taatotaa daawwatu. Diraamaa ilaalchisee King (2007)

akka ibsutti, wantootni suuraafi sagalee viidiyootiin waraabaman kan akka, baacoo, muuziqaafi fiilmiifaa diraamaadha jechuun nidanda'ama. Sababni isaas, wantootni kanaa olitti maqaan isaanii tuqaman martinuu, jalqaba waraqaa irratti barruun qophaa'uun, boodarra sochiifi dalagaa adda addaatiin waltajjii irratti waan agarsiifamaniifi jechuun yaada isaa ibsa. Kunneen martinu hawaasichaaf faayidaa guddaaf ergaa bal'aa qaba. Akkaataan dhihaannaaf qindeeffamni isaa kanneen gooroo ogbarruurraa adda. Kanuma bu'uureffachuun Bryan (2023) waa'ee diraamaa akka itti aanutti ibsiti.

> Drama, as a genre of literature is unique in the way it presents and develops its story, characters, and themes. Because there is no narrator or narrative in drama, as in a novel or a short story, the audience must rely on the setting of the play and the characters' dialogue, facial expressions, and actions to tell the story.

Akka yaada Byran tti, diraamaan, gooroo ogbarruu keessaa tokko ta'ee, gosoota ogbarruu keessaa karaa adda ta'een akkaataa seenaa, taphattoota fi ergaawwan isaa itti dhiheessufi guddisanidha. Ittuma fufuun salphumatti namni ergaa isaa akka hubatu taasisa. Sababnisaa namni taateewwan niilaala, dhaggeeffatas. Kanaaf maaltu ta'eef maaliif akka ta'e hubachiisuuf ergaa isaas beekuuf karaa hawwataadha. Kana malees hayyoonni lamaan Kao fi O'Neill (1998) akka ibsanitti, hojiin isaa ergaa kallattii garaagaraan (barsiisuu, bashannansiisuu, gorsuu, waan haaraa quba qabsiisuu) dabarsuudha. Filannoo jechootaadhaan. Afaan akka mala walqunnamtii barbaachisaafi dhugaa ta'etti gargaarama. Kan biraan walqunnamtii barattoota gidduu jiru itti fufsiisa, gahee hawaasummaa isaa akka bahatufi barataa hirmaannaa cimaa uumu taasisa. Yaada oliirraa wanti hubannu diraamaan amansiisuufis, barsiisuufis akkasuma bashannansiisuuf jechoota filatamootti akka fayyadamudha. Faayidaa diraamaa ilaalchisuun Iwuchukwu (2008, f.14) ibseera. ''Drama is used to teach, inform and also entertain and its message is immediate. This explains why it is used in campaigns and social mobilization''. Diraamaan barsiisuuf, beeksisuuf akkasumas bashannansiisuuf kan oolu yoo ta'u ergaan isaas battalumatti kan dhiyaatudha. Hawaasaa kakaasuu keessatti maaliif akka itti fayyadaman kan ibsudha. Kanaaf faayidaan diraamaa hawaasa bal'aaf waa mara jechuun ni danda'ama.

Diraamaa Afaan Oromoo ilaalchisee, Dhaabaa Wayyeessaa immoo barreessitoota Oromoo hangafoota keessaa tokko yoo ta'u, diraamaa akka Dukkanaan Duuba (1991), Jennaan (1992), fi Faanaafi Miila (1996) barreessuun ogbarruu Oromoo ammayyaa keessatti gahee guddaa taphachaa ture. Diraamoonni isaa hawaasa keessatti rakkoo, ilaalcha siyaasaa fi aadaa calaqqisiisuun, hubannoo uummataa cimsuu fi dammaqsuuf tajaajilaniiru. Kana malees Diraamaa barressaan lammiii Misraa/Gibxii Abul Elaa Alsalaamuunii barreesse Hinseenee Makuriyaa bara 1996 gara Afaan Oromootti jijjiiree mata duree *Faandhoofticha Gadoo* jedhuun bara 2008 asoosamoota gaggabaaboo kanneen biroo wajjin maxxansiiseera. Ittuma fufuun Yoomiyyuu Mul'ataa (2014) *Du'a Gurraacha* barreessuun maxxansiiseera. Kanarraa wanti hubatamu, hayyoonni Ogbarruu Oromoo keessatti gumaacha guddaa taasisaniiru.

Diraamaan amala addaa waan qabuuf gosoota ogbarruu biroo irraa adda. Diraamaan karaa foddaa televizyiniin yookaan miidiyaalee hawaasaan darbus kutaa kutaan ergaa bal'aa dabarsa. Itti dabaluun Creeber (2001) waa'ee diraamaa karaa foddaa Televezyiniin darbu akka kanatti aanuun ibsa. ''A TV drama series offers continuous presentation of coherent storylines and themes throughout each episode airing at a regular pattern that ceaselessly attract the audience to watch on a regular basis''. Hiikni isaas diraamaan televizyinii walduraa duubaan seenaafi ergaa walitti hidhatiinsa qaban kutaa tokkoo tokkoon isaanii keessatti haala idileetiin qilleensarra kan oolu yoo ta'u, kunis daawwattoonni yeroo hunda akka ilaalan osoo addaan hin kutin kan hawwatudha jechuun kaa'a.

Namni diraamaa ilaalus kutaawwan dhihaatan keessatti ergaan maalii dabarsuuf akka deemu kan agarsiisuuf daawwattoonni tilmaamaa akka deemaniif kan gargaaru yoo ta'u, hawwattummaan isaa mul'isaa deema. Yaaduma armaan olii kan cimsu Hobson, (2003) akka ibsetti, ''Sneak previews at the end of each episode encourage audiences to be hooked to the series and devote themselves to the program'' jedhan. Akka yaadaafi hiika kanaatti dhuma kutaa tokkoon tokkoon isaa irratti dursee ilaaluun dhoksaa daawwattoonni wal-duraa duubaan akka hordofaniif ta'aniifi sagantichaaf akka of kennan jajjabeessa jedhu. Diraamaawwan daawwataman ergaa bal'aafi garaagaraa daawwattootaaf dabarsuuf nu gargaaru. Yaada kana Carroll (1996) akka ibsetti, ''The major themes in TV drama series usually revolve around love, jealousy, hatred, ambition and lust for money.'' Yaada kararraa wanti hubatamu,

ergaawwan gurguddoon diraamaa televizyiniin darbu keessatti yeroo baay'ee xiyyeeffannoon isaa ergaawwan kan akka jaalala, hinaaffaa, jibba, hawwii guddaa fi hawwii maallaqaa irratti kan naanna'anudha jechuun ibse. Barreessaan tokko xiyyeeffannoon hojiisaa waan hawaasicha keessatti mul'atan kanneen kanaa oliitti tuqaman, siyaasa, dinagdee, aadaa fa'aa dabalachuun baasee aartii keessa gugachuun dhimmi hawaasa bal'aa dabarsa. Yaaduma kana Kelly (2015 f. 58) akka armaan gadiitti ibsiteetti.

> The theme is the main idea in the story. The message is the lesson the author wants to teach us. Theme can also be expressed as the underlying meaning of a literary work, a general truth about life or mankind. A theme is the general subject the story revolves around. It often represents universal and timeless ideas that are relevant in most people's lives.

Akka yaadichaatti, ergaan seenaa keessatti isa ijoodha. Ergaan dhaamsa barreessaan nu barsiisuu barbaadudha. Hiika bu'uuraa hojii ogbarruu tokkoo dhugaa waliigalaa waa'ee jireenyaa dhala namaati. Ergaan dhimma waliigalaa seenaan sun irratti xiyyeeffatudha. Yeroo baay'ee yaadota addunyaa maraafi kan jireenya namoota baay'ee keessatti barbaachisoo ta'an bakka bu'a jechuun gadi fageenyaan xiinxalameera. Kanuma kan ibsu barreessaan ogbarruu tokko waa'ee hawaasichaa waan argeef achi keessatti taajjabe bifa miidhagaadhaan ibsa. Xiyyeeffannoon mata duree qorannoo kanaas xiinxala ergaa diraamaa Kiyyoo gama yaaxina hawaasummaan maal ofkeessaa qaba kan jedhudha. Kanaaf qorannoo kana keessatti dhaamsa yookaan ergaa barruu yookaan iskiriiptii diraamaa *Kiyyoo* gargaaramee xiinxala ergaa gama yaaxina hawaasummaan maal dabarsuuf akkasumas barsiisuuf deema kan jedhu xiinxalameera. xiinxallii isaas haala ogbarruun jireenya hawaasaa keessatti fayyaduufi akkaataa jireenyi hawaasummaa ogbarruu keessatti itti gargaaramnuun walqabata. Kanaafuu, qorannoon kun gooroowwan ogbarruu keessaa diraamaa irratti xiinxala ergaa baasuun barreessaan diraamichaa hojii isaa keessatti wantoota hawaasa Oromoo keessatti argaman waan argeefi taajjabe karaa seenaa, hawaasummaa, dinagdee, duudhaa. Sababnisaa yaaxinni hawaasummaa hojiin kalaqaa kanneen haala jiruufi jireenya waa hedduu hawaasaa bal'aa keessatti hubachuu irratti xiyyeeffata waan ta'eefidha.

## 1.2. Ka’umsa Qorannichaa

Qorannoo tokko gaggeessuu keessatti ka’umsi iddoo guddaa qaba. Qoratichi diraamaa kiyyoo seenduubee armaan olii keessaatti akkuma eeree ergaasaa irratti xiinxala geggeesseera. Sababnisaa ogbarruun tokko fudhatamummaa inni qabu dabaluuf xinxalli isaa barbaachisa. Cuddoon (1999, f. 207) yoo ibsu, xiinxallii ogummaa saayinsaawaa ogbarruu ta’ee karaa hojiilee ogbarruutiif hiikaa itti laataniifi ittin madaalan ta’uu isaa nu hubachiisa. Kanaaf qorataan qorannichaas ogbarruu Oromoo keessaa diraamaa Kiyyoorratti ergaa isaa yaaxina hawaasummaa bu’uureffachuun/irratti hundaa’uun xiinxaleera. Qorannoo tokko gaggeessuu keessatti ammoo ka’umsi iddoo guddaa qaba. Wantootni qoraataa akka diraamaa Kiyyoorratti qoratuuf kakaase, Kan jalqabaa diraamaan Kiyyoo kun akka barreessaafi piroduusarri diraamichaa Yiggarramuu Taammanaa karaa miidiyaa OBN dubbatetti, dawwattootaan dawwatamee dinqisiifannaa guddaa argatee waan darbeef ija ogbarruutiin immoo maal akka fakkaatu ilaaluufidha.

Lammaffaan ammoo daawwattootni diraamaa yeroo baay'ee itti bohaaruuf malee ergaa dhokataaf mul'ataa hawaasa bal’aa keessa jiru hubachuu dhiisuu waan danda'aniif maal ta'a yoon ergaa diraamaa kiyyoo keessa jiru qorannoon xiinxalee ifa taasise yaadni jedhus qorataa kakaaseera.

Sadaffaan diraamaa Afaan Oromoo irratti hangan qorannoowwan argeef dubbisetti qorannoon irratti geggeeffame hinjiru. Qaawwa gama kanaan mul'ate duuchuuf akkan qorannoo kana geggeessuuf qorataa kakaaseera. Haata'u malee diraamaa Afaan Oromoo irratti hinqoratamne malee kanaan dura mata duree ergaa waliin walfakkaataniif diraamaa irratti afaan garaagaraarratti xiinxalli geggeeffamaa tureera. Isaan keessaa;

Tafese Refera Yuunivarsiitii Addis Ababaatti bara 2004 mata duree gahee diraamaa barnoota bashannansiisaa sabido radio serial jedhu qabsoon ittiisa HIV/AIDS Keessatti: Wabii Addaa “Yeken Kingit” fi “Dhimbibba” jedhutti digirii lammaffaasaa hojjeteera. Bal’inaan walfakkeenya diraamaa kana lamaanii yoo ilaalle, diraamaarratti kan hojjetamef lamaanuu bashannansiisuufi barsiisuuf kan hojjetame irratti ta’uudha. Kanaaf gaheen diraamaa kamuu ergaa isaa hawaasaaf ifa gochuudha. Kana malees malli qorannoo fayyadamames kan

lamaanuu mala qulqulleeffataadha. Gaheen diraamaa waan hawaasa keessa jiru hawaasichumaaf deebisanii karaa ittiin ibsan waan ta'eef malli qulqulleeffataa fudhatames hawaasa keessa maaltu akka jiruuf maal akka ibse mala qulqulleeffataatti dhimma bahameera. Garaagarummaan gidduu jiru diraamaa karaa TV hawaasaaf dhihaatu ta'uufi kan Taaffasee ammoo diraamaa karaa raadiyoo kan sagalee qofaan dhihaatan ta'uudha. Kana malees Taaffaseen diraamaa Afaan Oromoofi Afaan Amaaraa lama irratti xiinxala Afaan Ingiliziin yoo hojjetu mata duree kana keessatti ammoo xiinxala diraamaa Afaan Oromoo Kiyyoo kutaa 61 karaa televizyinii OBN darbaa ture irratti xiinxala ergaa gama hawaasummaan jirudha. Sadarkaa Afaan Oromootti diraamaa irratti kan hojjjetame kan hinjirredha.

Itti dabaluun mat-dureewwan walaloo, asoosamootaaf kanneen biroorratti xiinxalli hedduun gama namfakkiileen, jaargochaan, malleen dubbiitiin, yoomessaafi kan kana fakkaataniin geggeeffamaa turaniiru, jirus. Haata'u malee diraamaa afaan Oromoorratti hanga yoonaatiif hangan argeefi qorannoowwan biro muraasa dubbisetti xiinxalliin geggeeffamee baayyinaan waan hin argineef. Kunis akkuma ogbarruu barreeffamaa biroo diraamaarrattis xiinxalliin ergaa yoo geggeeffamee namaafis hubannoo bal'aa kennuun guddina Ogbarruu Oromoos hanga tokko bal'isuu ni danda'a yaada jedhudha. Akkasumas garaagarummaan guddaan qorannoowwan asiin oliitti eeramaniifi kanaa akkaataa ergaan ittiin hawaasichaaf ittiin dhihaatudha. Diraamaa keessatti agarsiisaan maal akka fakkaatu mul'inaan lafa kaa'uudha.

Kanaaf akka yaada dimshaashaatti argannoon qorannoo kana gaaffilee bu'uuraa armaan gaditti dhiyaataniif deebii ni kenna.

1. Ergaa ijoofi xixiqqoo diraamaa *Kiyyoo* keessa jiran maal fa'a?
2. Ergaawwan diraamaa *Kiyyoo* keessaa jiran barreessaan tekinikoota akkamiin kalaqe?
3. Ergaawwan diraamaa *Kiyyoo* haala jiruufi jireenya hawaasa Oromoo hammam calaqqisiisu?

### 1.3. Kaayyoo Qorannichaa

Kaayyoon qorannoo kana kaayyoo gooroo fi gooree kan of keessatti hammatuudha.

#### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo Qorannichaa

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa ergaawwan diraamaa Kiyyoo keessa jiran xiinxaluudha.

#### 1.3.2. Kaayyoolee Gooree Qorannichaa

- Ergaa ijoofi xixiqqoo diraamaa *Kiyyoo* keessa jiran maal akka ta'an ibsuu,
- Ergaawwan diraamaa *Kiyyoo* keessaa jiran barreessaan tekinikoota akkamiin akka kalaqe addeessuu,
- Ergaawwan diraamaa *Kiyyoo* haala jiruufi jireenya hawaasa Oromoo hammam calaqqisiisan kan jedhu ibsuu,

### 1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoo tokko gaggeessuun faayidaa mataasaa qaba. Kanaafuu, qorannoon kun faayidaa itti fufanii jiran qabaachuu danda'a.

Hawwaasni Oromoo, barsiisonni, barattoonniifi hordoftoota diraamichaaf akkasumas daawwattoonni diraamaa Kiyyoo qorannoo kana argatanii yoo dubbisan ergaa diraamichaa bal'inaan hubachuu akkasumas irraa fayyadamuu danda'u.

Namoota qorannoo kana dubbisan dandeettii yaaduu isaanii waan bal'isuuf kallattii hedduun akka yaadaniifi ergaa isaa bal'inaan hubachuu dandeessisa. Kana jechuun karaa isaan ilaalaniif hubataniin alatti waan dhaamsa biraa akka ofkeessaa qabu quba qabsiisuu danda'a.

Qorattoota gara fuulduraatti diraamaa televizyiniin darban kanneen akka Kiyyoofi kanneen biroo irratti akkasuma qorannoo kanaan walfakkaatu adeemsisaniif karaa saaqaaf, akkasumas akka ka'umsaatti ni gargaara.

Beekamtii barreessitootaa hojii aartii (diraamaa) keessaayyuu barreessaa diraamaa Kiyyoo beeksisuufi irra caalaatti jajjabina ni gargaara. Diraamaa kanaafis beekamtii ni dabalaaf.

Guddina hojii diraamaa Oromoo gara fuulduraatti tarkaanfachiisuu ni danda'a. Barreessitoota barruu diraamaa gidduutti miira waldogommii dabaluun ergaa hojii isaaniin dabarsuu

barbaadan caalaatti humnafi hamilee ta’uun akka jabaate qalamni isaanii mirgisu gochuudhaan gargaara.

### 1.5. Daangaa Qorannichaa

Hojii qorannoo tokkotti daangaa itti gochuun waan jiruufi barbaachisaadha. Diraamaa afaan Oromoo garaagaraa irratti xiinxala garaagaraa osoo geggeeffamee gaarii ta’a. haata’u malee qorataan qorannoo kana karaa garaagaraatiin daangesseera. Gama mata dureetiin ‘Xiinxala Ergaa diraamaa Kiyyoo’ jedhurratti. Sababni diraamaa kiyyoo filadheef diraamaan kun yeroo dhihoo qophaa’ee hawaasaaf dhihaachaa kan turee yoo ta’u, xiinxala ergaa achi keessa jiraniif mijataa waan ta’eef akkasumas kan gadhiifamee qilleensarra jiru guutummaa guutuutti namni fedhe ilaaluun mirkaneeffachuu waan danda’uufidha. Diraamichis Barsiisaa Yiggarramuu Taammanaatiin kan barreeffame yoo ta’u, waggaa lamaaf bara 2014-2016tti karaa televizyinii OBNfi Aanaa Interteyinmentiin torbee torbeen darbaa kan turedha. Diraamaan Kiyyoo kutaa 61 (jahaatamii tokko) waan qabuuf ergaa diraamichaa kutaawwan kana keessaa jiran kanneen baasee xiinxaluu irratti daanga’a. Sababni ergaarratti hojjechuuf filatames kaayyoon guddaan barreessaa kamiyyuu waa’ee hawaasichaa aadaasaa, dinagdeesaa ittiin dabarsuuf waan ta’eef ergaan diraamichaa maal akka ta’e yoo qoratame gaarii ta’a yaada jedhuunidha. Gama yaaxina qorannootiin ammoo yaadxina hawaasummaa fayyadamuun ergaa maalii akka qabu, waa’ee hawaasichaa hawaasichumaaf deebisee kan dhiheessu waan ta’eefidha. Gosti qorannoo xiinxala kanaaf filatames qulqulleeffataa irratti kan daanga’edha. Inni kan biraan kanaan dura diraamaarratti xiinxala ergaa yaaxina hawaasummaan kan geggeesse waan hinjirreefidha.

### 1.6. Hanqina Qorannichaa

Qorannoo kana gaggeessuu keessatti rakkooleen mudatan waan gurguddaa lama. Inni jalqabaa rakkoo funaansa ragaati. Lammaffaan rakkoo sakatatta’a madda wabiiti. Qorannoon kun kan gaggeeffame diraamaa Afaan Oromoo Kiyyoo akka lakkoofsa biyya keenyaatti bara 2013 barreessaa diraamichaa Yiggarramuu Taammanaatiin kan barreeffame yoo ta'u, ragaa kana barruu diraamichaa (script) isaa barreessaa kana quunnamuun yoookaan dubbisuun argachuun sana dubbisaa diraamicha waliin walbira qabee ilaalaa sakatta’eera. Haa ta’u

malee hanqinaalee dogoggora barreeffamaa waan qabuuf; sakatta'a irratti rakkoo hojii ulfaataa waan tureef hanqinni yeroo bal'inaan mudateera. Hanqina kanas yeroo bal'aa fudhachuun hojii kana xumuruun fureera. Maddeen wabii xiinxala ergaa irratti xiyyeeffatanii gama diraamaa Oromoo irratti gaggeeffaman dhibuu isaanii irraa kan ka'e madda wabii argachuun hanqina isa guddaa ta'uu isaati. Maddeen wabii akka hanqinaatti mudatan kana ammoo qorannoolee biroo kanneen kitaabota muraasa naannootti argaman akkasumas sirbootaaf asoosama fa'a irratti hojjetaman dubbisuun furmaata kenneera.

## 1.7. Qindoomina Qorannichaa

Qorannoon kun boqonnaa shanitti qoodamee kan dhihaatedha. Boqonnaa tokko seensa jalatti seenduubee, ka'umsa, kaayyoo, barbaachisummaa, daangaa, hanqinaafi qindoominni qorannichaa dhiyaateera. Boqonnaa lama sakatta'a barruu walfakkii: Ogbarruu, faayidaa Ogbarruu, hariiroo hawaasaafi Ogbarruu, diraamaa, faayidaa diraamaa, hariiroo hawaasaafi diraamaa, karaalee diraamaan hawaasaaf ittiin dhihaatu, gosoota diraamaa, caacculee diraamaa, sakatta'a diraamaa biyya keenyaafi Oromoo, yaaxina qorannichaafi sakatta'a qorannoo wal-fakkiitu dhiyaate. Boqonnaa sadii mala qorannoo: saxaxa qorannoo, madda ragaalee, mala ragaaleen ittiin funaanameefi mala ragaaleen ittiin xiinxalame of keessatti kan hammatedha. Boqonnaa afur keessatti xiinxala ragaalee ergaa diraamaa kiyyoo gadi fageenyaan maal fa'a kan jedhutu xiinxalamee jira. Boqonnaa shanaffaa keessatti immoo cuunfaa, goolabaafi yaboo qorannoo yoo ta'u, dhumarratti, kitaabilee wabiifi, dabaleewwan akka odeeffannootti tajaajilantu dhiyaatee jira.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA BARRUU WALFAKKII

Boqonnaan kun odeeffannoo waa’ee barruuwwan mata duree xiinxala qaorannoo kana waliin walfakkaataniifi bal’inaan ibsan dhiyeessuu irratti kan xiyyeeffate yommuu ta’u, mata dureewwan kanneen akka maalummaa ogbarruu, diraamaa, faayidaa isaanii yaaxina qorannichaafi barruuwwan walfakkii bal’inaan kan dhiheessudha.

## 2.1. Ogbarruu

Ogbarruun jechoota muraasa fayyadamuun yaada bal'aa dabarsuu danda'a. Barreeffamoonni haala akkanaatiin dhiyaatan immoo, kanneen ogbarruu jalatti hammataman yoo ta'an isaaniis barreeffamoota kanneen akka, asoosamaafi diraamaa walalooti. Ogbarruu ilaalchisee akka Gray (1992, f.163) ibsetti, “Literature is a term poetry, novel, drama, and short stories written with apparently artistics purpose rather than merely communicate information” jedha. Ogbarruun ogummaa kalaqaa kanneen akka walaloo, asoosamaa, diraamaafi seeneffamoota gaggabaaboo fa’a muuxannoo keenya miidhagseefi gabbisee uumuun ittin ibsuuf kan tajajiludha. Ogbarruun yaadota bibilchaatoo jireenya keenya keessatti barbaachisoo ta'an kan ittiin waliif dabarsinu keessaa isa ijoodha jechuun ni danda'ama. Ogbarruun xiyyeeffannoof kaayyoon isaa dhimmoota hawaasaati. Miira hawaasaarratti xiyyeeffata. Kana jechuun yeroo gammachuuf gaddaatti, nageenyaaf dhimmoota siyaasaa keessattillee maal akka fakkaatu, ogbarruutu ifa baasa. Kun ammoo dhimmi ogbarruu dhala namaati jedha. Yaada kana cimsuuf Meyer (2005, f.201) akka armaan gadiitti dhiyeesseera.

> The concept of literature is seen from different points of view. Putting the notion of literature in a single term is not appropriate, because literature does not lend itself to a single tidy definition since its evolution over the centuries has been as complex, heavy, and natural as life itself.

Akka yaada armaan oliitti, Yaad-rimeen ogbarruu ilaalcha adda addaatiin ilaalama. Yaada ogbarruu jecha tokkotti kaa’uun sirrii miti, sababiin isaas ogbarruun jijjiiramni isaa jaarraa hedduuf akka jireenyaa walxaxaa, ulfaataa fi uumamaa waan ta’eef hiika sirrii tokkoof of hin

liqeessu jedha. Kana jechuun hiikaaf ergaa bal'aa qabaachuuf kallattii garaagaraa qabaachuu ibsa.

### 2.1.1 Faayidaa Ogbarruu

Ogbarruun haalafi jireenyaa hawaasa keessatti faayidaa olaanaa qaba. Innis ogbarruun safuu hawaasa tokko eeguufi barsiisuuf gahee guddaa kan qabudha. (Wasanee, 2008, f.1) Yaada kanarra kan hubannuu ogbarruun hawaasa tokko keessatti faayidaa guddaa qabachuu isaati. Kunis safuu hawaasa tokko akka hindagatamneef eeguufi barsiisuu irratti gahe guddaa qabachuu isaatti. Dabalataan akka onyeka (2008, f. 32) ibsitutti; ''The greatest pleasure and satisfaction to be found in literature occurs where it brings us back to the realities of human situations problems, feelings and relationships" jechuun faayidaa ogbarruu ibsite. Akka yaada kanaatti faayidaan ogbarruu miira gammachuufi namatti toluuf rakkoo furu, hariiroo namoota gidduu jiru kan cimsu ta'uu agarsiisa. Itti dabaluun haala qabatamaan jireenyaa dhala nama irratti hunda'uun kan namoota bohaarsuufi baashanasiisuuf barsiisuudha.

## 2.2 Hariiroo hawaasaafi Ogbarruu

Gumaachi ogbarruun hawaasa kamiyyuu keessatti qabu guddaadha. Ogbarruun yaada namoota umuriin sadarkaa kamirra jiraniiyyuu bocuu danda'a; daawwitii hawaasaatis. Ogbarruun yeroo murtaa'e tokkoo yeroo isaa bakka bu'aa waan ta'eef akkaataa barreeffama ykn gosa barreeffama isaatiin salphaatti adda baafamuu danda'a. Kana jechuun haala akkamii keessatti akka barreeffameefi maaltu akka ta'aa ture waan beeksisuuf ibsuun kan danda'amu ta'uudha. Ogbarruun dhimma hawaasaa ibsa. Sammuu fi ilaalcha keenya irratti dhiibbaa gaarii uuma. Hawaasni ogbarruu akka itti fufee jiraatu godha. Kana jechuun kunuunsee itti jiraachuurratti hawaasni gahee bal'aa akka qabudha. Kana jechuun Ogbarruun dhimma hawaasaa yoo ibsu, hawaasnimmoo abbaa ta'ee haala qajeelaan jiruufi jireenya isaa hitting ibsata. Akka Zala (2013, f. 28) ibsetti; 'The influence of literature on society is felt (directly or indirectly)'. Kana jechuun Ogbarruun kallattiif alkallattiin dhiibbaa akka qabudha. Hawaasni ogbarruu uuma. Ogbarruunis daawwitii hawaasaa jedhamee ibsama. Garuu haalafi ilaalcha sammuu barreessaan qabu irratti hundaa'a. Gama jireenya hawaasummaa, kanneen haala jiruuf jireenyaa aadaa aadaa isaa gadifageenyaan karaa hundarra gaarii ta'een cimsee ni ibsa. Dabalataan akka Zala (2013, f. 28) jedhutti; 'The social function of literature takes on

many forms. Literatures main function is to inform, arrange words into meaningful format, yet the social function has far greater implications'. Yaadni armaan olii akka ibsutti hojiin hawaasummaa ogbarruu bifa hedduu akka qabudha. Hojiin ogbarruu inni guddaan odeeffannoo kennuu, jechoota akkaataa hiika qabuun qindeessuudha. Hojiin hawaasummaas Ogbarruun akka ibsamu kaa'a. Kana jechuun hojiin hawaasaa karaa diraamaa, asoosamaa, walaloo, fiilmii fa'aatiin kan mul'ifamuu danda'uudha.

### 2.3. Diraamaa

Diraamaan gosa seeneffamaa keessaa tokko ta'ee, umrii dheeraa kan qabuudha. Diraamaawwan bara durii irraa eegalee hanga yeroo ammaatti jiran, haala garagaraatiin, jiruuf jireenyaa biyya keenyaa dabalatee kan ummatoota addunyaa kan agarsiisanidha. Seenaan guddina diraamaas ibsuu keessatti yoomiif akkamitti akka jalqabe lafa kaa'uun ulfaataa ta'us, namoonni yaada garaagaraa eeru. Seenaa dhuftee diraamaa ilaalchisuun Alamituun (2012, f. 95) akkas jechuun ibsiteetti,

> Diraamaan umurii dheeraa kan qabuufi diraamaawwaan durii beekamoon dhaloota kiristoos dura naannoo jaarraa 5ffaa dura barreeffamuu akka jalqabaman maddi garaagaraa ni agarsiisa. Innis kabaja Dionysurs waaqa wayiniif badhaadhinaaf jecha akka agarsiisa guyyaa ayyaanichaatti sagantaa dhiyaataa ture irraa eegale.

Kanaaf jalqabbiin isaa warra Giriikotaa biratti, ragada ayyaaneffannaa amantaa bu'a qabeessummaa namaaf nageenya namootaaf taasifamu irraa akka dhufetti himama. Ayyaaneffannaan taasifamu kunis waaqa warra Giriikotaa 'diyoonoosis' jedhamu kan Giriikota biratti akka waaqa misoomsaa biqilaa wayiniitti ilaalamuufidha. Itti dabaluun diraamaa kanaan walqabsiisee Gaurav (2021, f. 1) yoo ibsu, 'drama was introduced in England from Europe by the Romans. The ancient Greek and Roman dramas were mostly concerned with religious ceremonials of people'. Akka yaada kanaatti diraamaan kan jalqabame biyya Ingilizii warra Roomaatiin jalqabame. Innis kan ibsu sirna waaqeffannaa yookaan ayyaaneffannaa namootaatiin kan jalqabamedha jechuun ibsa. Kana jechuun jalqabbiin diraamaa gooroo ogbarruu biroorraa kan baayyee umurii dheeraa qabu ta'uudha. Hawaasni bal'aanis ergaa garaagaraa ittiin dabarfachaa turaniiru.

Dabalataan akka The World Book Encyclopedia (1997, f. 284) ibsutti, ‘’drama is a universal art. Nearly every civilization has had some form of it. Drama is also an ancient art. Staged performances using actors took place as long ago as 500 B.C. and probably occurred even earlier’’. Akka yaada kanaatti diraamaan aartii waamaraati jedha. Baroota durii dhaloota kiristoos duraa hanga ammaa (bara qaroominaa) keessattillee kan jiru ta’uu ibsa. Kanarraa wanti nuti hubannu, diraamaan umurii dheeraa qabaachuu isaati.

Kanaan kan walqabatu Onyeka (2008, F. 3) yoo ibsu, ‘In drama, the characters/actors talk to themselves and react to issues according to the impulse of the moment. Drama is therefore presented in dialogue’. Kana jechuun diraamaa keessatti namfakkiiwwan yookaan taatoonni ofumaan haasa’uu fi dhimmoota irratti akkaataa kaka’umsa yeroo sanaatti deebii kennu. Kanaaf diraamaan mariidhaan dhiyaata jedha. Kanaaf diraamaan waltajjiirratti inni agarsiifamus ta’ee kan karaa foddaa televizyiniitiin kan agarsiifamu, haalaaf dhimmoota darbaniif yeroo sanaaf ergaa mataa isaanii akka dabarsan agarsiisa. Kanuma ilaalchisuun Finneran (2021, f. 8) Ibseera. ‘’We chose ‘drama’ rather than ‘theatre’ (which was the other obvious choice) for reasons of etymology and history’’ Akka yaada kanaatti filannoon nama baayyee tiyaatira caalaa diraamaa karaa televizyinii ta’uudha. Wanti nuti hubannu namni kamiyyuu bakka barbaade taa’ee daawwachuu, itti bohaaruuf irraa barachuu kan danda’u waan ta’eefidha. Kanaaf diraamaan filannoo nama baayyee ta’uuf hawaasa keessatti jaallatamummaa guddaa kan qabudha. Itti dabaluun Finneran (2021, f. 9) irratti yaadasaa akkaataa armaan gadiitti kaa’eera.

> Drama in these times functions at both the macro and micro level. It is used to shape and spread messages and ideologies through ever diversifying and sophisticated forms of theatrical practice. It is also used to unpick those messages and ideologies. Drama retains the potency to make meaning at the global level, but also profoundly at the local and personal level.

Yaadicharraa akka hubatamutti diraamaan yeroo ammaa kanatti sadarkaa hojiiwwan gurguddaaf xixiqqaa hojjechaa jiraachuu isaa agarsiisa. Bifa shaakala tiyaatiraa yeroo adda addaafi ulfaataa ta’een ergaa fi ilaalcha bocuu fi babal’isuuf kan ooludha. Ergaawwaniifi

ilaalchawwan sana hiikuufis itti fayyadamna. Diraamaan sadarkaa addunyaarra darbee sadarkaa naannoofi dhuunfaatti gadi fageenyaan hiika bal'aa uumuuf humna qaba jechuun ibseera.

Namni kiffayat jedhamu barsiisaa Yuuniversiitii Chitral, Pakistan kan ta'e Maartiin Essliniin kitaaba isaa Anatomy of Drama jedhu wabeeffachuun akkas jechuun diraamaaf hiika kenne. Hiikni diraamaa baay'eedha. Diraamaan akkuma ijoollee haadha fi abbaa taphachaa jiranitti haaluma maatiitiin (jaalalaan) taphatamuutti ilaalamuu danda'a. Diraamaan waan namni tokko ilaaluuf deemu, kan akka waan ilaalamuu qabuutti qindaa'eedha. Innis seeraan tumame gosa aartii gocha fakkeessaa irratti hundaa'eedha. Aartii keessatti diraamaan ibsa yaada dhugaatti (dhugaa) dhihoo ta'e isa bareedaadha. Innis bifa hunda caalaa qabatamaa ta'eef aartiin haala namaa, hariiroo namaa irra deebi'ee uumuu danda'uudha jechuun ibseera. Bal'isnee yoo ilaalle diraamaan qindoomina gochaalee sochiidhaan ergaa wayii dabarfachuuf akkasumas bashannansiisuuf barsiisuuf kan kana fakkaataniif dhihaate ta'uudha.

### 2.3.1 Faayidaa Diraamaa

Diraamaan akkuma gosa ogbarruu kamiiyyuu hawaasaa hojii sanatti gargaaramuuf faayidaa yookaan barbaachisummaa ofii isaa qaba. Barbaachisumma yookaan faayidaa diraamaan qabu keessaa isaan armaan gadii muraasa. Seenaa bifa qabatamaa ta'een taatonni daawwattootaan kan ga'an ta'uusaatiin kan bashannansiisu, odeeffannoo kennuufi barsiisuudha. Diraamaan dhimmoota hawaasaarratti waan xiyyeeffatuuf rakkooleesaa hiikuufi fala barbaaduu keessatti iddoo olaanaa qaba. Yaada kana caalmaatti Önder (1999) yoo ibsu,

> Drama activities give an opportunity to the participants to examine various social roles and problems. Creating different social problems enables the individuals to understand the society and social relations better. Solution styles of problems are also examined during these interactions, thus participants gain experiences from works towards solving problems.

Yaada hayyuu kanaarraa akka hubannutti, hojiileen diraamaa hirmaattonni gahee hawaasummaa fi rakkoolee adda addaa akka qoratan carraa ni kennu. Rakkoo hawaasummaa

adda addaa uumuun namoonni dhuunfaa hawaasaa fi hariiroo hawaasummaa caalaatti akka hubatan taasisa. Akkaataan furmaata rakkoolee walqunnamtii kana keessattis ni qoratama, kanaanis hirmaattonni gara rakkoo furuutti deemu jechuun ibseera. Kanas mootummaaniifi dhaabbatni miti mootummaan uummata sochosuufi kakaaasuuf kan dhimma itti ba'udha. Ogummaawwan kalaqaa keessaa diraamaan seenaafi eenyummaa hawaasaa calaqqisiisuufi fooyya'iinsa hawaasaa fiduuf bu'a qaba. Bifa ifa ta'eefi qabatamaan waan dhihaaatuuf namni barateefi hinbaratiin, hiyyeessaafi sooressi, ijoolleefi nama beekaaf walqixa fayyada. Jireenya safuu barsiisuufi duudhaa hawaasaa tursuuf ni tajaajila.

Egeree hawaasaa bocuu/ miidhagsuu keessatti faayidaa qaba. Yaada kana kan gabbisu Finneran (2021, f. 8) faayidaa diraamaa akka itti fufutti lafa kaa'a. ''It builds on and contributes to ongoing scholarly conversations regarding the use, benefit, challenges and opportunities for drama and theatre as a social, cultural, educational and political act.'' Akka yaada armaan oliitti, Itti fayyadama gama barnootaaf, qormaataafi diraamaafi tiyaatira akka gocha hawaasummaa, aadaa, fi siyaasaatti ilaalchisee haasawa hayyootaa itti fufiinsa qabu irratti ijaaruuf gumaacha. Kana malees sadarkaa addunyaatti hawaasni waan hedduuf dhimma itti baha. Askeessatti hanga danda'ame waan gaarii itti fufsiisaa badaa akka maquuf ittiin barsiifama. Ergaan dhokataa isaammoo kan beekutu hubata malee hundaaf ifaa ta'uu dhiisuu mala. Kana kan godhu gocha badaa hawaasaa keessa jiru balaaleffachuun hojjechuufi haala jiruufi jireenyaa gaarii jajjabeessuun hojjechuun ta'a. yaadni dabalataa akka San (1991) irraa hubannutti, ''Creative drama; are action status, improvisations and animations formed by students according to their own original ideas, creative discoveries and knowledge about the subject without having to refer to a written text.'' Yaadichi kan nu hubachiisu, barattoonni yaadaaf beekumsa mataa isaanii akkaataa sochiitiin fooyyeffachuun barreeffama tokko malee ibsuuf dubbachuu akka danda'an isaan taasisa jedha. Kanaaf diraamaan nama keessatti kaka'umsa cimaa uuma.

Diraamaa keessatti barsiifataafi aadaan dabalamanii waan hojjetamaniif itti fufanii akka jiraatan gochuuf ni oola. Ogeeyyii diraamaatiif madda galiifi beekamtii ta'uun jireenya isaanii akka geeggeeffataniifi hawaasa keessatti fudhatama qabaatan taasisa. Yaada kana kan cimsu, Michael Finneran (2021, f. 9) akkas jechuun ibsa. ''Drama in these times functions at

both the macro and micro level. It is used to shape and spread messages and ideologies through ever diversifying and sophisticated forms of theatrical practice. ‘’It is also used to unpick those messages and ideologies.’’ Diraamaan yeroowwan ammaa hojii sadarkaa xixiqqoofi gurguddaa yookaan babal’aa irratti hojjeta. Bifa shaakala tiyaatiraa ta’een ergaa fi ilaalcha bocuu fi babal’isuuf kan ooludha. Ergaawwanii fi ilaalchawwan sana hiikuufis itti fayyadama. Kana malees diraamaan ergaawwan gurguddaa dabarsuuf kan itti fayyadamnu ta’uu agarsiisa. Kana malees ergaa isaa karaalee bashannansiisuutiin hawaasa bal’aaf dhimmootuma hawaasaa dabarsa. Kunis faayidaa isaa keessaa isa tokko. Itti dabaluun Finneran (2021, f. 9) yoo ibsu,

> Drama retains the potency to make meaning at the global level, but also profoundly at the local and personal level. Drama is used in these times in public institutions, local communities, and personal relationships to influence and shape public and personal meaning-making, as a way of teaching, to informing actions that might lead to individual and societal change.

Diraamaan sadarkaa addunyaatti, sadarkaa naannoofi dhuunfaatti gadifageenyaan hiika uumuuf humna qaba. Diraamaan yeroowwan kun dhaabbilee mootummaa, hawaasa naannoo fi hariiroo dhuunfaa keessatti hiika ummataa fi dhuunfaa uumuu irratti dhiibbaa uumuu fi bocuuf, akka mala barsiisuutti, gochoota jijjiirama dhuunfaa fi hawaasaa fiduu danda’an odeeffannoo kennuudhaaf itti fayyadamna. Kanaaf akkuma waliigalaatti diraamaan sadarkaalee garaagaraatti faayidaa mataasaa qaba. Kana jechuun hawaasa, naannoo, gareefi nama dhuunfaatti faayidaa hedduu qaba.

**2.4 Hariiroo Hawaasaafi Diraamaa**

Hawaasniif diraamaan wantoota addaan bahuu hin dandeenyedha. Sababnisaa diraamaan namumaan uumamee dhimmoota hawaasaa baasee kan ittiin ibsamuuf calaqqisiifamudha waan ta’eef.  Diraamaan hawaasa calaqqisiisuuf meeshaa gaarii ta’ee bal’inaan dinqisiifamee jira. Diraamaan haala jiruuf jireenya hawaasaa ibsa. Kanaaf diraamaan bashannansiisaa yoo ta’u, nibarsiisaa, odeeffannoos ni kenna. Bifa diraamaan keessumaa dandeettii ofdanda’uu, hojii bashannanaa, danqaa afaanii irra aanuu keessattifi dandeettii guddaa hirmaannaa

ummataa dizaayinii ergaa fi karoora ergaa irratti qabuu irraa kan ka'e qunnamtii bu'uuraatiif mijachuu danda'a. hawwasni diraamaa kanatti fayyadamus karaalee ergaa isaa ittiin dabarfatu meeshaa gaarii ta'aaf. Waa'ee diraamaaf hawaasaa akka Joseph Agofure f. 5 jedhetti,

> Drama over the years has been an essential platform for reflecting socio-political, cultural and economic struggles among other things. This creative art called drama is a source of dialogue, debate, exchange and innovation. A form of creativity which enhances transfer of culture and knowledge those are useful for coping with societal tasks. In other words, it paints life with a view to share human experiences, feelings, imaginations, observations, findings, predictions and suggestions for prevailing social realities.

Diraamaan waggoota darban keessa qabsoo hawaas-siyaasaa, aadaa fi dinagdee fi wantoota biroo calaqqisiisuuf waltajjii barbaachisaa ta'ee ture. Aartiin kalaqaa diraamaa jedhamu kun madda marii, falmii, waljijjiirraafi waa kalaquuti. Bifa kalaqaa aadaafi beekumsa kanneen hojii hawaasaa dandamachuuf faayidaa qabanidha. Kana jechuun, muuxannoo, miira, yaada, ilaalcha, argannoo, tilmaama fi yaada dhugaa hawaasummaa ittiin ibsuuf karaa filatamaa ta'uu nutti agarsiisa. Irra jireessaan diraamaan hawaasicha ibsaa akka jiru agarsiisa.

### 2.5 Karaalee diraamaan ittiin dhihaatu

Akkaataan dhihaannaa diraamaa karaalee garaagaraa fayyadamuun hawaasaaf dhihaachuu (hawaasa bira ittiin gahuu) danda'a. kanneen keessaa karaa televizyinii, diraamaa waltajjiirraa bakka daawwattoonnni argamanitti kan daawwatamuufi raadiyootti qoqqoodnee kaa'uu dandeenya.

#### 2.5.1 Diraamaa televizyinii

Diraamaan karaa televizyinii tajaajila sagantaa viidiyoofi walqunnamtii maamiltootaaf barbaachisu karaa tokkoon maamiltootaaf dabarsuu jechuudha. Aldana, (2004:1). waa'ee televizyiniif hawaasaa (namootaa) yoo ibsu, ''Television is a powerful instrument that can build or destroy people's culture due to its conversational nature. It also plays a role in the daily lives of men and women in the way they perceive and conceived themselves and in the way they conduct their own lives.'' jedha. Kana jechuun televizyiniin aadaa hawaasa tokkoo

ijaaruuf diiguu keessatti meeshaa humna guddaa qabudha jechuun kaa'e. haala jireenya guyyuu gahee dhiiraafi dubartootaa kan agarsiisuuf ibsu ta'uu nu hubachiisa. Dhugumattuu odeeffannoo bal'aa hawaasa keessa jiru maal akka fakkaatu baasee sadarkaa addunyaatti akkasumas hawaasichumaafis mul'isa. Aadaan, duudhaan, amantaa, siyaas-dinagdeen hawaasa tokkoo maal akka ta'e agarsiisa. Akka Owauamalam (2007, f. 238) diraamaa televizyinii ibsetti,

> Television is defined as an audio-visual medium. It blends pictures with sound to produce a communication experience exhibited on the screen. It uses sound to explain the visuals presented on the screen. It addresses the emotion and intellect in a remarkable way.

Yaada armaan oliirraa akka hubatamutti televizyiiniin meeshaa sagalee fi viidiyoon ergaa dabarsudha. Suuraalee sagalee waliin foddaa televizyinii irratti agarsiifamu uuma. Sagalee fayyadamuun mul'atawwan foddaa irratti dhiyaatan ibsa. Miiraafi sammuu haala ajaa'ibsiisaa ta'een ilaala. Diraamaa televizyiniitiin sochii qaamaa waliin kan deemuufi ibsa fuulaa, yaadaafi miira namaa daawwattoonni ilaaluun hubachuun maaltu akka ta'e, ta'uuf deemus tilmaamuu danda'u.

Diraamaan televisizyinii karaa foddaa televizyiniitiin namoota hedduu bira dhaqqabuu kan danda'udha. Namoonnis mana isaanii taa'anii yeroo isaa eeggachuun televizyinnrraa kallattiin darbu hordofu. Kanuma irratti hundaa'uun Macionis (2004) yoo ibsu, "TV drama series has the power to convey various types of messages to the viewer and establishes a personal connection. It should be treated as a concept rather than an entertainment program for study" jedha. Yaada armaan oliirraa wanti hubatamu, diraamaa televezyinii walduraa duubaan ergaa gosa adda addaa daawwataaf dabarsuuf humna kan qabuufi walitti dhufeenya dhuunfaa kan uumuudha jechuun kaa'eera. Kana jechuun hawaasichaaf akka madda odeeffannoottillee kan gargaaru ta'uudha. Dabalataanis Macionis (2004) irra deebi'uun yoo ibsu, ''The message displayed in the dramas series is more powerful, and people are influenced by the understanding derived from watching the series'' jedha. Yaadni kun akka nu hubachiisutti, Ergaan diraamaa walduraa duubaan agarsiifamu humna guddaa kan qabu

yoo ta'u, namoonni hubannoo walduraa duubaan diraamaa ilaaluu irraa argamuun dhiibbaa irra ga'u. diraamaan ergaa dabarsuu keessatti human guddaa akka qabu agarsiia.

Diraamaan televezyinii walduraa duubaan yeroo agarsiisaa biroo caalaa fudhatamummaa qaba. Yaada kana Iwashita (2008) yoo ibsu, 'Although movies and TV dramas are the most significant sources in increasing viewers' interests to travel' jedheera. Akka yaada armaan oliitti, diraamaan barbaachisummaan isaaf fudhatamummaan isaa olaanaadha jechuun ibsuuf yaala. Diraamaan akkuma seenaawwan kan biroo, jaargocha, waldiddaafi qooddattoota/ taatotafi kkf kan qabu ta'ee, seenaa gochaan waltajjiirratti yookaan miidiyaarratti agarsiifamudha. Diraamaa dhugoomsuu yookaan hojiirra oolchuu keessatti namoonni ga'ee garaagaraa qaban yookaan kalaqan qooda fudhatan; barreessaa (playwright), taatota (actors/actress), daayireektara (director), namoota muuziqaa (muscian), dizaayinaroota (designers)fi kkf. Diraamaan bifa waliin dubbiin (dialogue) kan dhihaatuudha. Taatonni waltajjiirratti seenaa raawwataniifi fudhatan dhiheessu. Yeroo raawwii kana raawwatan waliin dubbachaadha. Yeroo baay'ee diraamaan bifa jireenya guyyuu agarsiisuun qophaa'a. kanaf haala jireenya hawwaasaa kan mul'isudha.

### 2.5.2. Diraamaa waltajjii

Diraamaan waltajjii gamoo ykn iddoo agarsiisni daawwattoota duratti kennamuu danda'u. diraamaan waltajjiirratti dhihaatu tiyaatira jechuun waamuu dandeenya. Jechi kun jecha Giriikii *theatron*, "bakka arguu" jedhu irraa kan fudhatamedha. Tiyaatira yeroo baayyee bakka waltajjii agarsiisni mataan isaa itti raawwatamu qaba. Bara durii kaasee dizaayiniin tiyaatiraa guddachaa dhufe kan murtaa'u baay'inaan daawwattoonni namoota taatoota arguu fi dhaga'uuf fedhii qaamaan ilaaluu qabaachuu isaanii fi maalummaa sochii dhiyaatu jijjiiramaa jiruun ture.  Yaada kana ilaalchisee Balme (2008, f. 1) akkas jechuun ibseera. ''The term 'theatre' has its origins in the Greek word theatron, meaning a 'place for looking'. Thus, originally, theatre referred to both a place as well as to a particular form of sense perception'' jedha. Akka yaada armaan oliitti jechi 'tiyaatira' jedhu ka'umsi isaa jecha Giriikii theatron jedhu irraa kan argame yoo ta'u, hiikni isaas 'bakka itti ilaalan' jechuudha. Kanaaf, jalqaba irratti tiyaatirri bakka tokko akkasumas bifa addaa hubannoo miiraa agarsiisa

ture. Akkuma jalqaba irratti ilaaluuf yaalle, diraamaan waltajjiirratti ilaalamu kun bakka daawwattoonni taa'anii jiranitti kan kaayyoo garaagaraaf dhimma kan itti bahamudha.

### 2.5.3 Diraamaa Raadiyoo

Diraamaan raadiyoo bara 1920moota keessa jalqabee kan guddate waggoota kurnan keessatti jaalala bal'aa argate. Bara 1940moota keessa bashannanaan beekamaa idil-addunyaa adda duree ture. Diraamaan karaa raadiyoo hawaasa bal'aaf dhihaatu faayidaa olaanaa qaba. Sababnisaa namni kamiyyuu bakka fedhetti meeshaalee elektirooniksii gargaaramuun fayyadamuuf nidanda'a. Akka Okigbo (2010) waa'ee diraamaa karaa raadiyoo ibsutti, ''Radio 'drama or audio drama audio play, radio theatre as dramatised, purely acoustic performance, broadcast on radio. With no visual component, radio dramas depend on dialogue, music and sound effects to help the listener imagine the characters and story'' jedha. Akka yaada kanaatti diraamaan karaa raadiyootiin darbu sagaleen qofaan bifa waliin dubbiin kan dhihaatuufi sammuu dhaggeeffattootaa keessatti taatotaafi seenicha kan uumu yookaan kaa'udha.

Itti dabaluun Moemeka (2009) akka ibsetti, 'Radio drama programmes are particulars effective in motivating for societal change. Thus, the radio drama is the fusion of theatre and radio as a means of communication' jedha. Akka yaada isaatti sagantaaleen diraamaa raadiyoo jijjiirama hawaasaa kakaasuu keessatti bu'aa adda addaa qaba. Haala kanaan diraamaan raadiyoo akka meeshaa qunnamtiitti gargaara jechuun ibsa. Kana malees diraamaan raadiyoo sagalee qofaan taateewwan dhaggeeffachaa ergaasaa hubachuuf baruu dandeenya.

## 2.6 Gosoota diraamaa

Diraamaan haala garagaraatiin, jiruuf jireenyaa ummatoota addunyaa agarsiisa. Qeeqxoota lamaan isaaniif, kanaan duraafi sana booda, gosoonni diraamaan ofkeessaa qabu koomediifi tiraajedii jedhamanii qoodaman Orgel (1979) ibsee ture. Diraamaa bakka gurguddaa lamatti qoodna. Isaanis tiraajediifi koomedii ta'uu ibsa. Koomediin gammachiisaafi tiraajediin ammoo gaddisiisaa ta'uu ibsa. Kanaaf diraamaan bakka gurguddaa lamatti tiraajidiifi

koomedii jechuun qoodna. Diraamaa biyya keenya keessatti ammoo kan hojjetamee jiru diraamaa koomediidha. Kanaaf xiyyeeffannoon diraamichaas koomedii irratti.

### 2.6.1. Diraamaa Tiraajeedii

Addunyaa diraamaa keessatti, jechi traajeedii jedhamu waan haaraa miti. Tiraajeediin kan madde, kabaja ayyaana warra Girikii keessaa kabaja ayyaana Diyonoosis jedhurraa kan dhufe jedhama. Diyonoosis waaqa omishaa, keessaayyuu wayinii (wine)fi hormaata akka ta'e dubbatama.

Diraamaan tiraajedii kan xumurrisaa gaddisiisaa ta'edha. Akka galmeen jechootaa ''Oxford English Dictionary'' jedhutti: "Tragedy is a play of a serious or sorrow\ mankind a very sad event, action or experience" jedha. Akka hiika kanaatti, tiraajeediin taatewwan wantoota gaddisiisaa raawwatamanii, uumamaafi badii namootaa muuxannoo jireenya guyyaa keessatti raawwataman kan agarsiisudha. Diraamaa tiraajeedii seenaan isaa kan qalbii namaa rarraasuufi xumurri isaa daran kan nama gaddisiisu akka ta'e hayyoonni nidubbatu. Waan gaddisiisaa namatokko muudatu garuu, dhimma hawaasa biroo akka hintaanetti ibsama. Fakkeenyaaf: Gaa'ela diiguu, Balaa tasaan du'uu nama ta'e tokkoofi waanuma uumamaan jiru tokkoon du'uun akka tiraajeedii ibsama. Gaa'ela hiikuun dhimma namoota wal hiikaniif malee, dhimma hawaasa warra hafanii miti; garuu, wanti raawwate sun gaddisiisaadha.

### 2.6.2. Diraamaa Koomedii

Diraamaan koomedii kofalchiisuun waldiddaa keessafi taatorra hamaan akka hingeenye mirkaneessuun jamaa/daawwattoota bashannansiisuu kan fuulefatuudha. Waa'ee diraamaa koomedii ilaalchisuun Onyeka (2008, f.69) akka ibsetti, ''We use the words 'comedy' and comic to describe something that is funny in our everyday lives. These include a joke, or a fantastic story that is full of nonsense, or an absurd appearance that makes us giggle, smile or laugh'' Jedha. Yaada armaan oliirraa kan hubannu, jireenya keenya guyyaa guyyaa keessatti waan nama kofalchiisu ibsuuf jechoota 'koomeedii' fi qoosaa fayyadamna jechuun ibsa. Isaan keessaa qoosaa, ykn seenaa dinqisiisaan guutamee kolfinu kan dabalatudha. Wantoota nama bohaarsan kana fayyadamuun ergaa ittiin kan dabarsan, barsiisaniif itti gargaaramna. Akka biyya keenyaattis diraamaa koomediitti waan fayyadamnuuf keessaayyuu diraamaan kiyyoos koomedii waan ta'eef bal'inaan ilaaluutu barbaachisa. Diraamaan koomeedii gosoota

garaagaraa qabaachuun beekama. Gosoota diraamaan kun qabu keessaa muraasni isaanii kanneen armaan gadiin dhihaataniidha.

Koomedii jabaa (high comedy): Kan jedhamu yaada yookan beekumsa (intellect) irra kan xiyyeefatu yoo ta'u, koomedii laafaan kan jedhamu ammoo haalleen bashannansiisoo kanneen akka taphaafi qoosaa xiyyeefachuun kan hojjetamuudha. Akka Gaurav (2021, f. 6) irratti ibse koomediin jabaan waa'ee beekumsaafi yaadota ciccimoo kan of keessaa qabudha jechuun ibseera.

Koomedii jaalalaa/laafaa (Romantc comedy): Kan jedhamu yoo ta'u, kunis jaalalleewwan waliin ta'uu/walin dhufuun wal'aansoo isaanii taasisan of keessatti hammata. Koomedii laafaa ilaalchisee Gaurav (2021, f. 6) akka itti fufee jirutti ibseera. 'Such comedy represents a love affair that involves a beautiful and engaging heroine (sometimes disguised as a man); the course of this love does not run smooth, yet overcomes all difficulties to end in a happy union'. Yaada kanarraa hubachuun akkuma hubatamutti, gosa diraamaa kun, fiixee ba'ee, kan amanuun nama rakkisuufi raajii ta'an warren akka maajikii, abjuu fa'a nidabalata jedha. Xiyyeeffannoo guddaan koomedii laafaa jaalala ta'uudha.

Koomedii saatriikii (satric comedy): Gosa diraamaa koomedii keessaa tokko ta'ee, tajaajila qeequu kan qabuudha. Diraamaan kun kana kan godhu qooddataa/ taatoo yaada falaasamaa yookaan raawwii siyaasaa bu'uureffachuun safuuf duudhaa hawaasaarra maquu itti kofalchiisuu yookaan muka qoosaa gochuun safuuf duudha hawaasaa kana kakaasudha. Koomedii saatriikii ilaalchisuun Gaurav (2021, f. 7) akka ibsetti, Satiric comedy ridicules political policies or philosophical doctrines, or else attacks deviations from the social order by making ridiculous violators of its standards of morals or manners. Yaadni armaan oliis sanuma kan cimsu yoo ta'u, koomediin saatirikii Qoosaan qoosaa imaammata siyaasaa ykn barumsa falaasamafi safuu isaa kan nama kofalchiisu cabsitoota taasisuudhaan sirna hawaasummaa irraa maquu irratti duula. Yeroo kana taasisu, kaayyoon isaa daawwattootni qooddataa/ taatoo waliin akka kolfaan utuu hintaane akka itti kolfaniidha.

Koomeedii Waltajjaajii (Standup Comedy/mono drama): Maqaan waltajjaajjii jedhu kun, jecha waltajjii ijaajjuu jedhu waliin suphuun kan uumame yoo ta'u, hiikni isaas, diraamaa komeedii ijaajjii waltajjiirraan dhihaatu jechuudhaa. Koomeediin waltajjaajjii gosoota

komeedii yeroo ammaa kana biyya keenya keesatti bal'inaan hojiirra oolaa jiran keessa isa tokkodha. Akaakuun diraamaa koomeedii kun, yeroo baay'ee waltajjii irratti bakka daawwattootni argamanii, fuulaa fuulatti bifa qoosaatiin kan dhihaatudha.

Koomeedii Haalaa (Situatonal Comedy): Gosa diraamaa koomeedii inni kun immoo, haala yeroo murtaa'e tokkorratti hundaa'uun battaluma sanatti haasawa ykn mallattoo gara garaa agarsiisuun kan daawwattoota ittin kofalchiisanidha. Itti dabaluun Gaurav (2021) waa’ee koomediin haalaa dhimma battalaarratti taatee tokkoof waa’ee dhimmichaa ilaallatee kan kan qophaa’e ta’uu eera.

Diraamaan Meeloo (Melo drama): Diraamaan meeloo gosa diraamaa koomedii keessaa isa biroodha. Diraamaan meeloo raawwii waltajjiirratti dhihaatuuf jaarraa 19ffaa keessa fudhatama argataa dhufeedha. Diraamaan kun jaargochoota miira jaalalaa muuziqaan make dhiheessa. Diraamaa meeloo ilaalchisuun Onyeka, (2008, f.71) yoo ibsu, The word melo drama is coined from melo (music) and dran (drama). It is, therefore, a play that utilizes music extensively. Akka yaada kanaatti koomediii meelootti bifa muuziqaatiin dabaalee dhiheessudha. Sababnisaa meeloo jechuun muuziqaa waan ta’eefidha. Diraamaan meeloo daawwattoota kan bashannansiisuufi dhuma gammachiisa ta'e kan qabu ta'ee, ergaa yookaan dhaamsa hoomaayyuu kan hindabarsineedha.

Diraamaa Farsii (Farce drama): Gosti diraamaa kun, kaayyoonsaa dawwattoota kofalchiisuudha. Waa’ee diraamaa farsii Iwuchukwu, (2008, f.74) akka ibsetti,

> Farce which is referred to as comedy of situation, is a humorous play on a trivial theme usually one that is familiar to the audience. The themes that are treated in farce include mistaken identity, elaborate misunderstanding, switched costume (men in women’s clothes) heroes forced under tables, misheard instructions, discoveries, disappearances and many such situations.

Akka yaada kanaa oliitti, diraamaan farsii koomedii haala waan tokkoorratti hundaa’ee ergaa dhaggeeffattootaaf hordoftoota biraan gahatudha. dhaamsa qoosaadhaan ilaalaman eenyummaa dogoggoraa, hubannoo dogoggoraa bal’aa, dhiirri uffata dubartootaa uffachuu, qajeelfama dogoggoraan dhaga’amefi haalawwan akkasii hedduu kan dabalatudha. Kanaaf diraamaan farsii daawwattoota bohaarsuuf dhihaata. Taatonni diraamaas, daawwattoota

diraamichaa kan kofalchiisan, qooddattoota amala gaarii qaban irratti, gochaa ofittummaa, arrabsoo ciccimoo irratti raawwachuun. Akkasumas, sagaleefi sochiilee qaamaa kofalchiisoo ta'an fayyadamuuni. Diraamaa Farsii keessatti gochoota kan akka; Namni tokko dubartii gurri ishee hindhageenyeen walargee, walii galtee uumuuf yemmuu rakkatu, Daa'imman lakkuu dhalatan/ baay'ee walfakkataan addaan baasuu dadhabanii yemmuu dhiphataniifi goyyoomsaman, akkasumas, namoonni garagaraa waan sababni isaa sirriitti hin beekamneef fiigaafi walcaccabsaa walirraa dheessanfaadha.

### 2.7 Sakatta'a Diraamaa Kan Biyya Keenyaafi addatti kan Oromoo

Seenaa dhuftee diraamaa biyya keenyaa (Itiyoophiyaa) yoo ilaalle waa muraasa jechuu dandeenya. Akkasuma ka'umsi diraamaa Griik haa jedhamu malee biyyootni garaagaraa walduraa duubaan dhimmoota garaagaraaf itti gargaaramaa turan, jirus. Kanumaan kan walfakkaatu biyya keenya keessa yoom akka eegaleefi maaliif akka itti gargaaramaa turame Ashagrie (1996, f.32) akka itti aanutti ibseera.

> Ever since its emergence in Ethiopia, theatre to the utmost has been raising socio-economic and political issues. The first play written in Ethiopia in 1920-1921 by Teklehawariat Teklemariam,' and its production by amateur actors, targeted the reign of Empress Zewditu for criticism.

Akka yaada olii kanatti, tiyaatirri erga Itoophiyaa keessatti mul'atee kaasee hanga ammaatti dhimmoota hawaas-dinagdee fi siyaasaa kaasaa tureera. Kan jalqabaa bara 1920-1921 Itiyoophiyaatti Teklehaariat Teklemariam tiin barreeffame,' fi taatoota (namfakkiilee) amaatarootaatiin taphatamee, bara mootittii Zewdituu qeequu irratti kan xiyyeeffatedha jechuun ibseera.

Waa'ee dhuftee diraamaa Oromoo ilaalchisee Tasfaayeen 2013, f. 87 gaazexaa Bariisaa wabeeffachuun akka itti aanutti ibseera.

> In the history of their political struggle, the Oromo made courageous attempts to perform music, drama, and theatre in their language to withstand the assimilation policy of the Ethiopian government. Although there were informant reports reflecting religious drama and singing of psalms on the basis of written themes by Protestant Christian Missionaries in Wallagga (Informants: Admasu Birehanu, Hailu Disasa, Kebede Firrisa), the written secular music and drama for cultural movement were presented on stages by the Afran Qalloo cultural and musical bands

Akka yaada armaan oliirraa hubatamutti seenaa qabsoo siyaasaa isaa keessatti Oromoon imaammata mootummaa Itoophiyaa dandamachuuf muuziqaa, diraamaa fi tiyaatira afaan isaatiin agarsiisuuf yaalii godheera. Gabaasni odeeffattootaa diraamaa amantii calaqqisiisufi faarfannaa pirootestaantii bu’uura godhate kan barreeffame Misiyoonota Kiristaanummaa Pirootestaantii Wallaggaa kanneen akka Admaasuu Birhaanuu, Hayiluu Disaasaa, Kebede Firrisaa ta’an muuziqaafi diraamaa barreeffama kaayyoo sochii aadaatiif ture waltajjiirratti baandiiwwan aadaafi muuziqaa Afran Qallootiin dhiyaataniiru jedha. Kun kan agarsiisu diraamaan afaan Oromootiin barreeffamaniif hojjetaman yeroo dhihoo ta’uu agarsiisa. Kun kan ta’eef ammoo dhiibbaan siyaasaa afaan, aadaa, siyaasaaf dinagdeen irratti waljijjiiraa waan tureef dafee mul’achuun rakkisaa tureera. Kan irratti eegales qabsoo siyaasaa sana injifachuuf jedhamee akka ta’e ifatti taa’eera.

> The band also performed dramas that mirrored the situation of the period. As in the drama both the male and female representatives had to be represented in order to reveal the situation in which both genders were living, the male also acted like female since the period did not allow Muslim female actors on the stage. One of the artists who represented female characters was Abdurrahman Yusuuf.

Yaadni kun akka ibsutti baandichi diraamaa haala yeroo sanaa calaqqisiisanis agarsiisa ture. Akkuma diraamaa keessatti haala saalli lamaan keessa jiraatan mul’isuuf bakka bu’oonni dhiiraa fi dubaraa bakka bu’uu qabu, yeroon sun taphattoota dubartoota Musliimaa waltajjii irratti waan hin hayyamneef dhiirris akka dubartiitti agarsiiseera jedha. Artistoota taphattoota

dubartootaa bakka bu'an keessaa tokko Abdurrahmaan Yusuuf ture. Aadaa Oromoo amantaa irraa adda bahanii argarsiisuu danda’aniiru.

## 2.8 Caacculee diraamaa

Diraamaan tokko hojjetamuuf caacculee hedduu ofkeessaa qaba. Kanneen keessaa tokko hafnaan galma gahinsa hinqabu. Kana jechuun ergaan, namfakkiinfi kan kana fakkaatan yoo keessaa hafuun hindanda’amu. Caacculeen diraamaa tokko gabbisan kanneen akka namfakkii, jaargocha, yoomessa, ergaa, ija, waldiddaafi waltajjii fa’a. isaan keessaa xiyyeeffannoon qorannoo kanaa xiinxala ergaa diraamaa kiyyooti.

### 2.8.1. Ergaa

Ergaan diraamaa seenaafi baattota seenaa (taatota) ilaaluufi hordofuun argama. Waliin dubbiin taatotaafi gochaaleen isaan raawwatan jamaa gara dhaamsa/ergaa diraamaatti qajeelcha. Waliin dubbii qooddattootaa/taatotaarraa dhaga'iitii/miirasaanii, murtoofi ejjennoosaanii hubanna. Kun immoo, wanta isaan seenaa sana keessatti akka mul'isaniif itti kennameefi dhaamsa dirayamichaaf akka gumaachaniif barreessaadhaan itti kennameedha. Mata-dureen diraamichaas waa'ee ergaa diraamichaa yeroon fala kennu nijira. Diraamaan amala isaan gabaabaa waan ta'eef jaargochiifi ijoon isaa aariitiin bu'uureffamu. Barreessitoonni argama jechoota ijoo/ergaa diraamaa tokkoof gumaachan jaargocha diraamichaa keessaa bakka sadii kaa'uu jaalatu. Isaanis; Ka'umsa jaargochaarra, Marfata jaargochaafi Goolaba yookaan furmaata jaargochaarradha.

Ergaawwan diraamaa televizyinii keessatti uumaman ilaalchaafi amala daawwataa jijjiiruun daawwataan bakkeewwan saganticha keessatti agarsiifaman akka daawwatu sossobuu waan danda’uuf humni amansiisuu guddaadha. Kana ilaalchisuun Kiffayat (1991, f. 14) ergaan maal akka ta’e ibsee jira.

> Theme is the main idea or lesson to be learned from the play. Theme is considered as the unifying element that defines the dramatized idea of the play. It is the over-all sense or implication of the action. It defines the problem, emphasizes the ethical judgment and suggest attitude or course of action that eliminates the crisis is an acceptable way.

Akka yaada isaarraa hubatamutti, ergaan yaada ykn barumsa ijoo diraamaa irraa baratamuu qabuudha. Ergaan akka qaama tokkoomsu yaada tapha diraamaa ibsutti ilaalama.Innis miira waliigalaa ykn hiika gochichaati. Rakkoo jiru ibsa, murtii naamusaa cimsee ilaalchi ykn tarkaanfiin muddama dhabamsiisu karaa fudhatama qabu ta'uu yaada kenna.

Walumaagalatti yeroo ilaalamu ijoo diraamaa tokkoo jechoota yookaan afaan hojiirra oole keessumaayyuu irra deddeebii jechootaa, suuressawwan (imagery) gargaarame akkasumas ka'umsa, marfataafi furmaata jaargochaarratti mul'achuu danda'a.

Ergaan ogbarruu keessaayyuu diraamaa tokko kan beekamu haala qabatamaafi haala dhiheenya diraamichaatiin wal qabateeti. Akka Alicia (1991:147) ergaa ilaalchisuun ibsitetti, ''Theme is the main idea that the writers of literary work communicate to the readers'' jechuun kaa'a. Akka yaada ishee kanaarraa hubatamuutti ergaan yaada ijoo hojii barreessaa ogbarruu ta'ee karaa itti barreessan dhaggeeffattoota ykn daawwattoota waliin ittin walqunnamudha. Itti dabaluun ergaan dhimma cimaa barreessaan waan taajjabe dabarfachuu barbaadudha. Akkasumas dubbii ijoo yookiin daandii barreessaafi daawwattoota walitti fide wal qunnamsiisuu kan danda'u ta'u isaa yaada oliirraa hubachuun nidanda'ama. Kanaaf ergaan isa bu'uuraa ta'uu nu hubachiisa. Kanuma kan cimsu Mohammed (2015, F.16) akkaataa armaan gadiitti ibsee jira.

> Theme is the abstract subject of a work; its central idea or ideas which may or may not be explicit or obvious. Themes may range, be multiple within each work, but should be contributing to the main plot or subplots of the work. A theme is not a summary of the story. Literature is about ordinary life so the big themes in literature are the important subjects and experiences of public and private lives: love, death, marriage, freedom, hope, despair, power, war, revenge, evil, and so on. So, anything which is a subject in life can become a theme in literature.

Ergaan yaada dhokataa hojii tokkooti. Yaada giddugaleessaa isaa kan ifaa ykn ifa ta'uu dhiisuu danda'udha. Ergaan tokkoon tokkoo hojii keessatti dachaa ta'uu danda'a, garuu dubbii ijoo ykn dubbii xiqqaa hojii sanaaf gumaachuu qaba. Ergaan tokko yaada waliigala seenaa sanaa yookaan diraamaa sanaa ta'uu hindanda'u. Ogbarruun waa'ee jireenya idilee

waan ta'eef ergaawwan gurguddoon ogbarruu keessatti muuxannoowwan barbaachisoo jireenya ummataa fi dhuunfaa: jaalala, du'a, gaa'ela, bilisummaa, abdii, abdii kutannaa, aangoo, waraana, haaloo ba'uu, hammeenyafi kan kana fakkaatanidha. Kanaafuu, wanti jireenya keessatti dhimma itti ba'ame kamiyyuu ogbarruu keessatti ergaa ta'uu danda'a jechuun ibsa.

Kana malees karaa ittin barreessaan haala jiruuf jireenyaa hawaasa isaa keessa jiru baasee agarsiisudha. Akka Encyklopedia of linguistic (2006) ibsettii ergaan hojii ogbarruu keessatti dhiyaatu karaa lamaan dhiyaachu nidanda'a. Kunis karaalee kallattiifi al-kallattiin dhiyaachu danda'a jechuun ibsa.

### 2.8.1.1. Ergaa Kallattii

Karaalee ergaan hojii ogbarruu keessatti dhiyaatuu keessaa isa tokko. Akka Encyclopedia oflinguistic (2006) ibsutti ergaan kallattin darbu barreessaan kallatumaan dhimma dabarfachu barbaade sana ibsee dhiyeessudha jechuun kaa'a. Yaada kanarraa kan hubannus hojii ogbarruu kamiyyuu keessatti barreessaan kallatidhaan kan dawwattootaaf yookiin dhageeffattootataaf haala salphaan galuufi danda'utiin dandeettisaatti fayyadamee ergaa isaa biraan gahu ta'uusa hubanna. Cassidy (1991) yoo ibsu ergaan seenaa tokkoo keessatti kallattin barreeffamichaa keessatti ibsamee dhiyaata. Keessattu gara dhuma seenichaa irratti ergaa kallattin dhiyaatuu argachuun nidanda'ama. Yaada kanarraa kan hubannuu ergaan barreessaan kallattin dabarsu gara dhuma seenaa irratti kan mul'atuu ta'uusati.

Walumaa galatti ergaan kallattii hojii ogbarruu kamiyyuu keessatti barreessaan kallatumaan dhimmaa dabarfachuu barbaade ifa gochuun kan dhiyeessudha. Akkasumas ergaan kallatti seenaa tokkoo keessatti dhuma seenichaa irratti kan argamuufi barreessaadhaan ykn qooddattoota seenichaan kan dhiyaatudha.

### 2.8.1.2. Ergaa Al-kallattii

Ergaa alkallatti akka isa kallatti osoo hin taanee karaalee namfakkii dawoo godhate sochiifi bu'aa ba'ii jireenya isaan keessa darbaniin dhiyaachuu danda'a. Akka Cassidy (1991) ibsutti ergaan alkallatti barreessaan kan waa'ee walii gala jireenya seenaa murtaa'e ibsuuf

barreessudha. Kunis Karaa alkallattiin miseensota seenaa keessaa tokkoon dhihaachuu danda'a jechuun ibsa.

Ergaa alkallatti haala ijaarsa seenaa diraamichaa barreessan ittiin qindeesse fi caacuulee seenaa diraamichaa keessatti argaman bu’uura godhachuun ergaan alkallatti kan argamuudha. Kunis mata duree seenicha irraa, amala namfakkoonnii mul’isan irraa, akkaataa yoomeessii itti ibsame irraa, ijaarsa jaargochaa, walitti bu’isa namfakkootaa gidduutti ta’uu fikan kana fakkaatan irratti. Walumaagalatti ergaan alkallatti seenaa diraamaa tokko keessatti karaa miseensoota taatotaa kan darbuudha. Kunis kan darbu haala kallattin hin ibsamu. Akkasumas akkaataa barreessaan seenaa diraamichaa itti qindeesse irratti hundaa’udhaan ergaan alkallattiin argamuu danda’a.

### 2.9. Tekinikoota Diraamaa

Tekinikni diraamaa dandeettii hawaasummaafi walqunnamtii guddisuuf gumaacha guddaa qaba. Tekinikoota ogbarruu ilaalchisuun Bae &Young 2008, f. 156 akka ibsanitti,

> Foreshadowing and flashbacks devices are the most common concepts used by many writers in writing literary genres such drama, novels, short stories. As formal linguistic techniques, foreshadowing and flashback move towards an opposite pole. Foreshadowing is an overt indication to a future event in such a way that it becomes hard to be recognized by the readers until the event actually happens.

Akka yaada armaan oliirraa hubatamutti, tekinikoota ogbarruu ilaalchisee, mil’uuwwan yaad-rimeewwan barreessitoonni hedduun gosoota Ogbarruu akka diraamaa, asoosama dheeraaf gaggabaaboo barreessuu keessatti itti fayyadamaniidha. Akka tekinikoota kana keessatti mil’uu gara fuulduraaf gara duubaa jechuun waan gara fuulduraatti ta’uuf deemuufi kan yeroo darbe keessatti raawwatame daawwattootni akka hubataa deeman kan agarsiisu ta’uu nu hubachiisa. Dabalataan akka yaada Blajin & Duhlicher (2015:15 ‘Thus, *foreshadowing* is the technique of hinting about something that will occur later in a story’. Akka yaada kanaatti, mil’uun (foreshadowing) taatee gara fuulduraatti ta’uuf dhufu kan agarsiisudha jedhaiiru. Kun ammoo gosoota tekinikoota diraamaa keessa tokko ta’uudha.

### 2.10 Akkaataa Ergaan Ittiin Qaacceeffamu

Ergaan yookiin dhaamsi seenaa diraamaa tokko maal akka ta'e bira ga'uf dhaggeeffataan yookiin daawwataan maloota adda addaa fayyadamun ergaa adda baafachu ni danda'a. yaada kana kan cimsuu Onyeka (200, f.78) akka ibsetti, 'Themes are identified through the dialogue action and manifestation in the action of the major character as the interact with other characters in the play the inter personal relationships of the characters help to highlight and advance that particular idea'. Akka yaada armaan olii kanatti ergaa adda baafachuuf seenaa sana keessatti waliin dubbiin dhiyaate maal akka ta'e, gocha raawwatamefi namfakkii guddaan namfakkiilee kanneen biroo faana walloolufi dhibbaa isaan uuman maal akka ta'e akkasumas walitti dhufeenya namfakkotaa seenaa sana keessa jiran jijjirama isaan seenaa sana keessatti raawwatan odeeffannoo qabaachuun ergaa diraamaa tokko argachuu ni dandeenya jechuun ibsa. Walumaa galatti ergaa seenaa diraamaa tokko maal akka ta'e beekuuf xiinxala geggeessuun guddina ogbarruu afaan tokkoof bu'aadha.

### 2.11. Yaaxxina Qorannichaa

Qorannoon tokko yeroo adeemsifamu yaaxina ittiin ilaalamu qabaachuu qaba. Bu'uuruma kanaan qorannoon kun yaaxina xiinhawaasumma bu'uureffachuun geggeeffame. Waa'ee yaaxina kanaa Sell (2000, f.2) yoo ibsu, "The term social criticism often refers to a mode of criticism; that located the reasons malicious conditions in a society considered to be in a flawed social structure" jedha. Jechuunis yaaxinni kun bu'uurumarraa amantaa ogummaafi hawaasicha gidduu jiru ka'umsa ta'uufi walitti dhufeenya kana qorachuunis ga'umsa hojii ogbarruu tokko walqabsiisuufis ta'e hubannoo guddisa yaada jedhu qaba. Barreessaan tokko hawaasicha keessaa kan argameefi hawaasichi kan boce waan ta'eef haala hawaasichaa kallattii adda addaan hojii isaa keesssatti calaqqisiisuuf dirqama akka qabu ibsa. Dabalataan Finneran (2021) akka ibsetti,

> Critical theme in drama is concerned with the relationship between drama and the current socio-political context. It builds on and contributes to ongoing scholarly conversations regarding the use, benefit, challenges and opportunities for drama and theatre as a social, cultural, educational and political act.

Akka Finneranitti, xiinxala ergaa diraamaa keessatti hariiroo diraamaafi hawaas-siyaasaa gidduu jiru ilaallata. Itti fayyadama, faayidaa, qormaataafi carraa diraamaa fi tiyaatira akka gocha hawaasummaa, aadaa, barnootaa fi siyaasa irratti kan xiyyeeffatu jechuun ibe. Kanaaf xiinxala hawaasummaa diraamaa keessatti wantoota hawaasicha ibsan bal'inaan kan xiinxalaman ta'a.

Kanaafuu kan diraamaa xiinxalus dursee hojii isaa keessatti kan irratti xiyyeeffatu barruun sun haallan hawaasichaa hagam calaqqisiiseera qabxiilee jedhaman irratti. Yaada kanatti fufuun Honneth (2005, 134) akka armaan gadiitti ibsa.

> social criticism has essentially restricted itself to evaluating the normative order of societies according to whether they fulfil certain principles of justice. Despite its success in justifying some normative standards and despite its efforts at differentiating the various fundamental aspects involved in the act of defining such standards, this approach has lost sight of the fact that violating generally valid principles of justice is not the only way in which a society can show itself to be normatively deficient.

Qeeqni hawaasummaa bu'uuraan tartiiba naamusaa hawaasni akkaataa qajeeltoowwan haqaa murtaa'an guutuufi dhiisuu isaaniitiin madaaluu qofa irratti of daangeessee jira. Xiyyeeffannoon isaas dhimmuma hawaasaa ta'uu isaati. Ulaagaalee naamusaa tokko tokko mirkaneessuu irratti milkaa'ina kan argate ta'us, gocha istaandaardii akkasii ibsuu keessatti gama bu'uuraa addaa adda baasuuf carraaqqii kan godhu ta'us, malan kun qajeeltoowwan haqaa akka waliigalaatti rogummaa qaban cabsuun karaa hawaasni hanqina seeraa (normatively deficient) ta'uu isaa of agarsiisuu danda'a.

Kanuma irratti hudaa'uun xiinxala sirrii ta'e gochuufis namni xiinxalu sun haallan hawaasichaa hubachuu qaba. Sababni isaas miseensa hawaasichaa waan ta'eef bara jiraate sanatti taateen ta'ee fi sochiileen argaman isas ni ilaallata. Dhimmoonni achi keessatti ka'anis hawaasummaa siyaasaa, dinagdee duudhaa bara sanaa ala ta'uu hindanda'ani. Yaaxinni xiinhawaasaa hojii ogbarruu tokko keessatti waa'ee hawaasummaa, siyaasaa, seenaa, aadaa, duudhaa, falaasamaa, dinagdee fi kanneen biroo qorata. Jalqabbiin isaas jaarraa 20ffaa keessa hayyuu Keneth Burketiin eegalamuufi yaaxinichi akkaataa og-barruun haala jiruufi jireenya

hawaasaa keessatti fayyadu kan of keessatti qabatu akka ta'e Adams (1971) ibsee jira. Dabalataanis, yaaxinichi eenyutu maal irratti tajaajila kan jedhuufis walitti dhufeenya ogeessa kalaqaa yookiin aartiifi hawaasa gidduu jiru sakatta'a. Yaaxinni xiinhawaasaa waa'ee hawaasa barreessichi keessaa dhufeefi ga'een barreessichaa akka qaama caasaa hawaasichaattis maal akka ta'e bira gahuun xiyyeeffannaa argachuu qaba.

Walumaagalatti, akka ilaalcha yaaxina kanaatti ogbarruun kuusaa haala hawaasummaa ibsuufi waa'ee hawaasummaatti dhimma bahame. Kanaaf, yaaxinni xiinhawaasummaa hojiin kalaqaa kanneen haala jiruufi jireenya waa hedduu hawaasaa bal'aa keessatti hubachuu irratti xiyyeeffata. Kana malees, xiinxallii isaas haala ogbarruun jireenya hawaasaa keessatti fayyaduufi akkaataa jireenyi hawaasummaa ogbarruu keessatti faayidaarra oolun walqabata. Kanaafuu, qorannoon kun gooroowwan ogbarruu keessaa diraamaa irratti xiinxala ergaa baasuun barreessaan diraamichaa hojii isaa keessatti wantoota hawaasa Oromoo keessatti argaman waan argeefi taajjabe karaa siyaasaa, seenaa, hawaasaa, dinagdee, duudhaafi kan biroon ergaa akkamii dabarsa kan jedhu xiinxalee waan agarsiisuuf qorannichi ija yaaxxina hawaasuummaan ilaalameera.

## 2.12. Sakatta'a Qorannoowwan Walfakkii

Qorataan qorannichaa qorannoo biroo kan isaan walfakkaatan akka armaan gadiin ilaalee jira. Kanas tokko tokkoon haa ilaallu. Isaan keessaa akka armaan gadiitti dhihaataniiru.

Daani'eel Mengistuu Yimer bara 2019 ALAtti Xiinxala Haas-dubbii fiilmii afaan Amaaraan hojjetame Mata duree 'Teza' jedhurratti Yuunivarsiitii Dirre Dawaatti joornaaliin hojjetamee jira. Qorannichis yaaxina hawaasummaatiin kan dhihaateef mala qulqulleeffataatiin kan dhihaatedha. Walfakkeenyi qorannoosaaf kan kanaa inni tokko, diraamaafi fiilmiin haalaan walitti dhiheenya guddaa qaba. Haalli inni ittiin hawaasaaf dhihaatu walfakkeenya kan qabudha. Kan hawaasni taateewwan raawwataman ijaan daawwachuun ilaaluun irraa baratudha. Lamaan isaaniiyyuu karaa miidiyaalee hawaasaatiin darbu. Kana jechuun yuutuubii, karaa televizyiniin dhihaachuu nidanda'u. Inni lammaffaan ammoo qorannoowwan lamaanuu yaadxnina hawaasummaa gargaaramuun kan hojjetame yoo ta'u, malli qorannoo fudhatames lamaanuu qulqulleeffataadhaani. Garaagarummaan gidduu isaanii

jiru, kan Daani'eel fiilmii afaan Amaaraa haas-dubbii achi keessatti kalaqameefi fiilmii altokko ilaalamee xumuramu yoo ta'u, qorannoon kun ammoo diraamaa Afaan Oromootiin hojjetame xiinxala ergaa irratti ta'uunsaa hanga tokko garaagarummaa isaan gidduu jiru niagarsiisa. Kan lammataa ammoo Lalisaa Tolaa Yuunivarsiitii Finfinneetti qacceessa Waldiddaa Fiilmii Amaanaa irratti xiyyeeffate jedhu bara 2013 hojjeteera. Walfakkeenyi isaa waraabbii jechuun fiilmiifi diraamaan kan walitti siqu waan ta'eef dhaggeeffatanii hubachuudha. Inni kan biraan mala qorannoo akkamtaa (qulqulleeffataa)tti dhimma bahuun isa biraati. Ittuma fufuun maddi ragaa qorannoo kana lamaanii madda ragaa tokkoffaadha. Kana jechuun waraabbiiwwan kana ilaaluun yaadannoo qabachuudhaanidha. Garaagarummaan qorannoo kanaa ammoo diraamaa kutaa jahaatamii tokko qabu ergaa isaa xiinxaluufi fiilmii sa'atii tokkoofi daqiiqaa digdamii torbaa qaaccessuun tokko hinta'u. kana malees kaayyoon qorannoo kanaa ergaa diraamaa Kiyyoo xiinxaluu yoo ta'u, kan Lalisaa ammoo waldiddaa fiilmii Amaanaa qaaccessuudha. Kana jechuun bu'uurumarraa yoo ilaallu, xiyyeeffannoon mata dureewwanii garaagarummaa isaanii agarsiisa.

Walumaagalatti qorannoon walfakkii armaan olitti sakatta'ame irra jireessaan hariiroo diraamaa waliin kan qaban irratti kan xiyyeeffatedha. Garaagarummaan ijoon garuu qorannoon kun ergaawwan diraamaa Kiyyoo keessa jiru xiinxaluudha. Kanaaf akkuma gooroowwan Ogbarruu biroo diraamaa afaan Oromoo irratti qorannoo kanaan nixiinxalameera.

# BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNOO

## 3.1 Saxaxa Qorannichaa

Qorannoon kun kan geggeeffame diraamaa Afaan Oromoo *Kiyyoo* ergaa isaa ija yaaxina hawaasummaatiin kan xiinxalamedha. Kanaaf saxaxni qorannoo itti gargaarame saxaxa ibsaati. Sababni saxaxa ibsaattii gargaarameef iddaattoo qorannoo kanaa irratti hundaa'uudhaan ragaaleen sassaabame jechaan ibsama waan ta'eefidha. Saxaxni qorannoo ibsaa odeeffaannoo sassaabame jechaan akka ibsamu ammoo Addunyaa (2011) ibseera. Kanaaf qorannoon kun saxaxa ibsaatiin kan xiinxalamedha. Gosti qorannoon kun ittiin geggeeffame gosa qorannoo quluqulleeffataadha. Sababiin isaas qorannoo qulqulleeffataan ta'iinsa barbaadame gadi faggeenyaan hubachuufi xiinxaluuf kan gargaare waan ta'eef. Yaada kana kan deeggaru Hayyuun Creswell (1998) Gosa qorannoo qulqulleeffataa yoo ibsuu, ''Qualilative method as the best design to an explorative reaserch'' jechuun ibsa. Kana jechuun ammoo qulqulleeffataan qorannoo tokko ibsuudhaaf hundarra gaariidha jechuun ibseera. Kanaaf ragaaleen sassaabame jechaan waan ta'e ibsuuf gosa qorannoo qulqulleeffataattii gargaarameera.

## 3.2. Madda Odeeffaannoo

Qorannoon kun kan geggeeffame madda ragaa sadarkaa tokkoffaa iskiriiptii diraamaa Kiyyoo kan jedhamu irratti. Kan barreeffames barsiisaa Yiggarramuu Taammanaatiin bara 2014 hanga 2016tti karaa TV OBNtin qilleensarra oolaa ture. Iskiriiptii diraamaa kanas kan argadhe barreessaa kana waliin bilbilaan walquunnamuun kan ofii barreesse naaf kennee itti gargaarameera. Sababni ani mata duree kanatti gargaarameef diraamaa irratti xiinxalli ergaa sadarkaa digirii lammaffaatti hojjetamee waan hinjirreef akkasumas diraamaan ergaa maal fa'a dabarsuu akka danda'u ifa baasuufidha. Dabalataanis yaaxina hawaasummaa kan filadheef diraamaan dhimmoota yookaan waa'ee hawaasaa hawaasichumaaf waan dhiheesssuuf yaaxinoota jiran keessaa sirriitti ibsuu danda'a jedhee waan yaadeefidha.

### 3.3. Iddaattoo fi Iddaatteessuu

Irraawatamni qorannoo kanaa diraamaa TV Afaan Oromoo ‘’Kiyyoo‟ jedhu irratti yoo ta’uu diraamichas kan filadhe tooftaa iddaatteessuu kaayyeeffataatiin. Sababni isaas ragaaleen qorannichaaf na barbaachisan diraamicha keessaattii waan argamaniif. Kanaaf Irraawatamni qorannoo kanaa diraamaa Afaan Oromoo ‘’Kiyyoo’’ jedhu irratti yoo ta’u ergaa diraamichaa ija yaaxina hawaasummaatiin xinxaleera.

### 3.4. Meeshaa Funaansa Ragaa

Adeemsa qorannoo tokko galmaan gahuu keessatti, meeshaalee ragaan ittiin funaanamu baayyee barbaachisaadha. Kanuma irraa ka’uun qorannoo kana keessaattis mala sakatta’a dookumentiitu dhimma itti bahamee jira. Sababni mala kanattii gargaarameef immoo barreeffamootaaf ragaalee adda addaa qorannoo kanaaf gargaaran kan funaanameefi xiinxalame barruu (iskiriiptii) dhiyaate keessaa waan ta’eef. Iskiriiptii diraamichaas barreessaa diraamaa Kiyyoo Yiggarramuu Taammanaa quunnamee isa biraa argachuun xiinxala gaggeesseera.

### 3.5. Mala Xiinxala Ragaalee

Hojii qorannoo kana keessaattii xiinxala osoon hin geggeessin dura barruu yookaan iskiriiptii diraamaa Kiyyoo Yiggarramuu Taammanaa biraa akkan argadheen sirriiti gadifageenyaan diraamicha ilaaluun iskiriiptii barreeffames irra deddeebiin dubbisuun ergaa isaa yaaxina hawaasummaatti gargaaramuun xiinxaleera. Xiinxala kanas ragaaleen kan ittiin sassaabaman cheekilstiitti gargaaramuun bakka xiyyeeffannoo qabu kutaawwan yookaan scene keessa deemuun walitti fidee xiinxala gaggeesseera. Sababnisaas bakkeewwan muraasatti walfakkeenyaaf irra deddeebii waan qabuuf gaaffilee cheekilstii irratti hundaa'uun xiinxaleera.

# BOQONNAA AFUR: XIINXALA RAGAALEE

Qorannoon kun xiinxala ergaa diraamaa Kiyyooti. Boqonnaa tokko keessatti akkuma ibsame, boqonnaa kana keessatti ammoo ergaa karaa diraamaa kiyyootiin hawaasaaf karaa garaagaraa dhihaate yaaxina hawaasummaatiin kan xiinxalamedha. Ergaa kanneenis, mata duree addaa addaa jalatti qoqqooduun akkaataa armaan gadiitti dhihaateera.

**Odeeffannoo Waliigala diraamaa Kiyyoo**

Diraamaa Afaan Oromoo jiran keessaa Kiyyoon isa tokkodha. Innis kan barreeffame barreessaa diraamichaa Yiggarramuu Taammanaatiin Caamsaa 2013/2021 yoo ta'u, bara 2014 hanga 2016tti ALItiin karaa televizyinii OBNtiin daawwattootaaf qilleensarra oolaa (dhihaataa) kan turedha. Diraamichi hawaasa Oromoof barsiisaa, bashannansiisaafi seenaa uummata Oromoo sirriitti kan agarsiiseefi calaqqisiise jechuun gulaalaan diraamichaa Habtaamuu Addunyaa gaafa guyyaa 30/1/2024 A.L.Atti Aanaa Interteyinmentii irratti dubbateera. Kanaaf ragaa kan ta'u haasaa jiraattota hawaasa magaalaa Adaamaa muraasa gaafuma guyyaa 30/1/2024 A.L.Atti haasofsiisaniin Habtaamuu Addunyaa itti dabaluun yoo ibsu, akka baayyee jallatameef hawattummaa argatedha. Waa'ee uummata Oromoo karaa taatoowwan diraamaa gargaaramuun dhimmoota garaagaraa hedduu calaqqisiiseera. Haalli diraamaan tokko ittiin dhihaatu hirmaattota hedduu ofkeessaa qaba. Isaan keessaa barreessaa diraamichaa irraa ka'ee kanneen akka daayireektaraa, prodaakshinii, namoota kaameeraan waraaban akkasumas taatota kanneen achi keessatti argaman fa'a akkaataa itti aanuun kaa'amaniiru.

**CREW (Namoota Diraamicha Duuba Jiran)**

| | |
|---|---|
| Barreessaan | Yiggarramuu Taammanaa |
| Daayreektera | Alamuu Qumbii |
| Produusera | Yiggarramuu Taammanaa |
| Pirodaakshinii | Milky Advertising and Promotion |
| Ediitera | Saamu'eel Taayyee (Sami) |
| Kaameeraa | Abdii Qalbeessaa |
| | Daraaraa Bantii |
| | Adaanee Warquu |

**Taatota Diraamichaa**

| | |
|---|---|
| Meelaalaa | Meerii Didhaa |
| Siinan | Soolan Admaasuu |
| Firaa'ol | Amaanu'eel Fiixumaa |
| Caalii | Mintawaab Hayiluu |
| Dureettii | Roomaan Addunyaa |
| Mooneet | Haannaa Birhaanuu |
| Dabrituu | Asaggadech Tsehaay |
| Caaltuu | Almaaz Fayisaa |
| Bilisee | Caaltuu Balaay |
| Siifan | Eebbisee Fiqaaduu |
| Roobsan | Mihratuu Qannaa |
| Yeroosan | Waaqwayyaa Katamaa |
| Gammadaa | Gaashahuun Badhaasoo |

| | |
|---|---|
| Badhaasa | Daani'eel Abarraa |
| Boonaa | Esheetuu Damisee |
| Oliyaad | Siisay Mootummaa |
| Abdiisaa | Baatiruu Damee |
| Moosisaa | Nimoonaa Girmaa |
| Tolaa | Raggaasaa Kaabaa |
| Fayisaa | Yifruu Balaachoo |
| Keetooraan | Amartii Dassaalany |
| Feenan | Umeeraan Kabiir |
| Gaaddisee | Ayyaantuu Waaqgaarii |

Kanneen armaan oliitti maqaan isaanii eeraman kunneen taatota yookaan namfakkiilee diraamaa Afaan Oromoo Kiyyoo keessatti hirmaachuun aartii keenya guddisuu keessatti gahee olaanaa bahataniiru. Tokkoon tokkoo isaanii bakki isaanii hamma danda'an gaheen isaan taphatan marti akka hawaasni irraa waa baratuuf hawaasichaaf ergaa dabarsuu akka danda'uttidha. Kanaaf ergaa achi keessa jiru karaa garaagaraan calaqqisiisaniiru. Kana irraa ka'uun ergaa diraamicha keessa jiru, kan hawaasni irraa barateera jedhu akkaataa itti aanee jiru kanatti xiinxaleera.

## 4.1. Xiinxala Ergaa ijoofi xixxiqqoo diraamaa Kiyyoo keessa jiran

### 4.1.1. Xiinxala ergaa ijoo diraamaa kiyyoo

Ergaan ijoo ergaawwan xixiqqaan baatamee hanga dhumaatti kan deemudha. Dhalli namaa gadoof gadadoo hanga danda'e ofirraa cabsuuf ciisee hinbulu. Kana jechuun miidhaa karaa dalgaa namarra gahe ofirraa deebisuuf/qolachuuf baayyee tattaafata, dhama'as. Gadoo yookaan haaloo jechuudhumti miidhaa qaamni tokko ajjeechaa fa'a namarraan gahe,

deebisanii abbicharratti raawwachuudha. Kanaaf jecha haaloo kana baafachuuf kiyyoon qabamuutu jira. Kana hubachuuf hafee diraamichaa ilaaluun nidanda’ama.

**Sa’aa:** **<u>Guyyaa</u>** **Eddoo:** **<u>Mana Meelaalaa/Siifan</u>**

**<u>Meelaalaa</u>**: Sinaan si hin gadhisuu jedhee ammayyuu sababa keef nagadhisee..

**<u>Dabriituu</u>**: Maarree inni hoo maalif siwajjiin hin dhufniree

**<u>Meelaalaa</u>**: Lakkii hojii qaba Garuu naruu nagaa naaf dhaamii naan jedhee jira

**<u>Sifan</u>**: Adaadoo mee goorsiin Sinaan wajjiin dafanii akka walfudha…. Silaa amala Meelu ni beekta waan namni jedhuu hin dhageessuu…

**<u>Dabriituu</u>**: Anis yaada atii kaastee kanattii nin amana. Sinaan nima baay’ee gaariidha heedduu sijaalata

**<u>Meelaalaa</u>**: (Aariidhaan suuraa abbaa ishee yoo laaltu mulattii) Adaadoo! Akkamitti akkana naan jetta? Namnin ani qabuu, namni na hubatuu siqofa bar…

**<u>Dabriituu</u>**: Maal godhuu Meeluu? Atii intala durbaatii umriinis dhaabbatee si hin eguu… Hundumaa dhisii tasgabaahii jireenya nagahaa jiraadhuu

**<u>Meelaalaa</u>**: Adaadoo ani jireenya nagahaa kanin jiraadhuu bultii yoon qabadhee osoo hin taanee isaan abbaa koo ajjessan san gadoo yoon bahee… yeroo sana abbaan koos lubbuun isaa nagahaa boqattii anis jireenya nagahaan jiraadha!

**<u>Sifan</u>**: Kunoo laalii jalqabni!

Mil’uu 1

Hafee oliirraa kan hubannu, Meelaalaan dhimma kam keessaa baatee, Gadoo abbaa ishee bahuuf yaalii taasisuu jalqabdee jirti. Kanaaf yaada Siifaniif adaadaan ishee Dabrituun gorsan fudhachuu diduudhaan yaada mataa ishee qofa dhaggeeffataa jirti. Kanaa irratti hundaa’uun gadoo baafachuuf jecha kiyyoo keessa seenuu ishee agarsiisa. Kanaaf namni tokko tokko rakkoo tokko furuuf jecha kan biraa akka uumamuu danda’u yaaduun, rakkoo biraa keessa akka nama hingalchinetti dhugaa jiru adda baafachuu akka qabu agarsiisa. Kana hafee armaangadiirraa hubachuun nidanda’ama.

**Meelaalaa:** Roobsan badiin ani firaa'olirratti raawwadhe namaraachuuf ta'a. baadiyaa deemee dhugaa jiru hundaa gaafan baru baay'ee natti dhagahame. seenaan abbaa kiyyaa fi abbaa Firaa'ol akka ani beeku sanaa miti.

Mil'uu 338

Hafeen olii kun kan agarsiisu gadoo bahachuuf qofa yaaduuf osoo hintaane dhugaa jiru adda baasuun baayyee barbaachisaa akka ta'e nama hubachiisa. Akkuma Meelaalaa kana miidhaa kana raawwachuuf jecha miidhaa biraa keessa seenuunis jira. Kanaaf maqaa diraamaa kanarraa hubatamutti Kiyyoon rakkoo yookaan xaxaa tokko keessa seenuun waan nama danquun qabamuun dhiphachuu kan agarsiisudha. Kiyyoo kana keessa kan seenamu ammoo gadoo bahachuuf jedhamee ta'uu danda'a.

Gabaabumatti yoo ni ajjeese ta'e, ajjeesuu, yoo ni gube ta'e gubuuf kan kana fakkaataniin abbichaaf deebii kennuun ta'a. Haaloo (gadoo) hanga bahatutti sammuun isaa hinboqotu. Kana irratti hojiin Ogbarruu gaheen isaa waan hawaasa keessa jiru baasee mul'isuudha. Kan inni barsiisus yoo sirrii ta'e gaariidha itti fufi, dogoggora taanaan irraa deebi'i jechuun karaa agarsiisa. Kana irratti bu'uureffachuun gumaan yookaan haaloo bahuun diraamaa Kiyyoo maal akka ta'e akkaataa hafee diraamaa kiyyoo itti fufee jiruun xiinxalameera.

**Sa'aa: Guyyaa** **Eddoo: Mana Meelaalaa**

/Balbala irra Obboo Tolaa fi Firaa'ool (waggaa 20) dhaabbatani mul'aatuu postaa harkattii qabatanii), (Tolaan Abbaa Firaa'oolii)

Abbaafi Sifan gadi bahuu (Obboo Fayyisaan baay'ee rifatuu)

**Tolaa**: Tolee Fayyisaa qarshii kiyya sa'aa 24 keessattii kafaluu baanaan manichi kan koo tahaa. Kanaaf, sa'aa 24 sif kennun jira

**Fayyisaa**: /Rifaatuudhaan/ Maaloo Tolaa akkana hin godhiin umrii kanaan ijollee kana maalin godha. /Meelaalaa fi Sifan rifatuudhaan Abbaa isaani jala seenuu…? Deemaa manatti gala jedhaan/… Ijooleenis sodaadhaan obboo Tolaa ija ija keessa ilaaluu/

**Tolaa**: Na dhageessa! Carraa kana si'aa inaan egaa turee… garaa sif nahuu hin qabuu hanga boruuttii maalaqa koo naaf hin kennituu taanaan manicha nan dhunfadha… wali galtee kana harka keetiin mallatteessitee /postaa itti mul'isa/

(Firaa'ool Rifaatuudhaan abbaa cinaa dhaabbatee mulaata)

**Fayyisaa**: Maaloo Tolaa ijoollee kootii jedhii nadhisii (Milarratti kufee booha)…. Maaloo ijollee haadha malee guddisee… karaarrattii nu hin baassiin maaloo)

**Tolaa**: Maalaqichaa yeroo liqeeffatuu kana yaaduutuu sirra turee… Hanga boorutti yeroo qabda (jedheeni Fraa'olin harkiisee bahaa)

**Fayyisaa**: Laphee isaani akkuma qabataniin ni kufuu…. (Meelaalaa fi Sifan Abbaa jedhani boohuu Meelaalaan gara alaa baatii)

**Meelaalaa**: Obboo Tolaa! Obboo Tolaa! (Obboo Tolaan ittii naanna'ani laaluu) Abbaan koo waan Tokko taanaan isin hin dhisuu ani Meelaala Mitii! /Jettee figaa ol galtii/

**Meelaalaa**: (Imimmaan ishee haaqachaa) Obboo Firaa'ool Abbaa kee qofa osoo hin tahini Atis gahee qabda turee Abbaan koo yeroo du'uu abbaa kee wajjiin turtee Abbaan kee lubbuudhaan jiraatee gatiisaa keenufii baadhuus atii garuu gatii ni kafalta /Jetteni biroodhaa Baatii)

Scene 30 Flash Back For Scene 29

Hafeen diraamaa kanaa akka agarsiisutti; yaadannoo akkaataa itti abbaan ishee (Meelaalaa) du'e yaadattee booda gocha abbaan Firaa'ol raawwate Firaa'ol irratti haaloo bahachuuf sammuu ishee keessatti murtoo gochaa jirti. Sababni isheen Firaa'ol irratti gochuuf yaaddus abbaa isaa biratti yeroo sana arguudha.

Haaloon yookaan gumaan kan bahamu, nama nagaa irratti osoo hintaane, sababa namni sun miidhaa hojjeteef isarraanis gahuudha. Kan Meelaalaas kanuma kan fakkaatu **Obboo Firaa'ool Abbaa kee qofa osoo hin tahini Atis gahee qabda ture. Abbaan koo yeroo du'u abbaa kee wajjiin turtee Abbaan kee lubbuudhaan jiraatee gatiisaa keenufii baadhuus atii garuu gatii ni kafalta** jechuun ishee aariifi miidhaa abbaan isaa raawwatetti sababii inni guyyaa sana wajjin jiruf yookaan biratti agarte qofaaf abbaa kee yoon dhabe gumaa isaa ni kaffalta jechuudhaan itti ofiin dubbatti. Meelaalaan gocha yookaan miidhaa abbaan isaa irratti

raawwate, erga abbaan isaa du'ee Firaa'ol irratti haaloo bahuuf kan yaadaa jirtu ta'uun xiinxalameera. Dabalataan fakkeenya itti aanee jiru ilaaluu ni dandeenya.

**Sa'aa: Guyyaa Eddoo: Mana jireenya Addee Dabrituu**

**Dabrituu**: Maalii intala too osoo natti hin himiin tasa dhimma maalituu si fidee? Maali nagumaanii?

**Meelaalaa**: Lakkii nagumaani adaadoo maalii nah in yaannee moo?

**Dabrituu**: Siyaadeen jira… tasa waan taheef rifadhee malee … koottuu olseeni

**Meelaalaa**: /xiqqoo erga teessee booda/ Adaadoo kana caalaa kophaa koo qabachuu hin daadeenyee wantaa sitti himun qaba.

**Dabrituu**: Maalinni Sinaanin wal fudhuuf murteessitan moo /Gara garaashee laalaa/ maali maaltuu ummamee?

**Meelaalaa**: Lakkii Adaadoo waa'ee Sinaanii mitii…. Ih… Nama abbaa koo ajjeesee argadheen jira.

**Dabrituu**: Akkamittii? Maal? Essattii?

**Meelaalaa**: Niyaadatta yoo tahee naannoo waggaa har'aa sagantaa Televiznii tokko osoon laaluu kan agarre yeroo dhumaaf gaafa abbaan Hospitaala gale namicha dhufee sana

**Dabrituu**: Enyuu Fayyisaamoo?

**Meelaalaa**: Eyyee ijoollee isaa wajjin dhufee sin jedhee turee

**Dabrituu**: Eyyee… kanaaf?

**Meelaalaa**: Gonkumaa dagachuu hin dandeenyee akkuma TV irrattii isa argeen yaadadhee

**Dabrituu**: Maal jechaa turee TV gubbaattii?

**Meelaalaa**: Waa'ee hojiisaanii dubbachaa turee. Anis yerooma sanin maqaafi teessoo dhaabbaticha isaani qabadhe.

**Dabrituu**: Kanaaf?

**Meelaalaa**: yeroo eegee yeroo isaan beeksiisa baasan hordoofee amma achitti darbee hojjechurrattin argama.

**Dabrituu**: Maal? Kanaaf amma namoota abbaa kee ajjeesan wajjin dinoota keenya wajjiin hojjeechaa jira naan jechaa jirta? Hojii kee san fakkaatuu kan dhistee kanaafii

**Meelaalaa**: Eyyeeni Adaadoo maalif sitti fakkatee….

**Dabrituu**: Dhisii malee Meeluu maalif balaa gubbaa of buusta? Enyummaa kee yoo beekee hoo? Waan ta'ee yoo sigodhee hoo?

**Meelaalaa**: Abbaa koo maalaqaaf jedhani akka ajjeesan hin dagattuu mitii? Animmoo maallaqa isaa ittin of jajaan sana harka isaani irraa butee duwwaa hambisuun barbaada. Ajjeesee ykn waan tahee godhee umrii koo mana hidhaatti kan fixuu ani gowwaa mitii. Qabeenya isaani saamee harka duwwaa yoon hambisee yoos lubbuun abbaa koos nagahaan booqattii

Scene 40

Hafee waliin dubbii diraamaa kiyyoo kanaarraa wanti hubatamu, jalqabarratti kan waan tokko raawwachuuf daandii/karaa ittiin galma geessisan sanatu barbaadama. Askeessatti

Meelaalaan **Nama abbaa koo ajjeesee argadheen jira** jettee adaadaa isheetti himte. Kana jechuun aariin/gaddii akkasumas waa'een abbaa ishee sammuu ishee keessaa hinbaane jechuudha. Gadoo yookaan haaloo bahachuuf ciistee bulaa akka hinturre agarsiisa. Akkuma hafee armaan oliirraa ibsutti **Waa'ee hojiisaanii dubbachaa turee. Anis yerooma sanin maqaafi teessoo dhaabbaticha isaanii qabadhe** jette. Meelalaan TV irratti beeksisa isaanii waan argiteef dirqama achi seentee hojjettee warra maallaqaaf jedhee abbaa ishee ajjeese haaloo bahachuuf murteessite. Kaayyoofi dhimma biraaf osoo hintaane gumaa abbaa koon baasa yaada jedhuun. Isheenis '**Abbaa koo maalaqaaf jedhani akka ajjeesan hin dagattuu mitii? Animmoo maallaqa isaa ittin of jajaan sana harka isaani irraa butee duwwaa hambisuun barbaada'** kan jettu karaa isheen ittiin gumaa bahachuuf filattedha. Kun nama hunda biratti walfakkaataa miti. Inni kaan ajjeesee, kaan qabeenyaa isaa jalaa fudhatee yookaan balleessee, kaan ammoo namuma sana mana adabaatti hiisisee aarii keessa isaa/gumaasaa bahata.

Kanaaf Meelaalaan '**Ajjeesee ykn waan tahee godhee umrii koo mana hidhaatti kan fixuu ani gowwaa mitii. Qabeenya isaani saamee harka duwwaa yoon hambisee yoos lubbuun abbaa koos nagahaan booqatti**' jechuun karaa ittiin gumaa bahattu filannoo godhatte. Kana jechuun sababa maallaqaaf abbaan ishee ajjeesan ofii isheef ajjeestee osoo hintaane maallaqicha harkaa saamtee gadoo ishee bahachuu akka barbaaddetu qorannoo kana keessatti xiinxalameera. Waliin dubbii armaan gadii keessatti adeemsa meelaalaan hordofaa jirtu agarsiisa.

**Yeroo: Ganama Eddoo: Biiroo Firaa'ol**

Firaa'ool xarabeezaa gubbaattii dokmantii garagaraa laala Meelaalaa immoo teessoo gubbaa teessee mul'aattii

**Firaa'ool:** Meelaalaa! Har'aa kanan siwaameef qormaatas intarviwuus sadarkaa tokkofaadhaa waan dabarteefi

**Meelaalaa:** Dhugaa heeddun gammadee

**Firaa'ool:** Garuu akkan raga barnoota kee argeettifi hojiin amma hojeechaa jirtuu kanarra baay'ee fooyya'aadha. Akkamittii marketing Manajeraa irraa gudii butee ogumma gurgurtaatiin nu wajjiin hojjechuuf murteessitee?

**Meelaalaa:** Dhugaa dubbachuuf hojiin amma hojjechaa jiruu darbee darbee Fildidhaaf magaalaadha bahuun nijira. Akkasumas yeroo tokko tokko halkanessani bahunis waan jiruf animmo amma barnoota koo maastarsii barachuu wanin barbaaduf hojii koo wajjin waan natti hin mijannef murtoo kana murteessee

(Scene 5)

Hafee armaan oliirraa wanti agarru, scene shanaffaan kun waliin dubbii scene afurtammaffaa irratti hundaa'uudhaanidha. Namni gumaa bahachuuf barbaadu haala mijataa dhiisee hanga waan kaayyoo isaa galmaan gahatutti daandii jireenya isaa (mijataa) gadi dhiisa. Kana jechuun waan yaadan milkaa'uuf daandiin qajeelaan hinjiraatuudha. Scene 40 gubbaarratti, ''**Gonkumaa dagachuu hindandeenyee akkuma TV irrattii isa argeen yaadadhe. Waa'ee hojiisaanii dubbachaa ture. Anis yerooma sanin maqaafi teessoo dhaabbaticha isaanii qabadhe''** jechuun ishee dhaabbata kanatti qacaramuuf akka ta'edha. Kana irratti hundaa'uun scene kana lamaan walbira qabnee yoo ilaalle irratti kaayyoo isheen dorgomtee qacarrii darbuu ishee haaloo bahachuuf kan dhaqxedha malee qacarrii hojiif akka hintaanedha. Meelaalaan waa'ee dhaabbatichaa gaafa barte waa'ee qacarrii dorgomtee achi galuu osoo hintaane waa'ee ajjeefamuu abbaa isheeti. Dabalataan sababoonni isheen dhiheessite kanneen akka; magaalaa keessaa bahuu, halkaneessanii bakka hojiitii bahuu, barnootaa fa'aa dhugaarratti kan hundaa'an osoo hintaane milkaa'ina karoora isheef kan gargaaranidha. Qorannoo kana keessatti gumaan yookaan gadoon miidhaa karaa nama biraa namarratti raawwatame deebisanii raawwachuu akka ta'e xiinxalameera. Kana malees, kaayyoof karoora ofii nama hundatti odeessaa deemu taanaan milkaa'uu dhiisuu waan danda'uuf iccitiin qabachuun barbaachisaa akka ta'edha. Kanumatti fufuun iccitiin keessa ishee maal akka ta'eef akkamitti akka raawwachuuf karoorsitu ilaalla.

**Sa'aa: Guyyaa Eddoo: Mana warra Meelaalaa**

**Sifan**: Ani kanin barbaaduu atii gammadduu akka taatuu qofa… Galatasaa amma kunoo afaan keetii jechii gadoo gadoo jedhu bade /Gara keessaatti olseenti/

**Meelaalaa**: /Sofaarra akkuma teesseen/ kana booda kutannoodhaan gochaan ammarra gahee jira kana boodas homtuu nah hindhaabuu… Hay Firaa'ool hammam akka sijibbuu osoo beektee… Qabeenya ati ni qaba jettu hundasaa harka koo yoo galchee qofa lubbuun abbaa koo nagahaan boqota. Hay Sinaan guyyaa tokkoo dhifama naaf

goota tahaa… akkamitti jaalala keenyaaf jedhee gadoo abbaakootii osoo hin bahin hafa?... kaayyoo koo gaafan galmaan gahuu hunduu na hubata… Hangasitti kan garaa koo garaattii qabadhee hojii koo hojjedha Amma wantiin yaaduu qabuu akkam godhee Firaa'oolin harka koo keessa akkan galchuu qofa.

Scene 66

Hafeen olii akka mul'isutti, ofiin dubbii Meelaalaa keessatti dhoksaa keessa isheetti qabattee (obboleettii ishee dhoksuun) nama jaalattu dhiistee tooftaan nama gumaa irratti baatu jaallattee qabeenya isaa fudhachuu akka ta'e bira gahameera. Sababni Meelaalaan obboleettii ishee dhoksituuf gadoo kan jedhu dhagahuu waan hinbarbaannefidha. Inni biraan, ''**Hay Firaa'ol hammam akka sijibbuu osoo beektee''** jettee kan isheen dubbattu dhoksaan garaa ishee Firaa'oliif jibba qabaachuu bira darbee gadoo irratti raawwachuuf deemaa akka jirtu beekti. Firaa'ol garuu hinbeeku. Namni haaloo bahuuf barbaadu nagaa fakkaatee miidhaa guddaa namarraan gahuu akka danda'udha. Kanumatti fufuun fakkeenya itti aanurraa ilaaluun nidanda'ama.

**Sa'aa: <u>Guyyaa</u> Eddoo: <u>Mana cisiichaa Firaa'ool</u>**

**<u>Firaa'ool</u>**: Maal inni Meeluu? (Waraqaticha yeroo dubbisuu rifaatuudhaan siree irra ka'aa) Meeluu!

**<u>Meelaalaa</u>**: Akkuma dubbisteen… akka wal hiiknuu mana murtiitti si himadheen jira….

**<u>Firaa'ool</u>**: Maal Maalif?

**<u>Meelaalaa</u>**: Sababni isaa sifii Abbaa keetii kan abbaa koo Ajjeesee

**<u>Firaa'ool</u>**: Meeluu ani bar boruu….

**<u>Meelaalaa</u>**: Amma homaa naan hin jedhiin calisii nadhageeffadhu… Ani sijaaladhee hin beekuu inumaayyuu ani baay'een si jibba.

**<u>Firaa'ool</u>**: Maal?

**<u>Meelaalaa</u>**: Eyyeeni… Niyaadattaa abbaankee mana keenya dhufee abbaa kiyyaan maallaqa fidduu malee jedhee yeroo inni dhiphisuun atis wajjin turtee…

**<u>Firaa'ool</u>**: Meeluu kanaaf atii kan natti heerumte gadoo san bahufii

**<u>Meelaalaa</u>**: Eyyeni… Abbaan kee maallaqaaf jedheni abbaa koo ajjesse… Ani garuu isin hin ajjesuu yoo xiqqaatee maallaqa ittin boontan sana isinirraa fudhachuun yoo lubbuu abbaa kootii deebisuu baadhees boqqonnaa argadha.

**<u>Firaa'ool</u>**: Ani kana hin amanu, akkamitti gadoodhaaf fageenya kana hunda deemta?

**<u>Meelaalaa</u>**: Ani amma kana hunda dhagahu hin barbaadu kanin barbaaduu hikkaa fi qabeenya keeta'ee walakka isaa qodachudha

**<u>Firaa'ool</u>**: (Moobaayilii isaa bane sim kaardii baasaa) Maal sitti fakkaatee meelaalaa wal fudhuu keenya dura si shakkaa waanin tureef wantan qabu hunda maqaa Biliiseetinin godhe. Konkoolaattoota, Faabrikaa, Mana amma keessa jiraannu kan biro hahafuutii Maallaqa ittin fayyadamnuu maqaa Billiseetin kaa'ee. Maalif sitti fakkaata yeroo hunda Cheekii maqaa Biliseetin kanin fudhadhu? Kanaaf hodhuu simkaardii kana walakkaa isaa oso hin ta'in guutuu isaa kana qofa maqaa kiyyaan kan jiru. (Fularratti darba)

Scene 255

Hafee armaan oliirraa kan mul'atu, wanti dhokataa ture kaayyoon, yaadni, akkasumas ergaan isaanii ifa bahedha. Kana jechuun Meelaalaan gumaa abbaashee bahuuf maallaqicha karaa ofii yaaddeen deebisuuf yeroo harkaa kufu, Firaa'ol kaayyoon inni shakkiin akka isheen gadoof deemtu waan bareef qabeenya isaa maqaa obboleettiitti jijjiiruun milkaa'eef akkasumas dhaamsi diraamicha keessatti gadoo bahuuf yaaluun miidhaa akka qabuuf milkaa'uu dhabuu akka danda'u bira gahameera. Dabalataan, namootni miidhaa wal irratti raawwatan gadoo bahachuuf deeman yeroo hunda milkaa'a osoo hintaane namni nama miidhes ofshakkaa akka deemu agarsiisa. Qorannoon kun kan agarsiisu, tokkoffaa namni gadoo haaloo yookaan gadoo bahuu qofa osoo hintaane karaa nagaas yaaduufi furmaata waan ta'u yaaduu akka xiinxaleera. Ergaa taatonni diraamichaa miidhaa gadoon qabu akka fakkeenya itti aanee dhufe keessatti haa ilaallu.

**Yeroo: guyyaa** **Eddoo: hospitaala keessa**

**Roobsan:** maal Firoo ni calliste maal taate?

**Firaa'ol:** homaa.

**Meelaalaa**: Maalinni Firoo?

**Firaa'ol:** Sababa eenyuuf akkan as ciisu wallaaltaniitu?

**Roobsan**: Siinan waan hammana gahu nurratti hojjetee akkasumatti hafuu qaba jettee yaaddaa?

**Meelaalaa**: Roobsan yaada akkasii hinkaasin.

**Roobsan**: Akkasumatti hafuu qaba jettee yaaddaa?

**Meelaalaa**: Roobsan maal taate atimmoo? Firooko ilaali, amma kan ati xiyyeeffachuu qabdu waa'ee fayyaa keetiiti. Inni kaan yeroon isaa ni ga'a. Fayyuudhaaf ammoo yaadni kees qalbiin kees qajeelaa ta'uu qaba. Gaaga'ama kana hundumaa kan taasise seenaa sobaa natti himamee gadoon bahadha jedhee oliif gadi waan hintaane ani raawwadheeni. Ammammoo irra deebinee waan kana raawwannaa? Otuu fayyaan kee iddootti hindeebi'in as ciisanii kana yaaduun mataan isaa dhukkuba biraadha.

**Bilisee**: Firoo Meeluun dhugaashee jette. Ati anaaf obboleessa ani qabu tokkicha. Maaloo deebistee gadoo biraa keessa nun galchin.

Akka hafeen diraamaa kana olii xiinxalametti, gadoo bahachuuf yaaluun miidhaa malee bu'aa akka hinqabne, hammeenya qaama lamaan gidduutti kan jabeessaa deemu malee nagaa buusuu akka hindandeenye ta'uu agarsiisa. Firaa'ol **''Sababa eenyuuf akkan as ciisu wallaaltaniitu?''** jedhee gaafatu, gumaakoo nan baha/ofiis miidhama kiyya deebisuun qaba yaada jedhu bakka dhukkubsatee ciisu taa'ee yaada. Hiriyaan isaa Roobsan yaada isaas deeggaruun gumaa isaa bahuu akka qabanidha; garuu Meelaalaafi Biliseen gadoon bu'aa tokko akka hinqabneef ammas miidhama biraa keessa akka hinseennetti gorsu. Biliseen ammoo gadoo dhiisee nageenyaan akka furamuuf yaada kenniti. Kana irratti hundaa'uun ergaan ijoo diraamaa kiyyoo keessa jiru, dhumni gadoon miidhaa malee faayidaa akka hinqabne ta'uun xiinxalameera.

Yaada Meelaalaa irratti bu'uurri rakkoo marti seenaa dogoggoraa isheetti himameef gadoo isheen nan bahadha jettee adeemaa turte akka ta'edha. Kanarraa wanti hubatamu, hawaasa keessattis kan gadoo bahuun gaaga'ama fayyaa, qabeenyaa, akkasumas nageenya booressuu malee faayidaa kan hinqabnedha. Xiinxala qorannoo kanaanis, dhugummaan isaa maal akka ta'eef bu'uura isaa osoo adda hinbaasin gadoon bahadha jechuun qaama kamiyyuu biratti bu'aa kan hinqabne ta'uun bira gahameera. Hafee itti aanurraa namni ofilaaluufi nagaa yaaduun waan hundumaaf faayidaa akka qabutu bira gahame.

**Yeroo: guyyaa Eddoo: hospitaala siree irra ciisee**

**Firaa'ol:** Waaqayyoo waan hundumaa nama oolcha. Hunduu darbee osoo namni nu keessaa hinhir'atin har'a geenyeerra. Obsaan waan hunda dabarsuun koo waan gaariif

ta'e. Gadoon dhaloota miidha. Gadoon jireenya booressa. Gadoon uumaa waliin walittii nama buusa. Anis dubbii kana gartokkotti gorsiisuutu narra jiraata.

Akka hafee diraamaa olii kanarraa mul’atutti, yaadni hamaan waan hundumaa miidhuu akka danda’uuf obsuun ammoo gaarii akka ta’e agarsiisa. Kan darbe waaqasaa galateeffatee isa gara fuulduraaf nagaa buusuu akka barbaadu hubachiisa. Gadoon hawaasa keessatti dhalootaa dhalootatti darbee miidhaa kan geessisuuf miidhaa malee faayidaa kan hinqabnedha. Kanaaf hojiin Ogbarruu hawaasicha waan ibsuuf yaadni namfakkiin diraamaa kanaa ergaa gadoon faayidaa kan hinqabne ta’uu hawaasa bal’aaf kan dabarsu ta’uutu xiinxalameera.

Walumaagalatti ergaan ijoo diraamaan kun jalqabaa kaasee hanga dhumaatti/xumuraatti gahe gadoo bahachuu irratti kan xiyyeeffate ta’uu isaa xiinxala kanaan bira gahaameera. Kunis jalqabaa kaasee hanga dhuma diraamichaatti gadoon kan miidhaa fidu malee faayidaa tokko kan hinagarsiifnedha. Kana jechuun ammooo rakkoofi walitti bu’insa namoota garaagaraa gidduutti ta’e karaa nagaan akka furamuu qabu qorannoon kun niakeeka. Miidhamni karaa kanaa dhufu itti babal’achuun lubbuu galaafachuu, qabeenya balleessuu, nagaa booressuu akka danda’u xiinxalameera.

### 4.1.2 Ergaawwan xixiqqoo diraamaa Kiyyoo gabbisan

Ergaawwan xixiqqoo diraamaa tokko keessatti argaman jaargocha diraamichaa gara fuulduraatti harkisuuf kan gargaaranidha. Diraamaa kana keessattis ergaa dhimmoota garagaraa of keessaatti qabatanii akka jiran xiinxalamaniiru.

#### 4.1.2.1 Xiinxala ergaa diraamaa kiyyoo Gama Seenaan

Seenaan taatee yeroo darbe keessa gaarii yookaan yaraan ta'ee darbe kan yaadatamudha. Seenaan mudannoo darbe kan itti qorannu, bara keessa jiraannuuf barumsa kan itti fudhannu, akkasumas jireenya (kaayyoo) keenya fuula-duraaf wabii gaarii kan itti argannudha. Seenaan waa’ee isa darbe qofa osoo hin taane isa darbe sana kan amma jirufi isa fuula-duratti dhufutti kan walittis hidhudha. Sababnisaa seenaa dogoggoraa qajeelchuuf, irra deebiin akka hinraawwatamneefi muuxannoo akka ta’uuf gargaara. Kanneenis hojii aartii keessa galchuun dhiheessuun barsiisuun ni danda’ama; gaariis ta’a. Diraamaan kiyyoo seenaa akkamii akka of keessaa qabuf akkamitti akka kalaqame haala armaan gadiin ibsameera.

**<u>Caaltuu</u>**: Maal qaba Itiyyeen lubbuudhaan jiraatanii osoo kana arganii (Mira gaddaatiin)

**Bilisee**: Caaltuu atii guyyaa guuyyadhaan osoo maqaa ishee hin dhofnee hin oltuu mitii?
**Caaltuu**: Isaan jechuun anaaf bar haadha caalu turan maal godhuu Biyyeen itti haa salphatuu malee.
**Fraa'ool**: Nutis kunoo ijoollee keetii mitiiree...
**Caaltuu**: Dhugaadha, Itiyyeen ijoollee koo adaraa osoo jedhan booqatanii mitii...
**Bilisee**: Atimmoo caaltuu... sijalqabeemoo. Dhisii amma buna haadhugnnu... booda haasoofna... buna nuf kenni.

(Scene 11)

Akka hafee armaan oliirraa hubannutti, gama seenaatiin haalli jireenya maatii Bilisee fa'a maal fakkaata kan jedhutu ilaalamuu danda'a. Sababnisaa seenaan tokko jireenyi isaanii duraa kaasee hanga har'aatti maal fakkaata kan jedhutu ilaalama. Bal'inaan hafee itti aanuun walqabsiisuun xiinxaluun danda'ameera.

**Yeroo: <u>Guyyaa</u>** **Eddoo: <u>mana Meelaalaafaa</u>**

**Tolaa**: Abbaan kee hoo jiraa?
**Meelaalaa**: Eyyee… Abbaa namni sibarbaada…
Abbaafi Sifan gadi bahuu (Obboo Fayyisaan baay'ee rifatuu)
**Tolaa**: Tolee Fayyisaa qarshii kiyya sa'aa 24 keessattii kafaluu baanaan manichi kan koo tahaa. Kanaaf, sa'aa 24 sif kenneen jira.
**Fayyisaa**: /Rifaatuudhaan/ Maaloo Tolaa akkana hin godhiin umrii kanaan ijollee kana maalin godha. /Meelaalaa fi Sifan rifatuudhaan Abbaa isaani jala seenuu…? Deemaa manatti gala jedhaan/… Ijooleenis sodaadhaan obboo Tolaa ija ija keessa ilaaluu/
**Tolaa**: Na dhageessa! Carraa kana si'aa'inaan egaa turee… garaa sif nahuu hin qabuu hanga boruuttii maalaqa koo naaf hin kennituu taanaan manicha nan dhunfadha… wali galtee kana harka keetiin mallatteessitee /postaa itti mul'isa/
(Firaa'ool Rifaatuudhaan abbaa cinaa dhaabbatee mulaata)
**Fayyisaa**: Laphee isaani akkuma qabataniin ni kufuu…. (Meelaalaa fi Sifan Abbaa jedhani boohuu Meelaalaan gara alaa baatii)
**Meelaalaa**: Obboo Tolaa! Obboo Tolaa! (Obboo Tolaan ittii naanna'ani laaluu) Abbaan koo waan Tokko taanaan isin hin dhisuu ani Meelaala Mitii! /Jettee figaa ol galtii/
**Meelaalaa**: (Imimmaan ishee haaqachaa) Obboo Firaa'ool Abbaa kee qofa osoo hin tahini Atis gahee qabda turee Abbaan koo yeroo du'uu abbaa kee wajjiin turtee Abbaan kee lubbuudhaan jiraatee gatiisaa keenufii baadhuus atii garuu gatii ni kafalta /Jetteni biroodhaa Baatii)

(Scene 29)

Hafee armaan oliirraa seenaa abbaan Meelaalaa itti du'e kan agarsiisudha. Kana jechuun obbo Fayisaan ijoollee isaa guddisuuf rakkatee maallaqa liqeeffateera. Haadha malee ijoollee isaa osoo guddisuu waan ittiin liqii sana deebisu dhabeera. Ittuma dabaluun seenaa abbaan

Meelaalaa ittiin du’e sammuu ishee keessatti yaadannoo yeroo taasiftudha. Seenaan obbo Tolaa nama sooressa maallaqaaf bakka hojii garaagaraa qabanidha. Maatiin obbo Fayisaa hiyyummaan kan qabateef ijoollee haadha malee qofaasaa rakkatee guddisaa kan ture ta’uudha. Sababni du'a isaatiis maallaqa liqeeffate deebisuu dadhabuufi gara jabummaa obbo Tolaati. Akka waliigalaatti, ergaan gama seenaatiin diraamaa kana keessatti, hiyyummaa (jireenya rakkoof gadadoo dabarsuu), nama beekamaa (qabeenyaadhaan)’n ta’anii diraamaa kana keessatti jireenya hawaasa tokkoo calaqqisiisan xiinxalameera.

**Yeroo: <u>Guyyaa</u>    Eddoo: <u>Konkolaataa Keessa</u>**

**<u>Meelaalaa</u>**: Roobsan erga waajjira kanatti qaxaramee yeroo hangamiitii? Turee jiraa?
**<u>Fraa’ool</u>**: Eyyee… amma waggaa tahuufi yeroo tokko hojii jalqabnee hiriyaa turree Yuunivarsitiidhaa kaasee… yeroo ebbifamnuu Abbaan kiyya lamaan keenyaaf hojii kenne… /yeroo kana fullii ishee ni jijjiramee/ /Fraa’ool ni laaleen/Maalii Meelaalaa nagaa mitii?
**<u>Meelaalaa</u>**: Lakkii nagaadha…. Aduu nattii fakkaatee … Abbaan kee akkamitti lamaan keessanif hojii kennee?
**<u>Fraa’ool</u>**: Abbaan koo duruma irraa jalqabee bakka isaa bu’ee akkan hojjedhu waan barbaaduf yeroo barataa tureetti as na fidee waan hedduu nattii mulisa turee…. Yuunivarsitiittii maaneejmantii baradhee yoon ebbifamuu akkan hojii kana hojjedhuu ni beeka turee. Roobsan wajjiin hiriyaa waan turreef innis barataa cimaa waan tureef akka wajjiin hojjennuu abbaan koo waadaa nuf galee….
**<u>Meelaalaa</u>**: Seenaa akkam namatti toluu… Abbaan kee baay’ee nama gaaridha atis carra qabeessa.

(Scene 26)

Hafeen olii kun akka mul'isutti, gaaffii Meelaalaan kaaste irratti yaadni Firaa’ol seenaan Firaa'oliifi Roobsan waliin kan guddataniif waliin baratanii seenaa hiriyummaa lamaan isaaniitu mul’ata. Namni tokko waliin guddatee waliin baratee waliin hojjechuun achi keessatti gammachuuf rakkina waliin dabarsaa waan tureef seenaa jireenya lamaan isaaniiti. Kana malees, walitti dhufeenya isaanii, haala barnoota isaanii, haala hojii isaanii seenaa hiriyummaa ta’uutu xiinxalama.

Dabalataan ammoo osoo Firaa’ol haasa’uu fuulli Meelaalaa kan jijjiirameef akkuma mata duree **ergaa ijoo diraamaa Kiyyoo jalatti scene soddoma (30)** gubbaarratti ibsame sababni du’aatii abbaa ishee abbaa Firaa’ool waan ta’eef seenaa nama abbaa ishee ajjeesee dhagahuun waan isheetti hintolleefidha. kun kana agarsiisu namni miidhaa nama irraan gahe arguu mitii gurraan nama qajeelummaa isaa haasa’u dhagahuu hinbarbaadu. Kanaaf seenaan askeessatti xiinxalame du’aatiin abbaa Meelaalaa sababa abbaa Firaa’ol ta’uu xiinxalameera.

#### 4.1.2.2 Xiinxala Ergaa Diraamaa Kiyyoo Gama Wal-Dhageettii Dhabuu

Hawaasa bal'aa keessa namoota amala gaariifi yaraa, dandeettii, hubannoon waa qalbeeffachuu gorsanii sirreessuu danda'an kan garaa garaatu jiru. Firas ta'ee alagaanis rakkoo gara fuuldurattii mudachuuf deemu hambisuuf gorsee waldeebisuun nijiraata. Kanaan kan walqabatu kan itti aanee jiru ilaaluun ni danda'ama.

**Sa'aa: Laaqanaa        Eddoo: Kaaffee**

**Meelaalaa**: Kunoo yeroo yeroodhaan wal argaa yaaddoo maalii hasoofta.

**Sinaan**: Dhugaa koon jedhaa bar osoon guyyaa guyyaadhaan si arguyyuu hanga walin jiraachuu jalqabnuttii siyaaduu koo in hafuu.

**Meelaalaa**: Sijalqabee mitimmoo?

**Sinaan**: Kanin jedhuu Meeluu waggaa afur guutuu hiriyummaadhaan turree amma walin haa jiraannuu bultii haagodhannuu jechuun koo badii maalii qaba?

**Meelaalaa**: Ani amma fudhaafi herumaaf qophii mitii. yeroo qophii ta'uu wal funa.

**Sinaan**: Tolee... yoomii atii qophii kan taatuu?

**Meelaalaa**: Ani hin beekuu sinaan... waa'een kun akka baay'ee na arsuu ni beektaa mitii? Maaloo amma dhimma kan dhisii yeroo bareedaa dabarsuu qofan barbaada.

**Sinaan**: Dhugaa dubbachuudhaaf najaalachuu kee ni shakka.

**Scene 6**

Yaada kanaa oliirraa wanti hubatamu, Siinan gaa'ela dhaabbachuu haa barbaadu malee isheen fedha akka hinqabnedha. Kana jechuun waldhageettiin Siinaniif Meelaalaa gidduu akka hinjirredha. Waliigaltee jechuun yaada dhihaate tokko fidanii, mariif dhiheessanii sababa quubsaan wal amansiisuudha ture. Siinaniif Meelaalaa bira garuu kun akka hinjirredha. Siinan waggaa afuriif waliin turreerra; amma garuu gaa'ela dhaabbannee walitti dhufnee waliin jiraanna jedha. Meelaalaan garuu sababa osoo hindhiheessin waa'een gaa'elaa ka'uun ishee aarsa. Waldhabdeen ammoo walii galteen qaamota lama gidduutti yemmuu dhabamuudha. Kanaaf namni tokko dhugaadhaan nama jaallate taanaan iccitii isaa baasee itti himachuun waan mara irratti gadi fageenyaan mari'ata. Kun hinta'u taanaan shakkii qabaachuu waan danda'uuf. Kanaaf waldhagahuun bakka hundattuu amanamummaa akka cimsutu xiinxalame. Kana mirkaneeffachuuf hafee itti aanee jiru irraa mirkaneeffachuun nidanda'ama.

**<u>Sa’aa:</u> Ganama** **<u>Eddoo:</u> Mana Sinaan**

(Sinaani mukaahee ta’ee mul’aata)

**<u>Caalii</u>**: Maalii ilmakoo sidhukkubee?

**<u>Sinaan</u>**: Lakkii nagaa kootii xiqqoo waan natti hin toleefi keessa waan hin jirreefii

**<u>Caalii</u>**: Ammas ishii abaaramtuu Meelaalaa sanii mitii?

**<u>Sinaan</u>**: Maaloo dhisin harmee!

**<u>Caalii</u>**: Amma ishidhaan artee mee nattii himi amma immoo maal sigootee?

**<u>Sinaan</u>**: Itti gaafatamaa isheetti herumtee…

**<u>Caalii</u>**: Maal gantuun tunii… baga sitti hafte kanaaf jettee gadditaa? osoo tatee gubdee sifixxii turee.

**<u>Sinaan</u>**: Homaa mitii Harmee xiqqoo yoon gadde malee ishii akkuma Moonet keessa kootiin baasa

**<u>Caalii</u>**: Tunii maalii ishituu Mooneet wajjiin dorgooma. Mooneet naamusni ishii qoftii gahaadha.

Scene 120

Yeroo baay’ee haadholiin muuxannoo jireenya isaaniifi fedhii ijoollee isaanii eeguu irratti hundaa’uun gorsa kennu. Bareedina alaa caalaa bareedinni keessaa irratti xiyyeeffatu. Hafee armaan oliirraa wanti hubatamu, gorsa harmee dhagahuu diduun dhumnisaa miidhama akka qabu qorannoon kun agarsiiseera. Mata duree jalqabaa jalatti akkuma harmeen isaa gorsitetu raawwate. Wantoota lamatu xiinxalame. Isaanis Siinan duraan gorsa harmee isaa dhagahuu didee Meelaalaan isa dhiistee hoogganaa isheetti heerumuudha. Siinaniif harmee isaa gidduu waldhagahuun waan hinjirreef nama isa jaallattu dhiisee ishee jaallatuun miidhamuudha. Harmeen Siinaan nama isaan akka inni fuudhuuf barbaadan Moonet, kan inni ofiif jaallate ammoo Meelaalaadha. Akkuma Oromoon jedhu, ‘gorsa didduun du’a hindiddu’ akkuma jedhamu, ‘Itti gaafatamaa isheetti herumtee’ isa dhiistedha. Kan harmeen isaa jedhan hinhafne jechuudha. Gorsa harmee isaa osoo dhagahee rakkoo jiru adda baaseera ta’ee wanti isa gaddisiisu/aarsu hinjiraatu. Kanarraa wanti hubatamuun danda’u, yaada mataa keenyaa qofa dhaggeeffataa deemuu qofa osoo hintaane kan maatii (harmee, abbaa, obboleessaas …) dhaggeeffannee adda baasaa miidhaaf faayidaa isaas hubachaa yoo deemne baayyee

murteessaa akka ta'etu xiinxalame. Sababnisaa wanti nuti har'a hojjennu oolee bulee dogoggorafi gaabbii ta'uu akka danda'utu xiinxalame.

**Yeroo: <u>Laaqana</u>  Eddoo: <u>Kaaffee</u>**

Meelaala fi Dureettin kaaffee keessa ta'aani)
**<u>Dureettii</u>**: Lakkii dhisii Meeluu Amala kee kanaan sinaanin akka hin dhabnee kanin jedhuu nama isarra fooyya'aa eessa argachuufi?
**<u>Meelaalaa</u>**: Dureettii ana qaaquuma na jibbisiira guyyaa wal agarree irraa kaasee sodaa kana waanin qabuuf akka waa'ee bultii nattii hin kaafnee jalala sararee itti himeen turee.
**<u>Dureettii</u>**: Namni yeroo kanatti nama gaarii argadhee osoon bultii godhadhee jedhee hawwa ati garuu waaqayyoo nama gaarii sif kennee ofumaa dhabuun kee booddee cubbuu akka sitti hin taanee.
**<u>Meelaalaa</u>**: Maaloo duree qaaqa sinaan atiis itti dabalamtu na hin rakkisiin isa dhisii wantiin sitti himuutuu jira.
**<u>Meelaalaa:</u>** Yeroo darbee waajjiira dorgoomee sin jedhee sana
**<u>Dureettii:</u>** Hojii gurgurtaatiin dorgoomee kan naan jettee sanamoo?

(Scene 8)

Akka hafee diraamaa armaan oliitti; Meelaalaafi Dureettiin hiriyoota. Dhoksaa isaanii walitti himatu. Hiriyaa dhiiraa kan walii isaanii waan beekaniif isaan keessaa Meelaalaan jaalallee isheerraa yaada kaasuutu mul'ata. **Lakkii dhisii Meeluu amala kee kanaan sinaanin akka hin dhabnee kanin jedhuu nama isarra fooyya'aa eessa argachuufi?** jechuun kan gorsitu hiriyaan nama gaariidha nama wajjin bultii dhaabbachuuf siif ta'udha jechuun gorsiti. Isheen garuu dhagahuu akkasumas yaada ishee fudhachaa hinjirtu. Kana jechuun lamaan isaanii gidduutti waldhagahuun akka hinjirredha. Akka waliigalaatti, waldhahuu dhabuun garee lamaan keessaa yoo xiqqaate tokko irratti midhaa akka qaqqabsiisudha. Kanaaf miidhaa dhaqqabsiisuu osoo hintaane, waliigalan alaa galan akkuma jedhamu, waliigalanii furmaata irra gahuun miidhama irraa of/wal oolchuun dhimma filannoo hinqabne akka ta'e xiinxalameera. Ergaan kanaa yaada kootu caala jedhu dhiisnee marii waliin taasisuun yaada irra caalaatti fooyya'aaf gara furmaataatti nama fidu irra gahuun gaarii ta'uutu xiinxalameera.

### 4.1.2.3 Xiinxala Ergaa Diraamaa Kiyyoo Gama Waliin Jireenya Hawaasummaatiin

Hawaasni waliin jiraatu, waliif jaalalaaf kabaja guddaa waliif qaba. Waliin hojjeta, waliin nyaata, waliin bahee gala, akkasumas gaddaaf gammachuutti, qabaachuuf dhabutti walcina

dhaabbata. Akkuma mammaaksa Oromoo keessatti ollaaf dugaan lafaa ka'u jedhamu, ollaan hawaasa keessa jiraatuuf iddoo guddaa itti kenna. Ogbarruudhaanis keessaayyuu diraamaa Kiyyoo keessattis waliin jireenyi hawaasaa karaa garaagaraatiin calaqqisiisuun danda'ameera. Kanaan walqabsiisee hafee diraamaa Kiyyoo keessaa akka armaan gadiitti haa ilaallu.

> **<u>Meelaalaa</u>**: Maal ta'a adaadoo xinnoo yoo turtee siifis yoo tahee as sif wayya... Maaloo itti yaadi kophaa kee hamma jiraattuu maal taha yoo nu wajjin jiraattee... osoo waan tokko taatee enyuutu jira sicinaa? Ni beekta firri nu niqabna jennu siqofa.
> **<u>Dabrituu</u>**: Maaloo intala tiyya adada dhufee deemuun garaa koo hinbooreessinaa... Hammuma fedheellee qofaa koo tahullee olloonni koo anaaf firaa olii... kunoo yeroo hunda dhufee isin laalaa jiraa mitii... amma boruu haa deemuu booruu yeroo dhi hootti immoo dhufeen isin laala. Garuu Sifan nagaashitii hamma yoonaa maalif turtee?
> **Yeroo: <u>Guyyaa</u>** **Eddoo: <u>Mana Meelaalaa</u>**
> **<u>Sifan:</u>** Maaloo adaadoo Meeluun dhugashii jettee amma yeroo sirridha waliin akka maatii tokkootti yeroon itti waliin jiraannuum.
> **<u>Dabrituu</u>**: Ijoollee koo ollaa waggaa meeqa walin jiraadhee dhisee akkamittin jiraadha… yoo hin tahin akkuma isiniin jedhee torbeetti guyya lama ykn sadii dhufee bula malee gara fulduraatti immo wanti tahuu ni tahaa.
> **<u>Meelaala:</u>** Dhugaadha… mana keetis jechuudha amma ani yoon bahee Sifan kophaa taatii isheen yoo herumtee immoo ati as jiraata
> (Scene 104)

Hafeen armaan oliirraa akka hubannutti, namni tokko hawaasa keessa jiraatuuf kabaja akka qabu agarsiisa. Diraamaa Kiyyoo keessaas kanumatu mul'ata. Dabrituun adaadaan Meelaalaa fira ishee caalaa olloota waliin jiraattutti baayyee of abdachuu agarsiisa. **Hammuma fedheellee qofaa koo tahuullee olloonni koo anaaf firaa** olii kan isheen jettuuf gaafa rakkoofi gammachuu kan bira dhaabbatee gargaaru olloota isheen keessa jiraattu akka ta'e mul'isa. Dabrituun olloota ishee fira caalaatti kan abdatteef, ollaan yeroo gaddaaf gammachuutti, qabaachuuf dhabuutti walcina akka dhaabbatu xiinxalameera. Kanaan kan walfakkaatu akka itti aanutti jira. Ergaan akka waliigalaatti jiru waliin jireenyi hawaasummaa kun hawaasa adda addaa sabaa, amantii, kutaa, dinagdeefi siyaasaan osoo addaan hinqoodin jaalalaaf kabaja akka waliif qabaatan akka taasisu xiinxalameera.

#### 4.1.2.4 Xiinxala ergaa diraamaa kiyyoo Gama iccitii eeguutiin

Iccitiin dhoksaa namni sun qofti beekuuf kan qaamni biraa beekuu hinqabnedha. Namni iccitiin kun dhokfamu yoo beeke, yaadaaf kaayyoo sana fashaleessuu waan danda'uuf

dhokfama. Kanas iccitii dhuunfaa, hiriyaa, maatii, biyyaa fa'a jechuun bakka garaagaraatti qooduun ilaaluun ni danda'ama. Isaan keessaas kan diraamicha keessatti argamu haala itti fufee jiruun xiinxalameera.

**Yeroo: <u>Yeroo Laaqanaa</u>** **Eddoo: <u>Kaaffee</u>**

**<u>Sifan</u>**: Hanga yoonaatti sigaafachuu dhabuun koo baay'ee na dhibaa jira.... garuu maqaan waajjira keetii maal jedhama?
**<u>Roobsan</u>**: /Asif achii jechaa sosoodaacha... maal maqaa qaba jetteetii...
**<u>Sifan</u>**: (kolfa) .... Waajjirrii hojjettu maqaa hin qabu moo?
**<u>Roobsan</u>**: /Asif achi jechaa ammas sosoodaachaa/.... amallii hojii kootii asif achi biroo tokko gara biiroo bira hojii Maarkeeting waan taheef biroo hin qabuu
**<u>Sifan</u>**: An qacaramtee waan hojjettu nattii fakkaachaa turee... hanga yoonaa baruu dhisuun kiyya baay'ee nadhibaa jira. Garuu erga wal barreeyyuu yeroo gabaabaadha
**<u>Roobsan</u>**: Qacarameen hojjedha. Hiriyaa kiyya waan ta'eef yeroo hojii fidu koomishiinii naaf kenna qacaramuu kiyyaan irraanfadheem

(Scene 19)

Ergaan diraamaa Kiyyoo kana keessattis iccitiin Roobsan ifa baasuu sodaatu, gosoota iccitii keessaa iccitii hiriyaati. Biiroo qacaramee hojjetu kana jedhee himuu kan sodaateef obboleettiin ishee biiroo inni keessaa hojjetu keessatti qacaramtee hojjetaa waan jirtuuf. Asiif achi jejjechuun isaa, sossodaachuun isaa, sobee waan biraa himuun isaa bakka hojii isaa kana jedhee himuu waan hinbarbaanneefidha. Kanaan kan walqabatu hafee itti aanee jiru irraa haa ilaalluu.

**Yeroo: <u>Guyyaa</u>** **Eddoo: <u>Mana Jireenyaa Roobsan</u>**

**<u>Sifan</u>**: Akka nah in caalle sodaadheeti afachuu ogummaa kee kana obboleetti koottin mul'isa /nyaaticha suraa kaftii/ mee suuraa haa kaanuu anaaf si suuraa tokkoyyu hin qabnuum
**<u>Roobsan</u>**: /Akka rifachuu ta'ee/ Dhisi malee Sifuu ani suuraa akkan hin jaalannee nibeektaa mitii
**<u>Sifan</u>**: Maalif garuu?
**<u>Roobsan</u>**: Ani hin beekuu suuraa baayeen jibba isa dhisitii kottuu si hagurshuu /ni gurshaan/

(Scene 55)

Dhaamsi hafee diraamaa kana keessaatis iccitii hiriyummaati. Kunis Roobsaniif Firaa'ol gidduu kan jirudha. Roobsan suuraa ka'uu sodaa osoo hintaane obboleettii isheetti akka hinagarsiifneef sodaateeti. Yeroo isheen '**afachuu ogummaa kee kana obboleetti koottin mul'isa'** yeroo isheen jettu inni ammoo '**Akka rifachuu ta'ee/ dhiisi malee Siifuu ani suuraa akkan hin jaalannee nibeektaa mitii'** dhugumaan suuraa ka'uu sodaa osoo

hintaane, obboleettiin ishee kan isheen itti agarsiiftu akka hinbarreef ta'uudha. Sababnisaa ofbarsiisuu dhiisuu barbaadeeti. Diraamaa kana keessatti eenyummaa isaa (Roobsan) obboleettiin Siifan akka hinbarre barbaadee akka ta'e qorannoo kanaan bira gahameera. Karaa gabaabaan seenduubee kaadhimaa hiriyaa isaa adda baasuufidha. Sababnisaa shakkii waan qabuuf rakkoo akka irraan hingeenyeef jedheeti. Ittuma fufuun akka itti aanutti ilaaluun nidanda'ama.

**Yeroo: <u>Galgala</u>** **Eddoo: <u>Kaaffee</u>**

**<u>Feenaan</u>**: Ani garuu fedhiin koo yeroo hunda akka waliin jiraattan turee garuu waaqayyoo kan jedhetu ta'a. Ana dura garuu atii akka Boonaa jaalattuu kan sirrattii bartee Qananii turtee... Yeroo ishiin gaaffiidhaan sicinqituu naduraa hin baduu
**<u>Bilisee</u>**: /kolfaa/ Eyyeeni... akkamittii akka narrattii bartee hanga yoonaa gaaffii nattii ta'a. Amma essa jirtii?
**<u>Feenaan</u>**: Hin beekuu Erga eebbifamnee booda yoon bilbiluufis hin kaaftuu
**<u>Bilisee</u>**: Bilbila koos hin kaaftuu maal akka gooneen hin baree

(Scene 21)

hafee armaan oliirraa ammoo akka agarrutti, iccitii dhuunfaati. Iccitiin dhuunfaa kan namni tokko matumti isaa qofti beekudha. Jireenya hawaasaa keessatti iccitiin dhuunfaa dhiibbaa qaba. Diraamaa kiyyoo kana keessattis kan mul'atu Qananiin Biliseetti siqxee ofii waan jaalatteef akka Biliseen jaalattu odeeffannoo hedduu sassaabbatteetti. Erga Boonaan fuula ishee dhowwatee ammoo jaalala Boonaafi Bilisee gidduu jiru iccitii dhuunfaa ishee taasifachuun hiriyoota ishee irraa fagaatte. Ergaan kanaa namni namatti siqeefi waan nama jaallatu fakkaatu marti dhugaadhaan kan nama jaallatu akka hintaanetu bira gahame.

**Yeroo: <u>Guyyaa</u>** **Eddoo: <u>Iddoo Bashannanaa</u>**

**<u>Firaa'ool</u>**: Kiyya qophaa'ani jiru Roobsan waan danda'uu natti hin fakkatuu
**<u>Meelaalaa</u>**: Kan kana caaluu dhimma maalii qabaata?
**<u>Firaa'ool</u>**: Yeroo dheeraa dura beellama hojii qabamee waan qabuuf dirqama deemuu qaba.
**<u>Meelaalaa</u>**: Maalif bellama akka jijjiruu itti hin himtun?
**<u>Firaa'ool</u>**: Anas natti tola turee garuu walgahii guddaa namooni baay'een irratti argamanifi nuhis baay'ee waan fayyadufii

(Scene 110)

Bakka kanattis Firaa'ol iccitii yookaan dhoksaa isaaf Roobsan gidduu jiru tooftaa barbaaddatee harkaa jal'isee/wallaalchisee jira. Akkuma scene 55 gubbaatti Roobsan bakka hojii isaa itti himuu diduudhaan iccitii hiriyaa (Roobsaniif Firaa'ol) Meelaalaa eenyummaa

ishee hordofaa jiraachuu isaaniituti. taateen gara fuulduraatti raawwatamuuf deemamu kun harkaa diigamuu danda’udha. Hafee scene 110 keessatti ammoo Firaa’ol Roobsaniin akka bakka sagantaa gaa’ela isaanii namoota muraasa waamuun waliif mallatteessanitti akka hinargamne mari’atanii walitti himaniiru. Sababnisaa bakka kanatti jaalalleen Roobsan Siifan waan argamtuuf Siifaniif Roobsan Meelaalaan akka hinbarre barbaadamee akka ta’eef kun ammoo iccitii hiriyummaa akka ta’e qorannoo kanaan bira gahameera.

Walumaagalatti dhimmi tokko raawwachuuf odeeffannoo qabachuun iccitiin baayyee barbaachisaafi miidhaarraa kan nama hambisu ta’uu namatti mul’isa. Akkaataan itti odeeffannoo kana sassaabbatanis iccitiifi kaayyoo isaaniif ofeeggannoo taasisuun baayyee murteessaa akka ta’e xiinxala kanaan bira gahameera.

**4.1.2.5 Xiinxala ergaa diraamaa kiyyoo Gama Dinagdeen**

Ogbarruun dhimmoota hawaasaa mara deebisee hawaasichaaf bifa miidhagaa ta’een calaqisiisa. Isaan keessaa dhimmi dinagdee isa tokkodha. Dinagdeen kan namni jireenya isaa ittiin geggeeffachuuf dalagatudha. Diraamaa keessatti ammoo dinagdeen kan namfakkiileen yookaan taatoon jireenya isaanii ittiin waan hawaasa keessa jiru karaa aartii agarsiisanidha. Waa’een kanaa yeroo ka’u dhimma hawaasaatu nama sana faana ka’a. Kanas akkaataa itti fufee jiruun ilaaluun ni danda’ama.

> **<u>Firaa’ool</u>**: Waajjirrii kuni xiqqoo iddoo sochiinfi hojiin ittii baay’atu waan ta’eef akka atii yaadduu tahuu dhisuu danda’a. sanirrattii immoo kuni hojii kootii, hojii isaatii ykn hojii isheetii wantii jedhuu hin jiruu hunduu walta’eet hojjeta
> **<u>Meelaalaa</u>**: Kuni homaa rakkoo hin qabuu. Hojiin baay’aachuun yoo nagammachisee malee nah in yaaddeessuu, hamma hojiin fiidii halkaneessani bahun hin jirretti hojii koo gammachuudhaanin hojjedha.
>
> (Scene 5)

Dinagdeen jiruuf jireenya hawaasaa keessatti lafee dugdaati. Dhaamsi yookaan ergaan diraamaa kanaa dhimma hojii kan mul’isudha. Namni kamuu hojii kamuu kan dhuunfaasaas ta’ee qacaramees yoo hojjete dhimmee ofkennee akka hojjechuu qabuuf hojii kamuu nama eeguu dhiisee bakka dandeettii qabutti seenee furmaata kennuu/ hojjechuu akka danda’u xiinxlameera. Yaada Meelaalaa irraa akka hubannutti ammoo, akkaataa kanatti dhimmani hojjechuun akka nama gammachiisudha. Haala kanaan hojjetamnaan dinagdeen nama dhuunfaas ta’ee kan dhaabbata fedhee, hawaasaafi biyyaallee guddachuu akka danda’u nama hinshakkisiisu. Diraamaa kiyyoo keessattis namni akkamitti akka jabaatee hojjetee jiruuf

jireenya kan mataasaaf hawaasa isaa fooyyessuu danda'u barsiisa. Walta'anii hojjennaan ammoo guddinniifi jijjiiramni fagootti ilaalan ofirratti akka arganidha. Karaa biraa namni walta'ee hojjennaan dinagdeen guddachuu akka danda'amu xiinxala kanaan bira gahameera. Kanatti aansuun ammoo dinagdee ofii guddisuu keessatti akkamitti akka caalbaasii dorgomuun mo'achuun irra jiru yoo ta'u, namni kam maaltu narraa eegamaa, adeemsa akkamii hordofuun qaba, hammam bu'aa naaf argamsiisuu danda'a kan jedhu yaaduun akka barbaachisutu gama dinagdeetiin xiinxalame.

Karaa biraa yeroo dheeraaf uummanni Oromoo dhimmoota rakkoo siyaasaa keessatti yeroosaa dabarsaa waan tureef dhimmoota dinagdee keessaa seenee jireenya ofiif biyya isaallee dinagdeen jijjiiruuf guddisuu akka qabu xiinxalli kun niagarsiisa.

**Yeroo:** **Yeroo Laaqanaa** **Eddoo:** **Kaaffee**

**Firaa'ool**: Faabriikan keenya Roobsan sitti mulisee jiraa mitii?
**Meelaalaa**: Eyyeeni nattii mul'isee jira. Anis sana booda yeroo sadii afur maamiltoota fudhee dhaqeen jira
**Firaa'ool**: Kanaaf akkamittii argitee ree?
**Meelaalaa**: Baay'ee qindoominaa fi bal'ina kan qabuudha. waa hundii hedduu namattii tola atii bulchaa osoo akkana tahuu baatee na dhiba malee.
**Firaa'ool**: /kolfaa/ Bulchinsarratti nama cimaadha naan jechaa jirta.

(Scene 37)

Hafeen diraamaa armaan olii kun walitti hidhatinsa gama dinagdeen waan qabuuf xiinxallii isaa kan armaan gadii waliin gaggeeffameera.

**Yeroo:** **Guyyaa** **Eddoo:** **Biiroo Firaa'ol**

(Meelaalaa fi Firaa'ool Biroo taa'aani mul'aatuu)
**Meelaalaa**: Obboo Fraa'ool akkuman sittii himee dhaabbatichii oomisha keenya bitee fayyadamuuf wali galee jira. Garuu kafaltii walakkaa amma kafalee kaa hafee immoo ji'a sadii keessatti kafaluu barbaada.
**Firaa'ool**: Dhugaa dubbachuuf baay'ee sittii boonee jira. yeroo gabaabaa kana keessatti maamila hangana gahuu fiduu keetiin… Alsan sihoo maal sitti fakkaata yaada isaan kaasan kana akkamitti laaltee?
**Roobsan**: Baay'ee gaariidha. Gatii baheessaan walii galan sanirratti immoo yeroo tokkon oomisha hedduu waan fudhatanif ji'aa 3n walii galuu baheessa natti fakkaata.

(Scene 24)

Ergaa waliin dubbii armaan oliirraa kan huatamu, ciminaan hojjennaan milkaa'ina guddaa fiduu/agarsiisuu ta'uutu xiinxalame. Kan malees ofii isheetii dhimmamtee maamila barbaaddee fiduun galii akkasumas dinagdee dhaabbatichaa fooyyessuu dandeesseetti.

Qorannoon kunis nama jabaatee hojjeteef, waan hojjetan irratti ammoo hariiroo namaa cimsachuun hojjennaan jijjiiramni gama dinagdeen dhufuu akka danda'u qorannoo kanaan xiinxalameera. Waan qabuuf horatus sirnaan hoogganee guyyaa guyyaatti guddisaa deemuu akka danda'u dhaama. Walumaagalatti ergaaf dhaamsi diraamaa Kiyyoo gama dinagdeen mul'atu, cimanii hojjechuun durooomuun akka danda'amu, ofittummaaf maal nadhibee dhiisanii waliin hojjechuun gammachuu kan namaaf kennu akka danda'u qorannoo kanaan bira gahameera.

**4.1.2.6 Xiinxala Ergaa Diraamaa Kiyyoo Gama Jaalalaatiin**

Ogbarruun waan hawaasa keessa jiru kan mul'isu yoo ta'u, jaalalli ammoo karaa garaagaraan haa ibsamuyyuu malee dhimmuma hawaasichaati. Jaalallis kan hiriyummaa, kan gaa'elaa, kan maatii fa'a. Kanaaf barreessaan diraamichaas diraamaa keessatti wal jaalachiisa, wal fuusisa akkasumas ta'uu yoo baate walis nidiigsisa. Barreessaan Ogbarruus warreen kana keessatti hammachiisuun daawwattoota akka hawwatu taasisa. Kanaan kan walqabatu, hafee armaan gadii ilaaluun nidanda'ama.

**Yeroo: <u>Guyyaa</u>** **Eddoo: <u>Bashannanaa</u>**

(Roobsan fi Sifan wal hammatani karaarra yeroo deeman mul'aatu)

**<u>Roobsan</u>**: Ni beektaa mitii si argachuuf hammam akkan dham'aa ture?

**<u>Siifan</u>**: Amma dhugaa dubbachuuf dhamaatee jedhamaa? /Ni kofaltii/

**<u>Roobsan</u>**: Oh dhama'uun hin ibsu hammam joree akkan si argadhee, tolee akka naaf jettee ni beekta… Ni sobdaa mitii atiis guyyuma dura na agartuu sana najaalattee na gaafachuu sodaattee malee…

(Scene 3)

Akkuma hafee diraamaa Kiyyoo armaan oliirraa xiixnalametti, namni nama bor bultii waliin dhaabbatu argachuuf baayyee ifaaja. Kana keessatti waan lamatu jira. Akka waliin dubbii Roobsaniif Siifan irraa xiinxalametti, lamaan isaaniiyyuu akka waljaalatan agarsiisa. Jaalala isaan lamaanii keessatti miira gammachuu akka qabantu xiinxalameera. Akkasumas bakki isaan jiranis bakka bashannanaa ta'uun gammachuu akka dabale ta'uun xiinxalameera.

**Yeroo: <u>Galgala</u>** **Eddoo: <u>Reestoorantii</u>**

Meelaalaa fi Firaa'ool yeroo irbaata nyaatan mul'aatuu

**<u>Firaa'ool</u>**: Meeluu… kunoo yeroo dheeraadhaaf dhimman itti rakkachaa busee baasaa turee tokkoo sitti himuun barbaadee… wanta natti dhagahamee yeroon itti sitti himuu amma jedhee waanin yaadeef

**<u>Meelaalaa</u>**: Maalinni inni? /Textin bilbila ishi irratti ergama/ dhifama yeroo tokko haa bilbiluuf

**Firaa'ool**: Meelaalaa jecha gabaabadhaan jaalalli sirraa na qabee jira

**Meelaalaa**: /Gammachuudhaan harka isaa qaqqabaa/ Homaa yaaduun hin barbaachisuu ani keessa kootti sijaalachuu ergan jalqabee ji'ooni lakkaawwamanii jiruu… si hin madaaluu ykn hiriyaa qabaatta jedhee yaadan turee abdii kutadhet hojiis jijjiruudhaaf yaadan turee kophaa koo dararamurra jedhee

(Scene 61)

Ergaan hafee diraamaa kanarraa hubannu, dhiirri yookaan dubartiin tokko yoo jaalachuuf barbaadd/de dursa sammuusaa keessatti xumuree/erga jaallateeti. Askeessatti Firaa'ol jaalalutu sirraa naqabe jedhee kan itti hime, haadha manaa isaa gara fuula duraa godhachuuf akka ta'etu xiinxalame. Kun waan hawaasa bal'aa keessatti umurii sadarkaa dardarummaatti yookaan kan nama hinfuune tokko mudatudha. Akka waliigalaatti qorannoon kun kan mul'ise, jaalalli namootni garaagaraa waljaallatanii gaa'ela waliin akka dhaabbatan diraamaa keessattis waan hawaasa keessa jiru xiinxaleera. kanumaan kan walqabatu hafee armaan gadii haa ilaallu.

**Yeroo: <u>Guyyaa</u> Eddoo: <u>Biiroo Bilisee</u>**

**Feenaan**: Addaan babbannee mitii? hojiin akkamii? Hojiin gaariidha xiqqoo biziin turee gidduu kana. Kiyya kunoo hiriyaa kee wajjiin wal nabarsiiftuu malee jedhee boqonnaa nadhowwaa jira.

**Bilisee**: Hin galuufii... namni hin barbaaduu yoo jedhuu... Feenu kana booda as fidee yoo dhuftee ana wajjiin wal loolta.

**Feenaan**: Lakkii hin fiduun. Har'aayyuu inni narakkisnaan hiriyaa qabdii jedheen.

**Bilisee**: Gaarii gootee... Jalqabuma akkas jechuuni qabda tureem.

**Feenaan**: Ani yoo itti siqxee walbartee jedheeni... Inni baay'ee nama gaariidha... Moo ammas Boonaa hin dagannee?

**Bilisee**: Boonammoo as maaltuu fidee...? yoona inni takka Ameerikaatti fudhee jiraachaa jira.

(Scene 14)

Jiruuf jireenya keessatti namni tokko hiriyaa waliin taphatu/ttu, waliin deemuuf garaa kooti jedhuuf/ttu yaada isaa/ishee itti himatu/ttu niqabaata/tti. Namni nama jaalate tokko yoo nama sanatti himachuu sodaate, karaa hiriyaashee itti siqa. Kan jaalatamtu sunis fudhachuuf dhiisuu nidandeessi. Kutaa kana keessatti Biliseen jaalala nama biraa harkatti didaa jiraachuudha. Hafeen olii kunis kan namni jaalala gara fuulduraatti bultii wajjin dhaabbachuuf hariiroo uumanidha. Sababnisaa namni kamuu nama jaallatee wajjin ta'uuf waan barbaaduufi nama hinjaallanneef tole hinjedhu. Kanaaf dargaggeessifi dargaggeettiin tokko akkamitti jaalala keessa akka seenan waan hawaasa keessa jiru karaa diraamaan Kiyyoo agarsiiseera. Itti fufuun akka itti aanutti dhihaateera. Walumaagalatti diraamaa kana

keessatti akkamitti akka dhiiraaf dubartiin tokko waljaalatanii gara gaa'ela dhaabbachuutti deeman namoota baayyee biratti fedha dhuunfaa isaaniin akka ta'e xiinxalameera.

**Yeroo: <u>Galgala</u>** **Eddoo: <u>Mana Meelaalaa</u>**

Meelaalaan akka alaa galteen korojoo ishii darbattee uff jettee teessii

**<u>Sifan</u>**: (Sifan kolfaa) kanaaf si maaltu sidhiphiseree? Yeroo artuu Sinaan nama biraa kan jaalatee fakkeessitee

**<u>Meelaalaa</u>**: Sifan sif hin galuu Firaaool kan koo malee kan dubartii biro tahuu hin danda'uu sanumnoo akka tahuus hin hayyamuuf

(Scene 48)

Akka hafee armaan oliirraa hubannutti dubartiif dhiirri tokko waliin ta'uun waan jiru. Namni jaallatan tokko osoo akka jaallatu hinbeeksisin hiriyaa biraa yoo qabaate akka nama sana dhabaa jirutu itti dhagahama waan ta'eef aariitu itti dhagahama, niaarsas. Meelaalaan sodaa kanaa ofkeessaa waan qabduuf aartii. Yaaddootti ishee galche. Dubartiis haa ta'u dhiirri jaallannaan hamma harkatti galfattutti/tutti ifaajii baayyee akka gaafatu xiinxalameera. Dubartiin tokko dhiira jaalattu biratti dubartii biraa isa biratti arguu hinbarbaaddu. Aariif inaafaan guutamti. Sababnisaas jaalala ta'uun bira gahameera.

**Yeroo: <u>Guyyaa</u>** **Eddoo: <u>Mana Jireenyaa Firaa'Ol</u>**

(Alsanii fi Firaa'ool sofa gubbaa taa'ani caaltuun yeroo buna daffistuu mul'aattii)

**<u>Fraa'ool</u>**: Robsan mee ifaan natti himii ilaalcha Meelaalaadhaaf qabdu.

**<u>Roobsan</u>**: Dhugaa dubbachuuf Meelaalaan dubartii mudaa tokko hin qabnee amalaafi bifaan akkasumas beekumsaan nama guutuu taateedha. Yeroo baay'ee hubadheeni jira sif ilaalcha addaa qabdii atis akkasuma amanuu hin barbaadduu ta'a malee jaalattee jirtaa mitii?

**<u>Fraa'ool</u>**: Ani hin beekuu Roobsan kan jettee hunduu dhugaadha homtuu hin bahuuf mee haa yaaluu ofii koo wajjiin callise hamma wal mormuu

(Scene 39)

Akka hafee kanaa oliirraa mul'atutti, waan lama xiinxaluun nidanda'ama. Isaanis jaalala obbolummaas ta'ee hiriyummaa Firaa'olif Roobsan gidduu jirudha. Hiriyaan waliin guddatee waliin barate, gaafa gaariif yaraatti walcina dhaabbachuun waldhagahaa walgorsaa deema. Waan isa tokko dhibeef inni biraan furmaata kennaa deema. Inni lammaffaan ammoo Firaa'ol Meelaalaa jaallatee of amansiisee gaafachuuf murteessuuf hiriyaa isaa gaafata. Kana malees namni tokko nama jaallatu sana miidhagina qaamaa qofa osoo hintaane, amalaaf beekumsa, dandeetti fa'an madaala. Ulaagaan nama tokko itti jaallatan kan garaagaraa ta'uu agarsiisa. Askeessattis Roobsan Firaa'oliif hiriyaa isaa waliin akka waliin ta'aniif lamaan isaanii akka

waljaalatan hubatee jira. Hiriyaa gaariin miira namaa hubachaa akka deemu hafee olii irraa xiinxalameera. Jaalala haadhaa ammoo hafee itti aanu irraa ilaaluu dandeenya.

**Yeroo: <u>Galgala</u>          Eddoo:  <u>Mana Jireenyaa Siinan</u>**

(Sinaani fi harmeesaa /Addee Caalii/)
**<u>Caalii</u>**: Ilma koo mee nyaata nyaadhuu hojii hojii osoo jettuu akka hin midhamaee...
**<u>Sinaan</u>**: Harmee atii akkuma daa'imaatti nalaaltaa mitii?
**<u>Caalii</u>**: Marree anaaf yeroo hundaa daa'ima.
**<u>Sinaan</u>**: Akkas taanaan fudhii daa'ima godhadhu naan hin jedhiin kaa
(Scene 16)

Askeessatti ammoo jaalalli haadhaa umuriin, guddinaaf xiqqeenya qaamaan, qabaachuuf dhabuun kan hinmadaalamnedha. Jaalalli haadhaa hamma fedhe yoo guddatellee mucaakoo jetti. Namni fuudhee gaa'ela godhatellee jaalala mucummaa hinhanqistu. Kanaaf akka qorannoon kun agarsiisutti jaalala haati ijoolleesheef qabdu kan irra hindabarre ta'uutu xiinxalame. Walumaagalatti diraamaa kana keessa dhimmotni jaalalaa, jaalalleewwan lamaan akkamitti akka walitti dhufan, waljaallatan, akkasumas jaalalli haadhaa yeroo hundaa kan jiraatu; akka namoota kan biroo har'a waljaallatee bor bakka yoo jijjiirrate dagatuu osoo hintaane, haati yeroo hunda dhala isheef jaalala kan itti agarsiiftu ta'uun xiinxalameera.

### 4.1.2.7 Xiinxala ergaa diraamaa kiyyoo Gama Inaaffaatiin

Inaaffaan miira walxaxaa shakkiirraa hanga sodaatti uumamurraa kan ka'u ta'ee, namoota umurii hundaa fi saala hunda kan miidhudha. Miira maaliifan caalama jedhu keessatti yookaan ammoo ebelu maaliif na caalaa jedhu keessattis inaaffaa akkasii jiraachuu danda'u. Inaaffaawwan kunneenis jaalalarratti, qabeenyarratti, beekumsaa fa'a irratti ta'uu danda'u. Inaaffaan yeroo baayyee wantoota garaagaraaf waan nama biraaf ta'e ofiif hawwuun namni sun akka isaaf hintaane gochuudha. Kun haala jiruuf jireenya hawaasa hedduu keessa waan jiruuf gama Ogbarruun diraamaa kana keessattis akkaataa itti fufee jiruun mul'ateera.

**Yeroo: <u>Guyyaa</u>   Eddoo:  <u>Kaaffee</u>**

**<u>Feenaan</u>**: Ani garuu fedhiin koo yeroo hunda akka waliin jiraattan turee garuu waaqayyoo kan jedheetuu tahaa. Ana dura garuu atii akka Boonaa jaalattuu kan sirrattii bartee Qananii turtee... Yeroo ishiin gaafiidhaan sicinqituu naduraa hin baduu
**<u>Bilisee</u>**: /kolfaa/ Eyyeeni... akkamittii akka narrattii bartee hanga yoonaa gaafii nattii tahaa. Amma essa jirtii?
**<u>Feenaan</u>**: Hin beekuu Erga eebbifamnee booda yoon bilbiluufis hin kaaftuu
**<u>Bilisee</u>**: Bilbila koos hin kaaftuu maal akka goneen hin baree

(Scene 23)

Hafee armaan oliirraa akka hubannutti, Qananiin jaalala Boonaaf Bilisee gidduu jiru waan beektuuf jechoota isaan lamaan gidduu jiru waljala fuuchuun gargar hambisuuf hedduu carraaqxeetti. Sababnisheen kana gootuuf yeroo barattoota turan sanatti isheen Boonaa jaalachuu waan barbaaddeefidha. Tooftaan isheen gargaaramtes Biliseen sinjaaladhu, sinbarbaadu jechuu dhageenyaan ana jaalachuu danda'a jettee waan yaaddeefidha. Kanaaf qorannoo kana keessatti jaalala inaaffaa ofkeessa qabutu akka jiru xiinxalameera.

**Yeroo: <u>Guyyaa</u>** **Eddoo: <u>Kolleejjii</u>**

**<u>Bilisee</u>**: Boonaan waan sin jedhetu jira moo?
**<u>Qananii</u>**: Ani siif waanin yaaduuf wanta inni jedhuu waayee kee wantii inni jedhuu baruu waanin barbaadef gaafadheen turee akkan hubadheettii inni sif hooma iddoo wayituu akka hin qabneedha
(Biliseen yaada baddee yeroo gara ofitti deebituu) Garuu Qananiin dhuga ishii turee maalif hamma yoonaa maalifan hin daganneen? Yaa waaqayyoo maalif sammuu koo keessaa namicha kana hin haqnee

(Scene 38B Flashback)

Hafee kana keessatti yaada Biliseef Boonaa waljala fuuchuun inaaffaa jaalalaa ofii isheef jettee yaada sobaa itti himteetti. Askeessatti, inaaffaan hiriyaan ishee waan yaadduuf fakkaattee akka isaan waliin hintaane jaalala isaanii gidduu galtee addan fageessiteetti. Kan biraan Qananiin ofii isheef jaalachuuf jettee addaan dhowwite. Ergaan hafee diraamaa kanaa namni waan namni biraa qabu akka isaaf ta'uuf waan barbaaduuf yoo ofiif dhabellee akka namni sun hinarganne qorannoo kanaan xiinxalameera. Hafeen kun inaaffaa jaalalaa hiriyoonni dubaraa walirratti qabanidha.

**Yeroo: <u>Ganama</u>** **Eddoo: <u>Biiroo: Firaa'ol</u>**

**<u>Bilisee</u>**: (Gara biroo Firaa'ool olseenaa) Firaa'ool hin galleeyii?
**<u>Meelaalaa</u>**: Hin gallee… Maal sigargaaruu?
**<u>Bilisee</u>**: Maal ta'ee dhufaa jira naan jedhee turee. Ati Meelaalaa ta'uu qabda (jettee bilbila gara Firootti bilbiltii) Firoon wa'ee kee baay'ee nattii himee jira
**<u>Meelaalaa</u>**: Tolee… Eenyuu atii?
**<u>Bilisee</u>**: Biliseen jedhama… (Hello Firoo! Hin galleeyii… Tolee eessa jirta? Tolee dhufaan jira… jettee jarjaraan baatii.) Firoon gahee jira konkoolaataa dhaabaa jira. Jedhii.

(Scene 49)

Ergaan hafee diraamaa kanaa Meelaalaan obboleettii Firaa'ol yoo agartu inaaffaan keessa ishee akka jirutu xiinxalame. Sababnisaa Meelaalaan keessoo isheetti jaallachaa waan jirtuuf akka namni biraa isa hinjaalanne waan barbaadduufidha. Nama ofiif jaallatte biratti dubartii biraa argitee inaafteetti. Akka Bhugra, 1993 maalummaa inaaffaa akka ibsetti, Envy involves the wish to have something that someone else has; jealousy involves the wish not to lose something that the subject has and someone else does not. Envy and jealousy would seem to involve a similar emotional attitude. Kanaaf walumaagalatti inaaffaan jireenya namaa keessatti gaarii akka hintaaneef inaaffaan guutamanii nama biraa miidhuun gaarii akka hintaane xiinxalameera.

#### 4.1.2.8 Xiinxala ergaa diraamaa kiyyoo Gama Falaasama, aadaafi duudhaatiin

Qorannoo kana keessatti akka xiinxalametti, dhimmootni falaasama, aadaafi duudhaa hawaasa Oromoo hojii aartii keessatti beekamtii hawaasichaaf gahee guddaa qabaata. Yaada kanatti dabaluun Gutemaa, 2021:67 irratti falaasama ilaalchisuun ibseera. 'Philosophy is a broad area of knowledge that human beings at different times and places used to understand their destiny, their surroundings, their place in the system of nature, themselves and articulated their interests, aspirations and concerns in different ways and using different media/mechanisms'. Falaasamni aadaafi duudhaan hawaasichaa dubbiif raawwiin waan argamaniif waan barreessaan diraamicha keessatti gargaarame akka itti aanutti xiinxaleera.

**Yerooo: <u>Guyyaa</u>   Eddoo: <u>Mana Jireenyaa Roobsan</u>**

> **<u>Sifan</u>**: Amma ammaa yeroo yeroon tahee mitii mana kee kan deeddebi'uu?
> **<u>Roobsan</u>**: Free taanee akka taphannufi… guyyaa sadii moo afurii bar…
> **<u>Sifan</u>**: Guyyaa afraffaa kootii natti fakkaata… Obbolewwani fi harmee kee tasiftee na fiddee… "Maali tuni ija nyaattuun naan jedhuu.
> **<u>Roobsan</u>**: Mana jiraa yoon sin jedhee waan hin dhufneefi… Baay'ee si jaalatani jiruu… Harmeedhaa adadan bilbiluuf si nagaafattii
> (Scene 68)

Akka hafeen kun agarsiisutti akka aadaa hawaasa Oromootti dubartiin tokko osoo hineerumin mana kaadhimaa ishee dhaquun hinhayyamamuuf, qaaniidha. Kanaaf hafee armaan olii kun waa'ee hawaasichaa mul'isa. Siifan **obboleewwaniif harmee kee teessiftee na fiddee, 'maal tun ija nyaattuun kun**' naan jedhu jettee kan isheen sodaattu, hawaasicha keessatti namni waan akkasii raawwatu, osoo maatiin jiruu kaadhimamtuun tokko mana maatiisaa dhaquun

hafee ija jabaattee yoo itti mul'atte, dubartii salphoo jechuun maqaa itti baasu. Hinjaallatamtus. Kanaaf hedduu sodaatama. Akka aadaa Oromootti mana dhaquun haa hafuu daandiirrattillee irraa maqxee osoo ija keessa hin ilaalin dabarsiti. Hawaasa Oromoo biratti safuu guddaadha. Kanaaf ija nyaattuu jechuun nama safuu hinbeekne, nama nama hinsafeeffanne jechuudha. Kanaaf, hawaasichi aadaa gabbataa waan qabuuf kanneen akkasii akka sodaataman xiinxalamaniiru.

**Yeroo: guyyaa** **Eddoo: Odaa jala**

**Abbootii Gadaa** (nagaa gaafatanii) nooraa taa'aa. Mee gara maanguddoo maaltu si fide maaliif dhufte?

**Firaa'ol:** Egaa gara keessan kanan dhufeef miidhameeni. Namni Siinan jedhamu bahaaf gala na dhowwee, akka nuti hin hojjenne dhabnee anarra darbee haadha manaa koof obboleettii koo jeequudhaan nu rakkise jechuudha. Kanarra darbeemmoo dhangaa nuti qopheeffanni fira waliin gammachuutti jirrutti dhufee rasaasaan na rukutee na miidhe. Maarree nuti Oromoodha. Oromoon sirna Gadaa qaba. Kana maanguddoon biyyaa dhimma kana yoo nuuf ilaale wayya jedheen dhufe.

**Abbaa Gadaa:** kanaaf dhuftan jechuudha. Haa ta'u egaa isiniif gaafanna. Isaan waamnee isaan gaafannaa mee akkana nuuf ka'aa. Waan haftes yoo jiraate mari'adha.

Akka hafee kanarraa hubachuun danda'amutti, hawaasa kana biratti wanti beekamu waldhabdeen hammam gahu yoo jiraatellee furmaata barbaachaaf bakka fagoo hindeeman. Sirna Gadaa ofkeessaa waan qabuuf furmaataaf garuma isaaniitti deema. Sirni kun durumarraa eegalee osoo manni murtii ammayyaan hindhufin, sirnootni ammayyaa osoo biyya keessa hinseenin dursee waan jiruuf nagaa qe'eefi naannoo isaa buusuuf umurii dheeraaf itti gargaaramaa kan turedha. Waliin dubbii hafee diraamaa Kiyyoo kanarraas kan mul'atu qaamni miidhame Abbaa Gadaa biratti himachuudhaan waldhabdeen gidduu isaanii akka hiikamuuf akka murtii dhugaa kennaniifidha. Kanumatti fufuudhaan erga miidhama isaa himatee booda ''**maarree nuti Oromoodha. Oromoon sirna Gadaa qaba**''. jedhee kan inni dubbatuuf sirna Gadaa keessatti wanti kamillee hiikamuu akka danda'u kan agarsiisudha. Kanaaf, Oromoon falaasama bu'uura diimokirasii akka mul'ise xiinxalameera.

Maanguddoon biyyaas Abbootii Gadaa hawaasa keessa jiran hawaasichaaf akka abbaa murtiitti taa'ee dhugaa kan murteessudha. Kun kan agarsiisus hawaasni Oromoo sirna jabaa akka qabu agarsiisa. Ittuma fufuun haasaan abbootiin Gadaa gara dhumaatti dubbatan

‘’**kanaaf dhuftan jechuudha. Haa ta'u egaa isiniif gaafanna. Isaan waamnee isaan gaafannaa mee akkana nuuf ka'aa. Waan haftes yoo jiraate mari'adha**’’ jechuun yoo balleessaan gara keessan jiraates ofilaalaa jechuu isaaniiti. Sababnisaa namni soba dubbatee amansiifatu akkasumas murtaa’uuf hinjiru waan ta’eef. Abbootiin Gadaa himata isaanii walbira qabanii akka ilaalaniifis akka ta’uufidha. Kana malees wanti waraabbii keessatti mul’atu, bakki isaan taa’an Odaa jaladha. Aadaafi seenaa Oromoo keessatti Odaan akka madda nagaafi mallattoo eenyummaa, tokkummaa uummata Oromootti ilaalama. Faayidaa amantiifi siyaasa Oromoo keessatti qaburra kan ka’e Odaan mukoota jiran keessa baay’ee kabajamaadha. Kanaaf Odaan hawaasa Oromootiif galma, bakka araaraa, iddoo nagaa itti buusanidha. Kun diraamaa Kiyyoo keessatti akka eenyummaa hawaasichaa ibsuutti xiinxalameera. Kanumatti fufuun abbootiin Gadaa yeroo araarsuuf jedhan waadaa galchan ni qabu. Kanas akka fakkeenya itti aanee jirutti kaa’eera.

**Yeroo: guyyaa** **Eddoo: Odaa jala**

**Abbaa Gadaa** Mee gamanaayis gamasiis maanguddoo nuuf kennaa nama waadaa fudhatu walitti isin araarsina.
**Abbaa Gadaa** Egaa imaanaa sitti kenname kana ni raawwachiistaa?
**Yeroosan** Nan raawwachiisa
**Abbaa Gadaa.** Irraa hin hir'istuu?
**Yeroosan** Hin hir'isuu
**Abbaa Gadaa** Itti hindabaltuu?
**Yeroosan** Hindabalu
**Abbaa Gadaa** Dhugaan kun kan waaqaa lafaatii?
**Yeroosan** Kan waaqaa lafaati.
**Abbaa Gadaa** Hinmicciirrattuu?
**Yeroosan** Hinmicciirradhu.
**Abbaa Gadaa** Waaqa Odaa Nabeetii?
**Yeroosan** Waaqa Odaa Nabeeti.

Hafee diraamaa Kiyyoo kana irraa wanti hubatamu Abbootiin Gadaa Oromoo araara buusuuf adeemsa mataasaa ni qabaatu. Kan jalqabaa namoota waldhabdee qaban walitti fiduun dura kanneen isaanitti dhihoo jiraniin raawwata. Kana jechuun namoota rakkoo qaama lamaan gidduu jiru beekutu filatama. Sababnisaa taateen darbe akka irra hindeebineef waadaa seensisu. Akka fakkeenya kanaa oliitti waadaa abbootiin Gadaa galchan keessaa gaafataaf jaarsoliin qaama miidheef miidhame kan fudhatan firoomaaf haala walitti dhiheenyaa akkasumas hiriyummaa ilaalanii akka hinmurteessinetu xiinxalameera. Waadaan/kakuun

kunis **(hinhir'istuu, hindabaltuu, dhugaan kun kan waaqaa lafaatii, hinmicciirrattuu?)** jechuun kan gaafataniif akka haqa hindabsine, akka itti kennametti akka raawwachiisufidha. Waan itti kennameef himame namoota waldhaban kana walqixa ilaaluun osoo irraa hin hir'isin, itti hindabalin, akka araara buusan dhugaa waaqaaf lafaatiin waadaa galan. Gara dhuma fakkeenya dhumaatti ammoo waaqa Odaa Nabeetiin waadaa galchan. Odaan Nabee kan argamu Shawaa Bahaa keessattidha. Abbootiin Gadaa kunneenis akka diraamaa kanaatti Abbootii Gadaa Tuulamaati. Kanaaf Odaa Nabee jala taa'anii waadaa galchan. Jaarsoliin Odaa kana jala taa'anii waadaa fudhatanis akka hinhaalleefidha. Kanaaf akka waliigalaatti hawaasni Oromoo falaasama sirna Gadaa, duudhaa cimaa, aadaa boonsaa akkasii qabaachuu karaa diraamaatiin ofbeeksisuun isaa akka eenyummaa hawaasa Oromoo ibse xiinxalameera.

### 4.2. Tekinika barreessaan Ergaa Diraamaa Kiyyoo Itti kalaqe

Tekinika yookaan akkaataa barreessaan diraamaa tokkoo itti, waltajjii ykn foddaa televizyiniidhaaf ergaa isaa ittiin dabarfachuuf seenaa bifa hawwataaf miidhagaa ta'e uumuuf tekinikoota adda addaa fayyadamuu dandeessisan jiru. Tekinikoonni barreessitaan kun kalaqee ergaa isaa ittiin dabarfates kanneen itti aananidha.

#### 4.2.1. Akkaataa raawwiiifi yoomessa bifa ifaa ta'een kalaquu

Kana keessatti barreessaan diraamaa tokko taatee achi keessatti ta'u akkasumas raawwatu karaa ifaaf mul'ataa ta'een agarsiisa. Kana jechuun yoo kolfu, boo'u, gaddu, gammadu, nyaatuufi dhugu, taphatuufi wal lolu, bashannanu, bakka namfakkiin jiraatu yookaan jiraattu (mana isaanii) bakka bakka waliin dubbii itti taasisanfi fa'a mallattoo cuftuu keessa kaa'uun taatonni akka raawwataniif dhuheessaaf. Sababnisaa warreen kun kan namfakkiin agarsiisu malee kan dubbatu yookaan dubbattu waan hintaaneefidha. Mee armaan gadii irraa haa ilaallu.

**Yeroo: <u>galgala</u>** **Eddoo: <u>Mana Warra Siifan</u>**

(Bunni danfifamaa Meelaalaan shaashii hidhattee teessee jirti)

**<u>Dabrituu</u>**: Sareen kuni mucatti tiyyatti akka taphateen hin hafu

**<u>Siifan</u>**: Garuu bar adaadoo hojii Meeluus sirri mitii

**<u>Dabrituu</u>**: Ati immoojara deggaruu keetii

**Siifan**: Mitii… Sinaan wantii Biliisee godhe sirri miti

**Meelaalaa**: (Ariidhaan) Sigaha Sifan kuni hundii kan tahe sababa keetinii

**Siifan**: Animmoo maalin sigodhe?

(Scene 305)

Hafeen diraamaa armaan oliirraa akka agarsiisutti maaltu akka raawwatamaa jiruufi eenyu akka raawwataa jiru, akkasumas eessatti ta'uu ifaan mul'ata jiraachuudha. Kanaaf barreessaan yoomessa diraamichaa bifa agarsiifamuun kalaquu isaa sirriitti agarsiisa. Bakka kamitti maaltu akka ta'u nuuf agarsiisa. Jalqabarratti yoomessa ifatti kaa'eera. **Yeroo. galgala** ta'uufi bakkimmoo **'Eddoo: Mana warra Siifan'** (Mana Meelaalaa) fa'a ta'uu iskiriiptii irratti kaa'ee foddaa televizyiniitiin ammoo kallattumaan daawwattootaaf mul'iseera. Kana malees miirri namfakkii maal akka fakkaatu akkaataa raawwii beekuun tekinikoota barreessaan iskiriiptii diraamaa kana keessatti gargaarame ta'uun qorannoo kanaan xiinxaleera. Fakkeenyicha keessatti Siifan Meelaalaa gaafannaan akkamitti akka deebifteef nutti agarsiisa. Diraamichaafis baayyee murteessaadha. Kanaaf barreessaan cuftuu keessatti aariidhaan kan jedhu daawwataadhaaf gochaan iskiriiptii irratti ammoo barreeffamaan dhiheessaaf. Barreessaan tekinikoota kanatti gargaaramuun miira taatotaa, yoomessa akka agarsiisu xiinxalameera.

### 4.2.2. Waliin dubbiifi ofiin dubbiitti gargaaramuu

Tekinikni inni biroon akkaataa barreessaan barruu diraamaa qooddattootaaf yookaan/taatotaaf itti dhiheessuudha. Kun karaa lamaan ilaaluun ni danda'ama. Inni jalqabaa ofiin dubbiidha. Kana keessatti kan namni tokko qofaasaa daawwattoota fuulduratti osoo namfakkiin bira hinjiraatin ofiin haasa'udha. Kan lammataa ammoo waliin dubbiidha. Kun kan namfakkiileen lamaaf isaa ol ta'anii tokko gaafataa ta'ee kaan ammoo deebisaa ta'uun haasa'anidha. kanneen armaan gadiirraa ilaaluun ni danda'ama.

**Yeroo; <u>Guyyaa</u>** **Eddoo: <u>Biiroo Firaa'ol</u>**

**Meelaalaa**: /Gara biro Firaa'oolitti seenaa/ "Abaaramaa namaa fuula kee guyya guyyaan laaluun mataasatin adabbiidha… yaa Waaqayyoo maaloo karoora koo dafii fixaan naa baasitii namichaa abaramaa kanarraa nahiiki.

(Scene 56)

Hafee kana keessatti akkuma mul’atu, namfakkiin/taatoon (Meelaalaan) qofaasheen haasoftudha. Kun ofiin dubbii jedhama. Tekinika barreessaan itti gargaaramedha. Kan namni tokko rakkoo keessa galee furmaata barbaaduuf iccitiisaa ofkeessatti haasa’udha. Kana qofa osoo hintaane waan nama biraan dubbachuuf hinmijoofne keessoo ofiin buusanii baasuun mari'atanii murtee barbaadanidha. Kanaaf barreessaan diraamichas waan hawaasa keessa jiru hojii aartii kana keessa galchuun akka teekinika tokkotti itti gargaaramuu isaa qorannoo kanaan xiinxalameera.

**Yeroo: guyyaa** **Eddoo: Mana Meelaalaa**

**Meelaalaa**: (Imimmaan ishee haaqachaa) Obboo Firaa’ool Abbaa kee qofa osoo hin tahini Atis gahee qabda turee Abbaan koo yeroo du’uu abbaa kee wajjiin turtee Abbaan kee lubbuudhaan jiraatee gatiisaa keenufii baadhuus atii garuu gatii ni kafalta /Jetteni biroodhaa Baatii)

(Scene 29)

Hafee barruu diraamaa kiyyoo kana keessatti ofiin dubbiin Meelaalaan taasiftetu mul'ata. Ofiin dubbiin kunis qofaa ishee kan ofitti dubbattu namfakkiin garuu daawwattootni waan isheen haasoftu dhaggeeffatudha. Ergaan barreessaan ittiin dabarsuu barbaade akkaataa yookaan teekinika daawwattootni waan ta'uuf deemu itti adda baafataniif hubatanidha. Kanatti aansuun ammoo waliin dubbii nama lamaan taasifamu ilaaluun nidanda’ama.

**Yeroo; Sa’a laaqanaa** **Eddoo: kaaffee**

**Yeroosan**: Har'a immoo sitti bareedee jira
**Dureettii**: Galatoomii Yeroo
**Yeroosan**: Har'a wantan sitti himuun qaba
**Dureettii**: Maalinni?
**Yeroosan**: Anaaf si hiriyummaadhaan hanga nu gahuu turree jirra. Walbarree jirra. Akkuman sin jedhee wajjiin jiraachuuf waan sirreessun nurra jiruu akkuma jirutti tahee jarsa erguun barbaada

(Scene 57)

Hafee armaan oliirraa kan mul'atu ammoo waliin dubbii namoota lamaan taasifamedha. Diraamaa keessatti akkuma beekamu garri caalu waliin dubbii namoota lamaaf isaan oliin kan jaargochi ijaaramu. Diraamaa Kiyyoo keessattis haalaan akkaataa fakkeenya kanaa oliitti mul'atee jira. Hafee kana keessatti hiriyoonni (jaalalleewwan) lamaan haasaa waliin taasisaa kan jiranidha. Hawaasa bal'aa keessattis waliin dubbiin hiriyoota, maatii, sagantaa garaagaraa keessatti ni mul'ata. Kanaaf jaargocha diraamichaa dheeressuu keessatti barreessaan tekinika kanatti dhimma akka itti bahe qorannoon kanaan xiinxalameera.

**4.2.3. Mil'uu (Flashbackfi foreshadowing) agarsiisaa deema.**

Barreessaan diraamaa tokko kan itti gargaaraamu, teekinikoota garaagaraa fayyadameeti. Isaan keessaa mil'uufi mul'ata (flashback and flashforward) keessa galchaa seeneffama isaa daawwattootatti agarsiisaa deema. Mil'uun gara duubaa (flashback) jechuun seenaa yookaan taatee namfakkiin keessa darbe/dabarse mudannoof muuxannoo yaadaan duuba deebi'ee yaadatu jechuudha. Kan gara fuulduraa ammoo waan gochuuf karoorfate/tte yaadaan daawwattoota quba kan qabsiistudha. Barreessaan diraamaa Kiyyoos kanneen haala gaariin fayyadamee jira. Kana akka itti aanee jirutti dhiheessee jira.

**Yeroo: <u>guyyaa</u>** **Eddoo: <u>Mana Meelaalaa</u>**

/Meelaalaan daa'ima waggaa 13 yoo taatuu Sifan immoo daa'ima waggaa 10tii… Abbaa isaani wajjiin yeroo taa'aani nyaatan mul'aatuu… giddudhaan balballi nirukutama Meelaalaan figdee balbala bantii/

/Balbala irra Obboo Tolaa fi Firaa'ool (waggaa 20) dhaabbatani mul'aatuu postaa harkattii qabatanii), (Tolaan Abbaa Firaa'oolii)

**<u>Tolaa</u>**: Atii Enyuu?

**<u>Meelaalaa</u>**: Ani Meelaalaadha.

**<u>Tolaa</u>**: /Mira loolaatiin/ Enyuutuu maqaa kee sigaafetee… Atii Intala Fayyisaatii?

**<u>Meelaalaa</u>**: Eyyee

**<u>Tolaa</u>**: Abbaan kee hoo jiraa?

(Flashback for scene 29)

Hafee diraamaa kun akka xiinxalametti, akkaataa ajjeechaa abbaa ishee biiroo Firaa'ol keessa dhaabbattee itti yaadattu yoo ta'u, dhaamsi yookaan ergaan barreessaan ittiin dabarsuuf fayyadame kun taateen duraa sun akkamitti akka raawwate kan agarsiisudha. Kana jechuun ka'umsi imala ishee gara fuulduraaf sana ta'uu agarsiisa. Itti dabaluun namni kamuu sababa tokko malee gara kuteenyaan waa tokko gochuuf akka hindeemneef, hinbarbaadne

hubachiisa. Karaa ka'umsa rakkoo/seenaa tokkoo akka namni gadi fageenyaan hubatu taasisa. Kanaaf mil'uun (flashback) tekinika diraamaa keessaa tokko ta'ee kan barreessaan daawwattootatti ka'umsa waan tokkoo itti himaa deemu ta'uu qorannoo kanaan xiinxalameera.

**Yeroo: <u>guyyaa</u>** **Eddoo: <u>konkolaataa keessatti</u>**

(Meelaalaa fi Firaa'ool koonkolaataa dhaabani hasahuu)
**<u>Meelaalaa</u>**: Anis baay'een sijaaladha bareedaa koo… ni dhufa mana Fincaani gahee… /kaatee deemtii/
**<u>Firaa'ool</u>**: Bilbillisaa ni iyya…
(Bilbilli Firaa'ol Scene 191 102B Flashback ni gala)
(Scene 102)

Hafeen armaan olii kunis, tekinika barreessaan yaada scene 102 irratti mil'uu gargaarame kana keessa jiruun walqabsiisee gara fuulduraatti (flashforward) agarsiisuuf gargaaramedha. Kan amma scene 102 keessa jiru kun scene 191 keessatti kan agarsiifamu kan ta'edha. Kunneen kan daawwattoonni kan darbeef kan gara fuula duraa walqabsiisuun yaadatan taasisa. Ergaan guddaan barreessaan tekinika kana kana fayyadameef dandeettii yaadachuu nama tokkoof akka gargaaruuf ta'uu mala. Sabanbisaa taateen kutaa kana keessatti agarsiifame kan fuulduraa sanaa waliin waan walqabsiifamuufidha. Karaa biraatiin dhaamsi askeessa jiru, tekinika kanatti gargaaramuun taateen tokko sababa tokko malee yookaan duuba gocha tokkoo waa akka jiru akka namni hubatuuf akka gargaaru qorannoo kanaan bira gahameera.

### 4.2.4. Waldiddaa

Waldiddaan lafee dugdaa caasaa diraamaa yoo ta'u, dubbii gara fuulduraatti kan oofuufi daawwattoota fuudhee gara fuulduraatti deema. Seeneffama bocee umurii itti dheeressa. Daawwattootni furmaata akka xiinxalan taasisa. Taatee jalqabaa irraa kaasee hanga fiixeefi furmaataatti, waldhabdeen seenaa sadarkaa adda addaa keessa darbuun daawwattoota keessatti miira sodaa, gammachuu, naasuu, gadda uumuun keessa isaaniitti kakaasaa deema. Kanaaf diraamaa Kiyyoo keessattis akkaataa itti aanee jiruun kalaqamee akka jiru xiinxalameera.

Yeroo: <u>guyyaa</u> Eddoo: <u>kaaffee</u>

(Meelaalaan mana cisiichaa keessa asif achii jetti Firaa'ool immoo shaawurii fudhata)

**Firaa’ool**: (Osoo Firaa’ool kaaffeedhaa dhuguu Meelaalaan seenti.) Damma tiyya jirtaa? Siifan faatti himtee mitii boru akka dhufa?
**Meelaalaa**: Lakkii itti hin himnee
**Firaa’ool**: Maalif Meeluu?
**Meelaalaa**: Sababnisaa inni kuni dursuu waan qabuf (jettiin waraqata boorsaa ishii keessaa baasaa)
**Firaa’ool**: Maal inni Meeluu? (Waraqaticha yeroo dubbisuu rifaatuudhaan) Meeluu!
**Meelaalaa**: Akkuma dubbistee… akka wal hiknuu mana murtiitti si himadheen jira….

Scene 255

Waliin dubbii Meelaalaafi Firaa’ol fa’aa irraa waldhabdeen yeroo uumamutu kan agarsiisudha. Kanaan dura dhimma jaalalaa yaada haadha manummaaf abbaa manummaa irraa kan hafe hinjiru. Kun ammoo kalaqa barreessaan tekinika ittiin diraamicha waldiddaa gara fuulduraatti ittiin fullaafachiisuuf gargaaramedha. Bakka kanatti iddoo waldiddaan fiixeerra itti gahedha. Sababnisaa isaan dura jaalalarraa kan hafe walitti bu’insi hinjiru. Isheen waraqaa gaa’ela hiikkaa mana murtiitii erga itti fiddee deebitee isa waliin hinjiraanne. Kana malees akka itti aanutti dhihaateera.

**Yeroo: <u>guyyaa</u>** **Eddoo: <u>kaaffee</u>**

**Meelaalaa**: Amma homaa naan hin jedhiin calisii nadhageeffadhu… Ani sijaaladhee hin beekuu cufaa ani baay’een si jibba
**Firaa’ool**: Maal?
**Meelaalaa**: Eyyeeni… Niyaadattaa abbaankee mana keenya dhufee abbaa kiyyaan maallaqa fidduu malee jedhee yeroo inni dhiphisuun atis wajjin turtee…
**Firaa’ool**: Meeluu kanaaf atii kan naheerumtee gadoo san bahufii
**Meelaalaa**: Eyyeni… Abbaan kee maallaqaaf jedheni abbaa koo ajjesse… Ani garuu isin hin ajjesuu yoo xiqqaatee maallaqa ittin boontan sana isinirraa fudhachuun yoo lubbuu abbaa kootii deebisuu baadhees boqqonnaa argadha

(Scene 255)

Hafee diraamaa kana keessaa wanti nuti hubannu, olka’insi waldhabdee lamaan isaanii gidduu jiru olguddataa yeroo deemudha. Waldiddaan kunneenis sinjaaladhaa, sinjaaladhuudha. Kanaafuu hafeen diraamichaa seenicha dheeresuun daawwattoota gara fuulduraatti harkiseera. Kun ammoo tekinika barreessaan diraamicha gara fuulduraatti dheeressuuf itti gargaarame ta’uun xiinxalameera.

**Yeroo: <u>Ganama</u>** **Edoo: <u>Mana Firaa’ol</u>**

**Sinaan**: Bilu! Bilu… /Firaa’ool yeroo laaluu/ Firoo hin qophoofne sa’aan gahee jiraa bar… Biluun hoo?
**Firaa’ool**: Ni dhaqabna taa’i

**Sinaan**: /Sa'aa laalaa/ Biluun hoo eessa jirti
**Firaa'ool**: Biluun hin jirtuu gadii baatee jirtii nidhufti
**Sinaan**: Ih maal jechuudha Sa'aan itti walif mallattessinu gahee jira ragonni dursani demani jiru
**Firaa'ool**: Gara mana isaanitti akka deebi'aan itti himii
**Sinaan**: Firaa'ool maal inni maaltuu ummame
**Firaa'ool**: Ih…. Maalif Meelaalaa waamtee walif hin mallatteessine
**Sinaan**: /Rifaatuudhaan/ maal?
**Firaa'ool**: Ih… eyyeeni kaayyoon keessan qabeenya gara kootiin dhabdan gara Biluutin qoddachuu mitii?

(Scene 300)

Waliin dubbii hafee diraamaa armaan olii akka xiinxalametti diraamaa tokko keessatti namfakkiilee, yoomessa, jaargocha garaagaraatin waan dhihaatuuf diraamaa kiyyoo keessattis waldiddaa bakkeewwan garagaraa keessatti mul'atan arguu dandeenya. Kan armaan gadii kun akka mul'isutti waldiddaa Siinaniif Firaa'ol gidduutti uumamedha. Akka xiinxala kanaatti mala malamaa turetu bakka itti diigamedha. Siinan Bilisee kaadhimmachuudhaaf yeroo fuuchuu dhufu Firaa'ol ammoo harkatti diduun isaa waldiddaa lamaan isaanii gidduutti uumame kan agarsiise qorannoon kanaan xiinxalameera. Kana keessattis daawwattootni maaltu uumama itti aanee hoo yaada jedhuun ofitti harkisa. Kanaaf akka waliigalaatti waldiddaan teekinikoota barreessaan itti gargaaramee keessaa tokko akka ta'e xiinxalameera.

## 4.3. Ergaawwan Diraamaa Kiyyoo Haala Jireenya Hawaasa Calaqqisiisan

Akka qorannoo kanaatti diraamaan Afaan Oromoo hundinuu hawaasa Oromoo karaa baayyeedhaan ibsuuf calaqqisiisuu danda'eera. Ergaawwan diraamaa Kiyyoo dabalatee karaa Ogbarruu, tiyaatiraa, fiilmii, dabalatee karaa kamiinuu kan dabarfaman/dhihaatan akka daawwitii hawaasaatti haala jiruuf jireenya hawaasichaa calaqqisiisaniitti tajaajilu. Kan jalqabaa dhimmoota yaaddoowwan hawaasaa bal'inaan mul'atan irratti kan xiyyeeffatedha. Isaanis kanneen akka dhimmoota seenaa, haaloo/gumaa bahachuu, haala hariiroo hawaasummaa, dinagdee, dhimmoota siyaasaa, jaalala, waldhabdeefi akkaataa itti rakkinicha furan duudhaa hawaasichaa sirna Gadaatiin waldhabdeen akka furamuufi wantoota hawaasicha keessa jiran waan ta'eef sirriitti calaqqisiiseera.

Kanaan walqabatee hawaasni Oromoo addunyaarraa wanta inni ittiin adda ta'us Afaan isaafi sirna Gadaa bu'uura diimokiraasii qabaachuu isaati. Diraamaa Afaan Oromoo Kiyyoo keessattis warri gumaa qaama seeraa bira osoo hindeemin nagaan akka bu'u gochuun

eenyummaa hawaasa Oromoo mul'iseera. Dabalataan ergaan diraamaa Kiyyoo hawaasicha ibsuu keessatti qabu dhimmoota aadaati. Kan beekuufis ta'ee kan hinbeekneef barsiisuuf beeksisuu keessatti gahee guddaa taphateera. Namni kamuu ilaalee mirkaneeffachuu kan danda'u, kaaffeewwan, biiroon, bakkeewwan keessatti hojjetaman kan suuraalee hawaasicha calaqqisiisaniin miidhagfamee kan jirudha. Kun calaqqee hawaasichaa keessaa isa tokkodha.

Kallattiin ittiin dhihaates Afaan Oromootiin hojjetamuun isaa uummaticha ibsuu keessatti calaqqee isa guddaadha. Yeroo ammaa kana sadarkaa guutuu addunyaatti hojii aartiitiin waldorgommii guddaa irratti argama. Kanaaf diraamaan kun barruun iskiriiptii isaafi Afaan ittiin Televizyinii OBN irratti dhihaates Afaan Oromootiin waan ta'eef guddina Afaaniif aartii Oromoo hedduu achi buteera. Faayidaan diraamaa immoo guddina afaaniif aadaa hawaasaa agarsiisuudha. Yeroo karaa foddaa televizyinii agarsiifamu haala dhihaannaaf miidhagina diraamichaatiin hawwattummaa akka argatu taasisuun dhihaata. Inni biraan haala jiruuf jireenya hawaasa Oromoo guyyaadhaa guyyaatti waan muuxannoof mudannoo akkasumas wantoota irraa baratamuu qabu haala gaariin agarsiiseera. Kanaaf dhimmoota garaagaraa qabatee waan dhihaateef (kanneen hawaasicha keessa jiran kan akka, aadaa, dinagdee, gadoo duudhaafi falaasama Oromoo) maalummaa uummatichaaf haala hawwataadhaan calaqqiiiseera.

Ittuma fufuun diraamaan Kiyyoo kun maalummaa uummatichaa qaama seeraa mataa isaa dhaabbatee hamma gumaa walitti araarsuutti akkamittiin akka furatuuf falaasamaaf duudhaa guddaa hawaasicha calaqqisiisuu keessatti gahee isaa bahateera. Duudha hamma kana gahu hawaasa Oromoo bira darbee sabootni biroollee akka irraa barachuu danda'anitti barnoota guddaa kenneera. Kanaaf maalummaa sabichaa ibsuu keessatti gahee hedduu taphateera.

Walumaagalatti qorannoon kun boqonnaa kana keessatti xiinxala ergaa diraamaa Afaan Oromoo Kiyyoo irratti bal'inaan gaggeesseera. Ergaan ijoo gama gadoo yookaan haaloo bahuutiin gumaa yookaan gadoo bahuuf yaaluun miidhaa malee bu'aa akka hinqabneefi waldhabdeen yeroo jiraatu gadoon bahadha jechuu dhiisanii karaa nagaan araara buusuun hunda caalaa filatamaa ta'uutu xiinxala kanaan bira gahameera. Gadoon bahadha jechuun miidhama biraa keessa seenuun waan jiruuf kana yaadee namni hundi karaa abbootii Gadaatiin yookaan jaarsolii naannootiin araara buusuun barbaachisaa ta'uu dhaameera. Kanatti dabaluun ergaawwan xixiqqoo achi keessatti argaman kanneen akka seenaa,

hawaasummaa, waldhagettii dhabuu, jaalalaa, dinagdee, inaaffaa fa’aa maal akka agarsiisan xiinxalamaniiru. Ittuma fufuun tekinikoota barreessaan diraamaa kana keessatti itti gargaarameefi ergaan diraamaa Kiyyoo hangam haala jiruuf jireenya hawaasummaa akka calaqqisiise irratti xiinxallin gaggeeffameera.

# BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

## 5.1. Cuunfaa

Qorannoon kun xiinxala ergaa diraamaa Afaan Oromoo Kiyyoo barreessaa diraamichaa Yiggarramuu Taammanaatiin bara 2013 kan barreeffameefi bara 2014 hanga 2016tti karaa televizyinii OBN darbaa ture irratti kan gaggeeffamedha. Qorannnichis boqonnaalee shan kan ofkeessaa qabudha. Innis yaaxina hawaasummaa gargaaramuun kan xiinxalamedha. Kaayyoon qorannichaas ergaa diraamaa Afaan Oromoo Kiyyoo keessa jiran yaaxina hawaasummaatiin ergaan isaa maal akka ta'e xiinxaluu waan ta'eef kaayyoo kana galmaan gahuuf ammoo, mala qulqulleeffataatti dhimma bahameera.

Kanaaf mala qulqulleeffataa gargaaramuun ragaaleen dhihaatan xiinxalamaniiru. Ragaaleen qorannoo kana keessatti xiinxalamanis kanneen diraamaa Kiyyoo keessatti argaman ergaa ijoo diraamichaa kan jalqabaa kaasee hanga dhumaatti jaargocha diraamichaan dhuma irratti furmaata itti argate haaloo yookaan gumaan faayidaa yookaan bu'aa kan hinqabne ta'uutu xiinxalame. Ergaan akka waliigalaatti dabarsus, namni kamuu taatee ta'ee darbeef deebisee haaloo bahachuu osoo hintaane karaa nagaatiin miidhaa dabalataa osoo hinuumin gaaga'ama biraa osoo hindabalatin karaa nagaa furmaata itti kennuun gaarii akka ta'edha. Sababnisaa dhumarratti miidhama guddaa booda araarri bu'uun waan hin hafneef yeroon gara nagaatti deebisuun eenyuufuu barbaachisaa akka ta'e xiinxalameera. Dabalataan ergaan xixiqqoon gama seenaa, dinagdee, hawaasummaan, iccitiin, jaalalaan, inaaffaatiin, falaasamaa/aadaa akkasumas duudhaafi haalota jiruuf jireenya hawaasaa mul'isan diraamichaa keessatti dhimma itti bahe xiinxalamanii jiru.

Kanaaf barreessaan diraamaa kanaa waan hawaasa bal'aa kana keessatti argamu, haala miidhagaadhaan hawaasaaf dhiheessuudhaan daawwattoota isaa bohaarsaa ergaa bal'aa dabarsaafi, hubannoo kennaa jiraachuu xiinxalamee jira. Kan lammaffaa tekinikni barreessaan diraamaa kana ittiin kalaqes namfakkii bocuun, waliin dubbiifi ofiin dubbii, kutaa diraamaa kana keessatti mil'uu gargaaramuun (flashback and flashforward) agarsiisuun, mallattoolee (symbolism)fi kan kana fakkaatan garaagaraa fayyadamuun waliigala

diraamichaa kalaquun isaa xiinxalameera. Akka waliigalaattis ergaawwan kunneen hammam akka hawaasicha calaqqisiisan xiinxalameera.

## 5.2. Argannoo

Qorannoon kun kaayyoo qorachuu barbaadeef xiinxaluu barbaade qaba. Kaayyoon isaas ergaa diraamaa Afaan Oromoo 'Kiyyoo' keessatti argaman kallattii garaagaraatiin jiran maal fa'a akka ta'an as keessatti xiinxalameera. Kana irratti hundaa'uudhaan Ogbarruun hawaasa addunyaa kanaaf agarsiiftuu akka taate, akkasumas jiruuf jireenya hawaasa Oromoo calaqqisiisuu keessatti daawwitii guddicha. Diraamaa afaan Oromoo keessaa Kiyyoo irratti xiyyeeffachuun argannoon qorannoo kanaa akkaataa itti aanee jirutti ibsameera.

- ❖ Ergaan ijoo diraamichaa namni deebisee gadoo walirratti bahachuu (kiyyoo keessa walgalchuu) akka hinqabneefi gadoo gidduu isaanii jiran abbootii Gadaa yookaan jaarsolii biyyaa biratti nagaa buusuun furmaata kaa'uun dhimma barbaachisaa akka ta'edha.
- ❖ Kan lammaffaa ammoo ergaawwan xixiqqoon diraamaa Kiyyoo keessatti mul'atan gama seenaan, hawaasummaan, dinagdeen, jaalalaan, inaaffaa agarsiisuun, akkasumas falaasama, aadaafi duudhaa hawaasichaa kan ofkeessatti calaqqisiise xiinxalameera. Askeessatti seenaan ta'ee darbe dhugaaf soba yookaan dogoggoraaf sirrii ta'uu dursinee adda baasuu akka qabnu akeeka.
- ❖ Kan sadaffaa ammoo tekinikoota barreessaan iskiriiptii diraamaa tokko keessatti itti gargaaraman kanneen akka  akkaataa raawwiiifi yoomessa bifa ifaa ta'een kalaquun, ergaa isaa ittiin dabarfachuu danda'eera.
- ❖ Ergaawwan diraamaa Kiyyoo akka daawwitiitti haala jiruuf jireenya hawaasichaa calaqqisiiseera.

## 5.3. Yaboo

Jiruuf jireenyi hawaasa bal'aa tokko suuta suuta dabalaa guddachaa jijjiramaa deema. Kan raawwatamee darbu ammoo seenaa saba sanaa ta'uudhaan dhaloota dhufuuf kaawama. Hojiin aartii ammoo jiruuf jireenya hawaasichaa kan darbeef gara fuulduraa ibsuu keessatti gahee olaanaa qaba. Isaan keessaa diraamaatti gargaaramuun waa'ee hawaasaa ibsuuf ifa gochuun ergaa garaagaraa kan barateef hinbaranneef gurraan dhaggeeffachuun akkasumas ijaan taatee

raawwatamu ilaalaa akka irra baratuufidha. Kanaaf diraamaan faayidaa hedduu kan qabuuf barreessaanis diraamaa dawoo godhachuun dhaamsa dabarsuu barbaade hawaasa karaa taatotaan hawaasa biraan gahuuf kan dhamahudha.

- ✓ Barreessitoonni diraamaa Afaan Oromoo bal'inaan irratti hirmaachuun hojii aartii Oromoo irra caalaatti osoo guddisanii gaariidha.
- ✓ Qorannoon kun diraamaa Afaan Oromoo Kiyyoo irratti xiinxalliin ergaa geggeeffameera. Gara fuula duraatti diraamaa kanaaf kan kana fakkaatan irratti mata duree garaagaraatiin qorannoon biraa osoo geggeeffamee gaariidha.
- ✓ Hawaasni Oromoo bal'inaan barreessitoota aartii Oromoo cina dhaabbachuun deeggarsa barbaachisu taasisuun guddina aartii, Afaan ofii guddisuu keessatti gahee isaa osoo bahatee gaariidha.
- ✓ Waajjiraaleen Aadaaf Tuurizimii Oromiyaa keessa jiraniif qaamonni dhimmi ilaallatu deeggarsa barbaachisu daran gochuun aartii Oromoo cimsuu keessatti yoo hirmaatan baayyee barbaachisaafi murteessaadha. Sababnisaa nageenya tiksuuf, dinagdee guddisuuf, guddina Afaaniif, rakkoo furuu keessatti gahee olaanaa waan qabuufidha.
- ✓ Miidiyaalee hawaasaa babal'isuunillee baayyee barbaachisaadha. Kanaaf qaamoleen dhimmi kun ilaallatu xiyyeeffannoo akka godhan qorannoon kun niakeeka.
- ✓ Aartistoonni dandeettii barreessuuf hojjechuu qabanillee bal'inaan osoo kanneen hojjetaa jiran waliin ta'uun itti makamuun waldeeggaraa waljajjabeessaa aartii, aadaa, duudhaa, Afaan Oromoo guddisuu irratti waliin hojjetanii hawaasni martis cina dhaabbachuun jajjabeessee aadaa, afaan uummatichaa olbutanii baayyee barbaachisaadha.

## Wabiilee


Adams, J.A. (1971) *A social criticism Theory of Motor Learning*: Journal of Motor Behavior, Ahmadu Bello University press.

Alamituu Olii, (2012). *Ogbarruudhaan afaan barsiisuu*: Yuunivarsiitii Jimma, Heritage printing & trading plc.

Aldana, C. (2004). *Can media regulation help in the Search for equality Media Development*: Journal of the World Association for Christian Communication, Volume 4/2004: 58-61.

Ashagrie, A. (1996). Popular theatre in Ethiopia. *Ufahamu: A Journal of African Studies*, *24*(2-3).

Bae, B. C., & Young, R. M. (2008). A use of flashback and foreshadowing for surprise arousal in narrative using a plan-based approach. In *Interactive Storytelling: First Joint International Conference on Interactive Digital Storytelling, ICIDS 2008 Erfurt, Germany, November 26-29, 2008 Proceedings 1* (pp. 156-167). Springer Berlin Heidelberg.

Bernard Spolsky & Francis M. Hult, (2006). *Encyclopedia oflinguistic*: Blackwell Publishing Ltd

Berscheid, E. (2006). Searching for the meaning of "love". *The new psychology of love*, *171*.

Bessa, T. T. (2013). A History of Oromo Cultural Troupes (1962-1991). *Science, Technology and Arts Research Journal*, *2*(1), 86-94.

Bhugra, D. (1993). Cross-cultural aspects of jealousy. *International Review of Psychiatry*, *5*(2-3), 271-280.

Blajin, C., & Duhlicher, O. (2015). Identifying plot techniques: flashback, flash-forward and foreshadowing in a narrative. In *Știință, educație, cultura* (Vol. 2, pp. 14-17).

Bryan, (2023). *Drama Interpretation*: Writing Center Spring, Blinn College.

Christopher B. Balme (2008, f. 1). *Introduction to Theatre Studies:* Cambridge University Press.

Dastaa Dassaalany. (2002). *Bu'uura Qorannoo. Finfinnee*: Mana maxxansaa Boolee.

Dhaabaa Wayyeessaa, (2023). *Dukkanaan Duuba, Jennaanfi Faana Miilaa:* Finfinnee (Addis Ababa) Ethiopia: Daystar Printing press.

Dukore, B. F. (1974). *Dramatic Theory and Criticism*: Greek to Grotowsky. New York: Holt

Elsevier, (2013). *New Approaches in the Analysis of the Contemporary Dramatic Character*:

Finneran, M. (2021) *Critical Themes in Drama*: Social, Cultural and Political Analysis in Drama. Abingdon, Oxon.: Routledge.

Gray, J. (1992). *Men are from Mars and women are from Venus*: A practical guide for improving communication and getting what you want in your relationship. New York: Harper Collins.

Gessesse, M. (2010). *A Semoitic Critical Discourse Analysis of Selected Amharic Films of Ethiopia*: With Reference To_ ZUMRA 'and_ SEMAYAWI Feres. Addis Ababa University.

Gutemaa, B. (2021). The Gadaa system: A philosophical appraisal. *Gadaa Journal*, 4(1), 64-79.

Hamlin, A. P. (1991). Rational revenge. *Ethics*, *101*(2), 374-381.

Henry, M. (2000). *Drama Ways of Learning*: The Journal of Applied Theatre and Performance, 5(1), pp. 45-62.

Honneth, A. (2005) *Handbook of Critical Theory*: A Recognition- Theoretical View, in: Tanner Lectures on Human Values, Berkeley

Iwashita C. 2008. *Roles of fi lms and television dramas in international tourism*: the case of Japanese tourists to the UK. Journal of Travel & Tourism Marketing 24(2/3):139

Jaysinh B (Dr.), Zala. *Subject Social Science:* International Journal of Research in Humanities and Social Sciences Vol. 1, Issue:5, July2013

Joseph Agofure, Historical-*Drama and Society*, the Factual and the Artistic Ingenious: Appraisal of Femi Osofisan's Women of Owu

Journal of Literature, Languages and Linguistics Vol.61, 2019 79. *Drama and Theatre* University Uli, Anambra State, Nigeria

Kimbal King, (2007). *Modern Dramatists.* Lumen International Conference Logos Universality.

Madonna Therese (2014) *Drama Literacy*: In-definite Articles Griffith University press.

Maqdas Baqqalaa. (2011). *Xiinxala Ergaa Walaloo Anaaan"yaa:* Yuunivarsiitii Jimmaa

Meyer, L. (2005). *Compact Bedford Introduction to Literature*: Reading, Thinking, Writing

Moemeka, A. (2009). *Local Radio community Education for Development Zaria*:

Mohammed Jasim. (2015). *An Introduction To Drama*: University Of Thiqar

Önder, A. (1999). *Yaşayarak Öğrenme İçin Eğitici Drama:* Kuramsal Temellerle

Onyeka Iwuchukwu, (2008). *Elements of Drama.* National Open University of Nigeria Lagos. Reinhart and Winston.

San, İ. (1991a). *Eğitimde Yaratıcı Drama (Creative Drama in Education)*. Ankara

Sandra Kelly, (2015), *Introduction to Literature*. Virginia Beach, Virginia: Lumen Learning

Scholes, R. and C. H. Klaus (1971). *Elements of Drama*. New York: Oxford University Press.

Somers, J. (2002). *Drama making as a research process*. Contemporary Theatre Review,

Stephen Orgel (1979) *Kinds of Drama*: Critical Inquiry. Vol. 6, No. 1 Üniversitesi Eğitim Bilimleri Fakültesi Dergisi.

Thery, R. (2013). What is so Bad about Revenge? In *What is the Problem with Revenge* (pp. 17-26). Brill.


Waaqjiraa Taaddasaa (2014) *Xiinxala ergaa walaloowwan kitaabilee "Bishaantu dheebotee fi karramoo karaadha? Kan hin maxxanfamne*

Wyche, S., Sengers, P., & Grinter, R. E. (2006). Historical analysis: Using the past to design the future. In *UbiComp 2006: Ubiquitous Computing: 8th International Conference, UbiComp 2006 Orange County, CA, USA, September 17-21, 2006 Proceedings 8* (pp. 35-51). Springer Berlin Heidelberg.

Yimer, D. M. (2019). *A Critical Discourse Analysis of Ethiopian Amharic Movie Entitled 'Teza'.* Dire Dawa University, Ethiopia. IEEE-SEM Publications.

Yoomiyyuu Mul'ataa, (2014). *Du'a Gurraacha*: Elele Printing Press P.L.C

## Dabalee


Diraamaa Kiiyyoo: Barreessaan: Yiggaramuu Taammanaa

# Diraamaa Kiiyyoo

Barreessaan: Yiggaramuu Taammana

Camsaa 2013/2021

Finfinnee,Itoophiyaa

+251-973-07 07 07 / +251-910 19 07 95

E-mail aanaatube@gmail.com

Dabalee B

Cheekilstii gaaffilee qorannoo

1. Ergaan yookaan dhaamsi maali?

2. Ergaan ijoo diraamaa Afaan Oromoo Kiyyoo kami?

3. Ergaawwan xixiqqaan ergaa ijoo gabbisan kam fa'a?

4. Wantoonni diraamaa keessatti mul'atan dhugaa hawaasa keessa jiru ibsuu danda'a?

4. Tekinikoonni barreessaan ergaa isaa dabarfachuuf dhimma itti bahe kam fa'a?

5. Haalli jiruuf jireenya hawaasaa maal fakkaata?

6. Barreessaan diraamichaa akkamittiin haala jiruuf jireenya hawaasaa calaqqisiise?